

XIINXAALA DHIYAANNAA AFOOLAA KITAABA BARNOOTA
AFAAN OROMOO KEESSATTI(KUTAA KUDHA-TOKKOOFI
KUDHA-LAMAA KAN BU'UUREFFATE)

ABBABAA GABBISAA KUMSAA

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) AFAAN
OROMOO BARSISUUF GAMISAAN GUUTTACHUUF
DHIHAATE

MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFU FOOKLOORII

KOLLEEJII NAMOOMAA, QO'ANNOO AFAANOTAA,

JOORNAALIZIMIIFI QUUNNAMTII

YUUNIVARSITII FINFINNEE

WAXABAJJII 2010/2018

FINFINNEE

Yuunivasiitii Finfinnee

Dhaabbata Digrii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digrii Lammaffaa(MA) Afaan Oromoo barsiisuuf guuttachuuf
Abbabaa Gabbisaatiin mata duree: *xiinxala dhiyaannaa afoolaa kitaaba barnoota Afaan
Oromoo keessatti(kutaa kudha-tokkoofi kudha-lamaa kan bu'ureffate)* jedhu irratti qophaa'e
sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitin kaa'e guuteera.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Qoraa Keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Gorsaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa Muummee ykn Walitti qabaa sagantaa digrii Lammaffaa(MA)

Axereeraa

Qorannoon kun xiinxala dhiyaannaa afoolaa kitaabaabarnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkofi kudha-lama irratti kan fuulleffateedha. Ka'umsi qorannoos afoolli Oromoo akkuma qabiyyee afaanii, ogummaa afaaniifi afoolaa haala itti kitaabilee barnoota afaanii keessatti dhiyaatu kan mataa isaa danda'e barbaada. Haaluma kanaan, haala dhiyaannaa afoolaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkofi kudha-lama keessatti jiru ilaalchisee ciminaafi hanqina mul'atan adda baasuufi. Kaayyoo gooron qorannoo kanaa haala dhiyaannaa afoolaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkofi kutaa kudha-lammaa xinxaaludha. Kaayyoowwan gooree qorannoo kanaa keessaa inni tokko sadarkaa kutaa kudha-tokkoofti kudha-lamaatti goorowwan afoolaa kitaaba barnoota afaanii keessatti haala kamiin dhiyaachuu akka danda'an adda baasudha. Qorannoo kana gaggeessuuf mala qorannoo akkamtaatti (qualitative research method) hojiirra oolee jira. Mala kana bu'uura taasifachuun tooftaa odeeffannoo funaanuu mata duree qorannoo waliin walsimu kanneen akka qaaccessa qabiyyee kitaabaa , afgaaffiifi daawwannaa daree gargaaramuun ragaaleen qorannichaa funaanamaniiru. Odeeffannoon sassabames akkataa walitti dhiyeenya isaaniitiin qoqooduudhaan qaacceffamaniiru. Bifuma walfakkaatuun qorannoon faffaca'iinsafi haala dhiyaannaa afoolaa boqonnaalee kitaabilee lamaanii hunda keessattfi gilgaalota afoolan walqabatanii jiran kan xiinxallamaniidha. Bu'aaleen qorannichaan argaman akka mul'isanitti, afoolli kitaaba afaanii keessatti barnnoon jirachuun ogummaawwan gurguddoo afaanii, hiika jechootaafi caasluga ittin dhiyeessuurratti hanqina qabaachutu mul'ata. Gilgaalonni kitaaba barnootaa keessatti argaman malaafi shaakala akkataa qajeelchi barsiisaa jedhuun kan hindhiyaanne ta'uu agarsiisa. Haalli dhiyaannaa kitabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkofi kudha-lamaa dhiyaannaa waliigaltee hordofuun kan hin dhiyaanne ta'uu mu'isa. Kana malee, qabiyyeewwan kitaabaa keessatti argaman akkataa qophii afaan lammaffaa hordofuun kan dhiyaanne ta'uu agarsiisa. Rakkolee kanaaf furmaannii, afoolliifi qabiyyeewwan biroo barnnoon qoqqooduun osoo dhiyaachuu baatanii. Gilgaloonni afoolaan walqabatanii kitaaba keessa jiran akkaataa qajeelchi barsiisaafi sirni barnootaa jedhuun osoo dhiyaatanii. Kitaabni barnoota afaanii haala dhiyaannaa waliigalteetiin akkaataa qophii afaan tokkoffaa hordofuun osoo qophaa'ee kan jedhuufi yeroo kitaabni barnoota afaanii qophaa'u ogeeyyii afaaniifi ogeeyyiin fookilorii irratti hirmaachisuun osoo qophaa'ee kannneen jedhan yaboo jalatti eeramaniiru.

Galata

Hunda dura qorannoo kana jalqabsiisee kan naxumuursise galanni Waaqayyoof haata'u . Kan biroo immoo, yammuun qorannoo kana gaggeesu deegarsa barbaachisu hunda taasisuun yeroo qabanirraa naaf ramadanii kallattii naqabsiisuun kan na gorsaa turan gorsaakoo Dr. Dastaa Dassaalanyiif galatafi ulfna guddaan isaaniif qaba.

Gama biraatin, waajjirra barnoota aanaa Tolee deeggarsaa barbaachisu hunda naaf tassisuun nacinaa waan dhabbateef osoo hingalateeffatiin bira hindarbu.

Kana malees, namoota maallaqaafi yaadaan na deeggaraa turan haadha koo Adde Gannat Abarraafi Barsiisaa Tolasaa Tasfaayee nan galateeffadha.

Akkasumas, yeroo barnoota koof jedhee isinirraa fagaadhee jirutti, yeroofi jaalala maatiin tokko abbaarraa barbaadu isindhorkadhee yeroon isiniif kennuu qabu barnoota kanaaf kannee baradhutti nahubachuun obsaafi yaadaan nadeeggaraa kan turtan ijoolleekoo Kanariyaan Abbabaafi Eebban Abbabaa naa guddadhaa jechuun barabaada.

Dhumarratti, yeroon barachaa jirutti maatii akka abbaafi haadhaa taatee guddisuutti dabaltee deegarsa naaf barbaachisu hunda kan naaf taasisaa turte hadha manaakoo Barsiiftu Haannaa Girmaa galata guddaa nabiraaqabdaati galanni onnee koorraa madde siif haata'u.

Baafata

Qabiyyee	fuula
Axereeraa.....	i
Galata.....	ii
Baafata.....	iii
Baafta gabateewwanii.....	vi
Hiika jechootaa.....	vii
Boqonnaa Tokko: Seensa.....	1
1.1 Areerrata.....	1
1.2. Ka’umsa Qorannichaa.....	3
1.3. Kaayyoo Qorannichaa.....	4
1.3.1. Kaayyoo Gooroo.....	4
1.3.2. Kaayyoo Gooree.....	4
1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa.....	5
1.5 Daangaa Qorannichaa.....	6
1.6. Hanqina Qonniichaa.....	6
Boqonnaa Lama: Sakatta’a Barruu.....	7
2.1 Afoola.....	7
2.1.1 Amaloota Afoolaa.....	8
2.1.2 Faayidaa Afoolaa.....	10
2.1.2.1 Faayidaa Afoolli Hawaasaaf qabu.....	11
2.1.2.2 Faayidaa Afoolli Baruufi Barsiisuu keessatti.....	13
2.1.2.2.1 Gahee Afoolaa Ogummaa Dhaggeeffachuufi Dubbachuu keessatti.....	14
2.1.2.2.2 Gahee Afoolaa Ogummaa dubbisuufi Barreessuu keessatti.....	15
2.1.2.2.3 Gahee Afoolaa Ogummaa Dhaggeeffachuufi Dubbachuu keessatti.....	17
2.1.3 Gooroowwan Afoolaa.....	18
2.1.3.1 Seeneffamoota.....	18
2.1.3.1.1 Gosoota Seeneffamoota.....	18

2.1.3.1 .2 Af seenaa.....	19
2.1.3.1 .3 Durdurii.....	20
2.1.3.2 Af-walaloo.....	20
2.1.3.3 Unkaawwan Gaggabaaboo.....	21
2.2 Dhiyaannaa.....	22
2.2.1 Dhiyaannaa Afaan Barsiisuu Yeroo Ammaa Hojiirraa Oolaa Jiran.....	22
2.2.2 Haala Dhiyaannaa afoolaa.....	26
2.2.2.1 Waantoota Afoolli Bu'uura Godhachuun Dhiyaatu.....	26
2.2.2.1.1 dhiyaannaa Afaan Bu'uureffate.....	27
2.2.2.1.2 dhiyaannaa Ogummaa Afaanii Bu'uureffate.....	27
2.2.2.1.3 Afoola akka qabiyyeetti dhiyeessu.....	28
2.2.2.1.4 dhiyaannaa Afoolaa barattoota gahoomsuuf.....	28
2.2.2.1.5 dhiyaannaa Afoolaa Uunkaan.....	28
2.2.2.1.6 dhiyaannaa Hawaasa Bu'uureffate.....	29
2.2.2.2 Haala dhiyaannaa goorowwan Afoolaa.....	29
2.2.2.2.1 Haala dhiyaannaa Hibboo.....	29
2.2.2.2.2 Haala dhiyaannaa Durdurii.....	31
2.2.2.2.3 Haala dhiyaannaa Afwalaloo.....	32
2.2.2.2.4 Haala dhiyaannaa Mammaaksaa.....	34
2.2.2.2.5 Haala dhiyaannaa Seeneffamootaa.....	39
2.2.3 Haala Afoolli Kutaa Barnoota Afaaniitiin Filatamuuf Ittiin Dhiyaatu.....	40
2.2. 4 Amalaafi Tooftaa Gilgaalli Afoola Tokko Keessaatti Ittin Qophaa'uu Danda'u.....	42
2.2.5 Rakkoolee Afoolaan Afaan Barsiisuu Keessatti Mul'atan.....	43
2.3 Yaaxxina Dhiyaannaa Afoolaa.....	44
2.4 Xiinxala Barruu Walfakkii.....	45
Boqonnaa Sadi: Saxaxaafi Mala Qorannoo.....	47
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	47

3.2. Madda Odeeffannoo	47
3.3 Meeshaalee Funaansa Ragaa	48
3.3.1. Sakatta'a Kitaabaa	48
3.3.2. Afgaaffii.....	48
3.3.3. Daawwannaa Daree	49
3.4 Mala Iddatteessuu.....	49
1.7.Haala Qindaa'inaafi Qaacceessa Ragaalee	50
Boqonnaa Afur: Qaacessa Ragaalee	52
4.1.Qaacessa Odeeffannoowwan Kitaaba Barnootaa Afaan Oromoo Kutaa kudha	52
tokkoofi Kutaa Kudhamaa Sakatta'uun Funaanaman	52
4.2 Qaacessa Odeeffannoowwan Afgaaffiidhaan Barsiisota Irraa Argame	70
4.3 Qaacessa Odeeffannoowwan Afgaaffiidhaan Barattoota Afaan Oromoo Mana.....	73
Barumsa Qophaa'ina Baantuufi Tajii Irraa Argame	73
4.5 Qaacessa Odeeffannoo Sirna Barnootaa, Siilabasiifi Qajeelcha Barsiisaarraa Argame. ..	78
Boqonnaa Shan: CuunfaaArgannoofi Yaboo.....	80
5.1. Cuunfaa Argannoo	80
5.2. Yaboo	81
Wabilee	83
Dabaleewwan	88

Baafata Gabateewwanii

4.1.1 Gabatee Mirkaneeffannoo Haala dhiyaannaa Afoolaa kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11 Keessatti Argamanii Mul’isu	52
4.1.2 Gabatee Mirkaneeffannoo Haala dhiyaannaa Afoolaa kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 12 Keessatti Argamanii Mul’isu	55
4.1.3 Gabatee Mirkaneeffannoo Afoolaan Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11 Keessatti: Dubbachuu, Dhageeffachuu, Barreessuu, Dubbisuufi Caaslugaafi hiikaa jechootaa Barsiisuuf Dhiyaachuu Agarsiisu.....	59
4.1.4 Gabatee Mirkaneeffannoo Afoolaan Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 12 Keessatti :Dubbachuu, Dhageeffachuu, Barreessuu, Dubbisuufi Caas lugaafi hiikaa jechootaa Barsiisuuf Dhiyaachuu Agarsiisu	61
4.1.5 Gabatee Mirkaneeffannoo haala Afoolli gilgaalotaan dhiyaate Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11keessatti agarsiisu	64
4.1.6 Gabatee Mirkaneeffannoo haala Afoolli gilgalootan dhiyaate Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 12keessatti agarsiisu.....	68
4.4 Gabatee Mirkaneeffannaa Daawwannaa Daree mul’isuufi Qaaccessa Odeeffannoowwan Daawwannaa Dareetiin Argame.....	76

Hiikkaa Jechootaa

Afdubbii ----- kan barreeffamaan osoo hintaane afaaniin dubbatamu.

Barannoo----- qabbiyyee barnootaa kan addaan qoqqoodee dhiyeessu.

Booji'an ----- ofitti hawwatan

Daraan ----- haalaan,gad fageenyaan,sirritti

Dilbii ----- waan guddaa,heddumina qabu

Duudhaa ----- safuu hawaasa tokkoo

Faalaasama----- kalaqa madda beekumsaa

Galaalchaa----- barruulee toora intarneetii irratti gadlakkifamu

Hammaaramee ----- woraabbamee,fuudhamee

Heddee ----- wanta garaagaraa

Hurruubuu ----- gochaan dhiyeessuu

Jamaa ----- garee namootaa,ummata

Kuusuu ----- olkaa'uu,walitti qabuu

Labata ----- dhaloota

Lufummaa----- kan dhalootaa dhalootatti darbu.

Ogafaan ----- afoola,ogummaa afaanii

Raagoo----- seeneffama afaanii

Raagamtaa ----- waa'ee amantii kan seenessu

Raacitii----- aftee, hambaaa

Si'eessuu ----- kakaasuu,jajjabeessuu

Boqonnaa Tokko: Seensa

1.1 Areerrata

Afoolli umurii dheeraa kan qabuudha. Osoo barnoonni ammayaa hinjalqabin dura afoolatti dhimma bahuun hawaasni yaada garaagaraatiif dhimma itti bahaa kan tureedha. Yaada kanarratti hayyoota adda addaa ragaa bahan keessaa muraasa yoo ilaalle, afoolli ogbarruun osoo hinturin dura kantureefi eenyummaa hawaasa tokkoo ibsuuf kan bu'aa qabuudha. Hawaasni tokko qarooma isaa keessatti aadaa, amantiifi siyaasa isaa dagaaagfachuuf afoolaan dhimma bahaa ture. Kanas Beekan (2015:8) yoo ibsu:

Afoolaafi sabboonummaa Chaayinaa keessatti hawaasni Chaayinaa aadaa, siyaasaafi amantaa mataa isaanii dagachuun warra dhidhimaarratti hirkatanii turan. Haa ta'uu malee, booda humna afoola isaanii keessa jiruun ofarguun gara eenyummaa isaaniitti deebi'anii jiru. Kunis kan ta'uu danda'e afoolli isaanii kan eenyummaa isaanii keessatti mul'atu haala adda addaan barreeffamaan qopheessuun ummata isaaniif raabsuun erga dammaqsaniiti. Kunis, eenyummaan saba tokkoo humnaan dhokatullee afoola isaa keessaa baduu akka hindandeenye gama sanaanis of calaqqisiisuun akka danda'amu ergaa namaaf dhaamuusaa mirkaneeffanna.

Akka yaada armaan oliirraa hubachuun danda'amutti, afoolli humni cimaa osoo hindagatamin hawaasicha keessa jiraachuu kan qabuufi hawaasa dadammaqisuu keessattis gahee inni qabu guddaa akka ta'eedha.

Sababnisaas, afoolli qabeenya hawaasaa ta'uutti dabalee haala jiruufi jireenya hawaasaa kan calaqqisuudha. Falaasamniifi ergaan walfakkaataan afoola hunda keessa jiran duudhaawwan nama tokkorraa nama birootti barreeffamaan osoo hintaane, gochaafi yaada sammuu kan hawaasa tokkoo isa birootti lufanii asgahaniidha jechuun Beekan (2015:9) ibseera. Akkasumas afoolli hojii kalaqa sammuu namaa keessaa tokko ta'ee, kan osoo ogbarruun barreeffamaa hinjalqabin dura yeroo dheeraadhaaf seenaa jiruufi jireenya ilmaan namaa wajjiin ture ta'uusaas itti dabaluu ibsee jira. Geetaachoon (2009:141) waa'ee faayidaalee afoolaa yoo ibsu, "Afoolli faayidaalee hedduu qaba. Isaan keessaa , haara itti galfachuu, ittii bashannanuuf ,akkasumas aadaa, duudhaa, seenaa, amantaa, kabajaafi jireenya hawaasaa ibsa. Kana malees, ogbarruufis madda" jedha. Akkuma yaada armaan oliirraa hubatamutti afoolli bashannansiisuufis, seenaafi

duudhaa hawaasa barsiisuufis akkasuma immoo darbee ogbarruu ammayyaatiifis bu'uura yookaan ka'umsa ta'uusaa ifatti mul'ata. Yaaduma kana deeggaruudhaan Baddiluu (1996:6) Brumfitfi kanneen biroo (1986) wabeeffachuudhaan biyyoota guddataa jiraniif ogbarruun sirna barnootaa isaanii keessatti hammatamuun guddinaaf gahee guddaa qabaachuusaa ibsa. Haaluma walfakkaatuun Beekaan (2015:8) Owusu, Guunterfi Abdullahi A. Shongolo jedhaman wabeeffachuun akkas jedha. "Afoolli Afrikaa warra dhidhimaan hakuuccaa jala akka tureefi aadaa mataa isaanii barumsa keessa galchuun babal'ifachuuf akka carraaqaa turan nu hubachiisu" jedha. Akkuma yaada kanarraa hubachuun danda'amutti biyyoonni dhiibbaa siyaasa adda addaatiin cunqursaa jala turan aadaa isaanii baruumsa keessa galchuun dhimma itti bahaa akka turaniidha.

Afaan Oromoo afaanota biyya keenya keessatti dubbataman keessaa isa guddaadha. Afaan kun adeemsa barsiisuu biyya keenyaa keessatti akka afaan barnootatti tajaajiluu kan eegale bara 1994 irraa jalqabee naannoo Oromiyaa keessatti hojiirra oole. Bara kana dura, sabni Oromoo Aadaa, duudhaafi qarooma isaa qabaatee afoolaan dhalootarraa dhalootatti dabarsaa kandhufeedha (Baayyee, 1981, Tasammaa, 2005). Uummanni Oromoo goorowwan afoola garaagara tajaajila adda addaatiif dhimma itti bahaa turee jira. Goorowwan afoolaa kanneen keessaa muraasa yoo ilaalle durdurii, hiibboo, tapha ijoollee, faaruu loonii, geerarsa, mammaaksa, weelluu, sirboota jaalalaa, eebba, abaarsa, ciigoofi kkf niidha. Afoola kana barnoota ammayyaa keessatti hammachiisuun dhiyeessuun barabaachisaadha. Sirni barnootaa biyya keenyaa bara (2009:14) fooyya'ee bahe afoolatti gargaaramanii afaan barsiisuu ilaalchisee akka jedhutti, "Language is a social phenomenon. Languages mirror the culture of the societies and of the speakers who use them. Languages are about communication and are the means by which we deliver education to students. Languages allow students to gain information and experience; and exchange views, ideas, and different cultural and social values." jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti, afaan taate hawaasati. Afaan daawwitii aadaa hawaasati. Aadaa ofii ittiin ibsata. Afaan kan baratamuu tajaajila waliigalteefidha. Kanamalees, odeeffannoo kennuufi muuxannoo waljijjiiruu; yaada, ilaalcha, aadaafi duudhaa hawaasaa giddugaleefachuu akka qabu ibsa. Sirni barnootaa afoola ilaalchisee, akka adduyaatti afoolaan gargaaramuun barattoonni akka baratan nijajjabeessa. Yaada kana, "The Curriculum places a strong emphasis on oral language, it has been widely acknowledged that the implementation of the oral Language strand has proved" (NCCA,

2012:10) jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti afoolli sirna barnootaa keessa galee akka barsiifamuuf yaanni ciccimaan jajjabeeffamu kan jiru ta'uu isaati.

Afoolli Oromoo guddina barnoota afaanichaaf iddoo olaanaa qaba. Barattoonni ogummaawwan dhageeffachuu,dubbachuu,dubbisuu,barreessuu, caaslugaafi hiika galuumsaa gad fageenyaan xiinxaluun ogummaalee kanniin akka gabbifataniif gaheen afoolli taphatu guddaadha. Kaayyoowwan kunniin gama afoolaatiin walqabachuun qabiyyee kitaabichaafi barnoota afaanii keessatti haalli isaan ittiin dhiyaatuu, gahumsiifi hanqini mul'atu ifatti bahee kan qaaceffamuufii hanqinaaleef yaada furmaataa jalatti kallattiin fooyya'iinsaa nikennama. Afoola kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoofi barnoota afaanii keessatti haala dhiyaannaa afoolaa qaaccessuun immoo hanqinaalee mul'atan ifatti mul'isuun furmaata kennuun afoolli kitaaba barnoota afaanii keessattidhiyaannaa sirrii qabaachuun afoola sabichaaf faayidaa guddaa kan kennuudha. Afoolli yeroo kitaaba barnootaa keessatti dhiyaatu haala dhiyaannaa of danda'een qophaa'ee kan dhiyaatudha. Haalli afoolli barnootaf itti dhiyaatu qorannoon deeggaramuun dhiyaachuun bu'a qabeessummaa isaa nidabala.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Afoolaan hawaasni Oromoo tajaajila akka aadaa, duudhaafi faalaasama isaa ittiin dhalootatti dabarsaa tureefi ammas ittiin dabarsaa jiruudha. Kana malee, osoo barumsi ammayyaa hinturin hawaasni ijoollee isaa afoolatti gargaaramuun barsiisaa kan tureedha. Erga baruumsi ammayyaa eegalees kan ittiin barsiisuuf dhimma itti bahaa jiruudha. Haata'u malee, haala afoolli kitaaba barnoota afaanii keessatti itti dhiyaachuu danda'u irratti qorannoon gahaan gaggeeffamuun wanti ifa ta'e hinjiru. Kun immoo haalli dhiyaannaa afoolaa bifa ofdanda'een addatti hubatamuun sirna barnoota afaaniifi qophii kitaaba barnoota afaanii keessatti akka dhiyaatu taasisuurratti rakkoo ta'uu danda'a. Haaluma walfakkaatuun, hawaasni afoolatti fayyadamuun yaadaafi ergaa barbaade ittiin haa ibsatu malee, dhaloonni duubaa dhufan faayidaa afoolli jiruufi jireenya keessatti qabu adda baasee akka beeku gochuurratti qorannoo gahaa kanbarbaadudha. Sababni afoola kitaaba kutaa kudha tokkoofi kudha lama keessatti argaman akka qorataan kun akka filatu taasisan kutaaleen kunniin sadarkaa qophaa'inaattiwaanargamaniif amala walfakkatu qabu jedhee qoratichi waanamanuufidha.Qorannoo kana gaggeessuuf wanti ka'umsa ta'e : tokkoffaa, afoolli kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kudhalama keessa jiru, haalli

dhiyaannaa isaa ogummaawwan afaanii arfan, caasluga, hiika jechootaa, qabiyyeefi uunka afoolaa barsiisuuf akka mijatutti qopha'uufi dhiisuu adda baafachuufidha. Lammaffaa, hanga qorataan kun hubatetti akkaataa afoolli kitaaba barnoota Afaanii keessatti itti dhiyaachuu qabu irratti qorannoon gahaan kan hingaggeefamne waanta'eef haalli dhiyaannaa afoolaa xiyyeeffannoo akka argatu taasisuufidha. Sadaffaa, akkaataa afoolli kitaaba barataa kutaa kudha tokkoofi kudha lamaa keessatti ittiin dhiyaachuu qaburraatti kallattii kaa'uufidha. Kanuma irraa ka'uun, qorataan qorannoo isaa galmaan gahuuf gaaffilee armaan gadii kanneen deebisuuf bu'uureffateera.

Gaaffileen qorannoo kanaan deebii argatu jedhamanii yaadaman kanneen armaan gadiiti:

1. Sadarkaa kutaa kudha-tokkoofi kudha-lamaatti goorowwan afoolaa kitaabilee barnoota afaanii keessatti haala kamiin dhiyaatan?
2. Afoolli kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkoofi kudha-lamaa keessatti argaman Silabasiifi Qajeelcha barsiisatiin walsimatani dhiyaataniiru?
3. Goorowwan afoolaa kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkoofi kudha-lamaa keessatti dhiyaatan maal maal itti barsiisuuf dhiyaatani?
4. Haala dhiyaannaa afoolaa kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkoofi Kudha-lamaakeessatti rakkoo akkamiitu mul'ataa?

1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa kaayyoo gooroofi gooree jedhamuun bakka lamatti qoodamuun akka armaan gadiitti dhiyaatani jiru.

1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa dhiyaannaa afoolaa kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkoofi kudha-lamaa xiinxaluudha.

1.3.2. Kaayyoo Gooree

Kaayyoo gooroo bu'uura godhachuudhaan kaayyoo gooreen akka armaan gadiitti dhihaata:

- a. Sadarkaa kutaakudha-tokkoofi kudha-lamaatti goorowwan afoolaa kitaabilee barnoota afaanii keessatti haala kamiin akka dhiyaatan agarsiisuu;

- b. Haalli dhiyaannaa afoolaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaakudha-tokkoofi kudha-lamaa keessatti argaman Silabasiifi Qajeelcha barsiisaa wajjin hariiroo isaan qaban ibsuu;
- c. Goorowwan afoolaa kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaakudha-tokkoofi kudha-lamaakeessatti dhiyaatan maal maal ittiin barsiisuuf akka dhiyaatan adda baasuu;
- d. Haala dhiyaannaa afoolaa kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkoofi kudha-lamaa keessatti hanqina akkamiitu akka mul'atan adda baasuun rakkoolee mul'ataniif furamaata eeruu.

1.4 Barbaachisummaa Qorannichaa

Faayidaa qorannoo kana irraa niargama jedhee qorataan kun akka yaadutti, bu'aan qorannoo kana irraa argamu, bifa qoratameen kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo keessatti hojii irra yoo oole:

- ✓ Qaamni sirna barnootaa qopheessu haala dhiyaannaa afoolaa kitabilee barataa barnoota afaan Oromoo kutaakudhatokkofi kudhalamaa keessatti ittin dhiyaatu qorannoo kana irraa hubachuu nidanda'u jedhamee yaadama.
- ✓ Biiron Barnoota Oromiyaa afoolaan afaan barsiisuun walqabateekitaabilee barataa barnoota afaan Oromoo kutaakudhatokkofi kudhalamaakeessatti gilgaalootan haala itti shaakala dhiyeessun danda'amu irratti hubannoo argachuu nidanda'u jedhamee abdatama.
- ✓ Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa bu'aa qorannoo kanarraa argamu ilaaluun gooroowwan afoolaa kitaabilee barattootaa sadarkaa adda addaatiif haala dhiyaannaa isaanitiin walitti akka qabataniif haala mijeessufii nidanda'a.
- ✓ Bu'aa qorannoo kana irraa argama jedhamen, qaamoleen kitaabilee barnoota afaanii qapheessan haala dhiyaannaa afoolaairratti rakkoolee mul'atan hubachuu ni danda'u.
- ✓ Barsiisonni yeroodhiyaannaa afoolatti gargaaramanii barnoota afaanii barsiisan akkataa afoolan ogummaawwan afaanii ittin barsiisuun danda'amu irratti hubannoo gahaa argachuu nidanda'u jedhamee yaadama.
- ✓ Namoota haala dhiyaannaa afoolaa irratti qorannoo geggeessuu barbaadaniif yaada ka'umsaa ta'uu danda'a jedhamee abdatama.

1.5 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun haaladhiyaannaa afoolaa kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha kudhatokkoofi kudhalamaa irratti kanxiyyeeffateedha. Kunis haala dhiyaannaa dameewwan afoolaa kitaabilee kanneen keessattijiran kamiyyuu hammateera. Sababni isaas haala dhiyaannaa afoolaa kitaabilee kunneen keessatti argaman irratti waan fuulleffateef kitaabilee kutaa biroo hinhammanne. Qorannoon kun kitaabilee barnootaa Afaan Oromoo kutaa kudhatokkoofi kudhalamaa irratti waan gaggeeffameef, qorannoo kana keessatti haala dhiyaannaa afoolaa ilaalchisuun sirni barnootaa, silabasiifi qajeelchi barsiisaa dabalataan xiinxalamaniiru. Kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo kanneenirratti daangeffamuun dhiyaannaa gooroowwan afoolaa jalqabaa hanga dhumaatti tartiibaan qorataan kan xiinxaaledha. Kitaabileen kunniinis bara 2005/2012 qophaa’anii hanga ammaatti kanneen hojiirra oolaa jiraniidha.

1.6. Hanqina Qonniichaa

Qorannoon tokko yeroo adeemsifamu gufuuwwan adda addaa qunnamuu danda’u. Qorannoon kunis yeroo gaggeeffamu waantoonni qoraticha mudatan kanneen bu’uuraa ta’an keessaa muraasni isaan armaan gadiiti. Kitaabileen wabii akkataa afaan tokkoffaa afoolaan barsiisuun itti danada’amuurratti argachuu dhabuudha. Kanaaf qoratichi barreeffamoota wabii afaan lammaffaa afoolaan barsiisuun walqabatanii jiranitti dhimma baheera. Gama biraan, kitaabilee wabii Afaan Oromoon barreeffaman bal’inaan dhabuufi qorannoowwan mataduree kanaan hariiroo qaban dhabamuun qorataa rakkisee jira. Haata’u malee, qorataan yeroo isaa hanga danda’ametti walsimsiisuuniifi kitaabilee afaan biroon barreeffaman gara Afaan Oromootti jijjiiruun akkasumas interneetiitti fayyadamuun, qorannicha haala gaariin xumuruu danda’ee jira.

Boqonnaa Lama: Sakatta'a Barruu

Boqonnaa kana jalattiyaadriimee afoolaa , yaaxxinaalee gahee afoolli afaan barsiisuuf qabu deeggaran kitaaba barnoota afaaniifi daree barnoota afaanii keessatti qaburratti jiran, qorannoowwan adda addaa mata duree kanaan walfakkaatan gaggeeffamaniifi yaada hayyoonni kennanitu gabaabinaan kan dhiyaataniidha.

2.1 Afoola

Afoolli damee ogbarruu keessaa isa tokkoofi guddaa ta'ee dhaloota irraa dhalootatti kan afaaniin darbaa dhufeedha. Maalummaa afoolaa Melakneh (2006) yoo ibsu, afoola jechuun ogafaan dhalli namaa yookaan afaaniin dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufeedha. Kunis, kan ofkeessatti hammatu: afseenaa, durdurii, mammaaksa, hiibboo, ateetee, sirbootafi afwalaloowwan garaagaraa kanneen jiruufi jireenya hawaasaa keessatti akka sirna bulmaataafi faayidaa adda addaaf oolaniidha. Afoolli hojii kalaqaa hawwata miiraa qabuufi miidhagina gonfateedha. Afoolli hojii kalaqaa bifa walalootiin (as a poem) yookaan bifa holoolootiin (as a prose fiction) dhiyaatu ta'ee, kan namoonni ogummaa waa kalaquu qabaniin uumaniidha. Qabeenyummaan afoolaas kan uummataati. Haaluma walfakkaatuun Beekaan (2015:12) Okpewho (1992:3) wabeeffachuun maalummaa afoolaa akka itti aanutti ibse, "It simply means literature delivered by word of mouth". Akka yaada kanaatti afoolli himafaanii ogbarruu afaaniin dhalootaa dhalootatti daddarbu jechuudha. Kana keessatti wanti hubatamuu qabu, yeroo dhalootaa dhalootatti afaaniin daddarbu kana teeknika adda ta'e kan mataa isaa qabaachuusaati. Afoolli hibboo, qoosaa, harraba xaxxuu, mammaaksa, geerrarsa weedduufi durdurii afaaniin dhiyaatu ta'uu isaa Beekaan (2015:13) Okpewho (1992:3) wabeeffachuun akka itti aanutti ibse, "Oral literature which comprises riddles, puns, tongue twisters, proverbs, chants, songs and stories presents only the verbal aspect of folklore," jedha. Akka yaada kanaatti afoolli kanneen akka hiibboo, geerrarsaa, sirbaa, afseenaa, xaxama arrabaafi arabsoo kan ammatuu ta'uudha.

Finnegan (1976) fi Bukenya (1994) afoolli akkuma maqaan isaa agarsiisutti ogummaa durdurii ta'ee, afaaniin dubbatamuun dhalootaa gara dhalootaatti karaa afdubbiitiin kan darbu ta'uu isaati. Afoolli kalaqa namoota durii osoo barumsi ammayya hinjalqabin kanjiraachaa turan ta'uu yaadni kun nicimsa. Dhimma seenaa jalqabbii afoolaa Malaknen (2006) afoolli

seenaawwan adda addaa kanneen qalbi namaa booji'an ofkeessaa qabu fookilooristootaan jaarraa 19ffaa waliitti funaanamaa akka turaniidha.

Hayyoonni afaanii afoolli leeccalloo qo'annoo afaanii ykn mi'eessituufi agarsiiftuu aadaafi eenyummaa hawaasaa ta'uu Gammachuu (2001:46) Dorson (1986) wabeeffachuudhaan yoo ibsu, "Oral literature is considered as either raw materials for linguistic study of unwritten language or expressions, reflections, or support mechanism for cultures and social structure," jedha. Akka yaada kanaatti afoolli kan fudhatamu meeshaalee afaanii karaa hinbarreeffamneen ittin qoratamuuf oolu ta'ee aadaafi haalli jireenya hawaasaa keessatti calaquisuudha. Akkasumas, Amos (1977) yaada walifakkatun, "...oral literature as a major branch of folklore, contributes significantly to the study of the function of a given culture." jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti dame fooklorii keessaa isa guddaa ta'ee aadaa ummataa ibsu keessatti gahee guddaa kan qabuudha. Kanaafuu, afoola hawaasa tokkoo qorachuun, eenyummaa saba tokkoo hubachuufi beekuu waan nama dandeessisuuf afoolli bu'aa guddaa qaba jechuu nama dandeessisa. Dastaan (2002:59) Abarraa (1992:ix) wabeeffachuun, "Afoolli maalummaa saba tokkoo kan himan keessaa ragaa isa guddaadha," jedha. Yaanni kunis afoolliifi hawaasni baay'ee walitti hidhaminsa akka qaban nama hubachiisa. Gamabiraati, Soofiyaan (1999:2) akka ibsetti, "afoolli haala jiruufi jireenya dhaloota darbee kan ibsu daawwitii aadaa, seenaafi jireenya, qaroominaafi guddina hawaasni irra jiran kan ittiin xiinxallu, kan gara fulduraatti dhufu kan ittiin tilmaamnu hambaa afaaniifi aadaa saba tokkooti jechuun nidanda'ama". Kana jechuun afoolli calaqqee jiruufi jireenya hawaasa tokkoo ta'ee kan hawaasichi eenyummaa isaa keessatti of ilaaludha.

2.1.1 Amaloota Afoolaa

Amalootni afoolli ittiin beekamu keessaa muraasni: jijjiiramummaa, lufummaa, uummatummaa, yoomessa, hurruubummaa, afaanummaafi hirmaannaa jamaa qabaachudha.

Jijjiiramummaan amala afoolaati. Kunis, waliigaltee hawaasaan ykn dhiibbaan mul'achuu nidanda'a. Akka Jaarraafi Wasanee (2008:162) akka ibsanitti "afoolli jijjiiramummaaf baay'ee saaxilamaadha. Bu'uurri isaa hawaasni jijjiiramuu waan danda'uuf afoolliifi hawaasni addaan bahanii hinilaalaman" jedhu. Akka yaada kanaatti afoolli dhibbaa hawaasa irra qaqqabu waliin walitti dhufeenya waan qabuufuu jijjiramaaf saaxilamaa akka ta'eedha.

Birhanuun (1999:12) akka ibsetti, "The characteristics of oral literature is carried by memory and delivered by word of mouth. The performance may introduce variation in wording, structure

or content” jedhu. Yaada kana irraa akka hubanutti amalootni afoola haala yaadannoo wantootaa darbaniin haawwatamee bifa jecha afaaniitiin dhiyaata. Haalli raawwii isaas garaagarummaa sagaleessuu, caasaa ykn qabiyyee isaatiin ibsama kan jedhuudha.

Lufummaan amala afoolaa keessaa isa tokkoodha. Kunis, afoolli tokko haala kamiin dhalootaa dhalootatti darbaa akka deemu irratti xiyyeeffata. Yaada kana ilaalchisuun Wasaneen (2008: 164) akkas jedha: “Haalli afoolli tokko dhalootarraa dhalootatti darbu lufummaajedhama. Kunis, karaa lamaan dhalootatti darbu. Isaanis, haasaa afaaniifi gochaan dhalootarraa dhalootatti kan dabarsan miseensota hawaasaati” . Kana jechuun afoolli dhalootaa dhalootatti kan darbaa dhufe gochaafi jechaan ta’uu isaati.

Afoolli qabeenya hawaasati. Afoolli akka ogbarruuwwan biraa kan abaluuti jechuun hindanda’amu. Kana jechuun itti waamaminni isaa hawaasichadha. Finnegan (1970) uummatummaa afoolaa akkanatti ibsiti: Afoolli qaama caasaa aadaati; seera raawwiifi walmakaa matasaa qaba. Kun immoo argannoofi xiinxalaaf kan isa saaxilu. Akkasumas, yaada walfakkaatu Wasaneen (2008:168) akka itti aanutti ibsa “miidhagummaan haala afoolli sun itti faarfamu ilmaan namaa hawwachuu danda’uu dhiyaachuu isa mul’isa”. Akka yaada kanaatti afoolan haala qabatamaan yoo dhiyaatu kan qalbii namaa booji’u ta’uudha. Haala kanaan dhiyaachuun immoo hawatamummaa afoolli qabu nidabala.

Afoolli yoomessa keessatti dhiyaatu qaba. Yoomessi kun immoo afoolli tokko akka dhugummaa horatu taasisa. Kunis bakkaafi yeroo beekamuun walqabsiisuun kan dhiyeessudha. Qorannoon afoolaa haala hawaasummaa dhugaa afoolicha keessatti raawwatamuufi faayidaa inni walitti dhufeenya hawaasummaaf qabu irratti xiyyeeffachuu qaba (Amos, 1982:20). Yoomessi dhugaa qindeeffama afoola hedduu jiran hunda osoo ilaalamee, hundumtuu bakkaafi yeroo itti raawwatamu kan mata isaa niqaba (Dorson, 1972).

Amaloota afoolaa keessaa hurruubummaan isa tokkoodha. Hurruubummaan jechaafi gochaan kan agarsiifamuudha. Kuniis haala qabatamaa keessatti kan raawwatamuudha. Yaada kanaan walifakkaatu, Finnegan (1970) hurruubummaan amaloota afoolaa keessaa isa bu’uura ta’ee dhimma raawwii afoolichaa gadifageenyaan hubachuuf jechoota (sagaleen) wanta darbu caalaa akkaataa hirmaattoonni miira isaanii sochoosaanii agarsiisan walfaana ilaalamuu qaba jetti. Kana malees, Jaarraafi Wasaneen (2008:16) akka itti aanutti ibsan: “Hurruubummaan amaloota afoolaa keessa isa bu’uuraaf, afoolichatti kan lubbuu horuudha ”. Akka hayyuun kun ibsanitti

amaloota afoolaa keessaa hurubummaan beekamaa akka ta'eedha. Kana jechuun afoolli tokko akka jaalatamuuf iddoo guddaa qabaatu kan taasisuudha.

Afoolli amalli isaa inni biraa immoo afaanummaadha. Afoolli tokko dhalootatti kan darbu afaanin, kana malees haala dhiyaannaa isaa keessaa tokko afaanitti dhimma bahuuniidha. Kunis, labataa gara labataatti kan daddarbu afaaniin (Okopewho, 1992). Akkasumas, amaloota walaloo afoolaa keessaa afaanummaaniddoo guddaa qaba. Sababni isaas, miira dhaggeeffatootaa ofitti harkisuuf humna cimaa waan qabuufi (Bukeniya, 1994).

Amala afoolaa keessaa inni tokko jamaa qabachuudha. Jamaa jechuun kan hirmaatuufi kan dhaggeeffatu yookan kan jalaa qabudha. Yaada kana cimsu, Wasaneen (2008:155) yoo ibsu, “Afoolli yeroo kamiyyuu garee barbaada, namoota walitti qabu qaba.” Yaada kanarraa hubachuun akka danda'amutti afoolli gareen waan dalagamuuf jamaa kan qabuudha. Kana malees, jalqabaa hamma xumuraatti gareedhaan walfaana weeddifamu (Finnegan, (1970).

2.1.2 Faayidaa Afoolaa

Afoolli faayidaa hedduu qaba. Manni barumsaafi barnoonni ammayyaa osoo hinjalqabin dura hawaasni sammuu daa'immanii afoolaan qara, hawaasa naannoo, safuu, seeraa, kkf waliin daa'imman kan walbarsiisu afoolaan fayyadamuuni. Hawaasni Oromoo bakka adda addaa jiraatu dhimma seenaa ofii, aadaa ofii, afaan ofii afoolatti fayyadamuun daa'ima isaa barsiifata. Fakkeenyaaf, akka tapha ijoolleetti kan fudhataman hibboon, jimmaa jimmiteen, hibantar , kkf faayidaan isaan qaban daa'imman leenjisuudha. Faayidaan afoolli hawaasa tokkoof qabu haalaan hedduu waan ta'eef gama tokko qofaan kan ilaalamu miti. Haalli rakkisaan humna namaatii oli ta'e yeroo nama mudatu, afoolli meeshaa ittiin miliqaniidha. Namni bu'aa ba'ii jireenyaa isa mudatu jalaa afoolaan miliqa, jireenya nuffisiisaa kolfaan irra anfachuuf, addunyaa haarawa keessa seenee gammachuun jiraachuuf faayidaan afoolli qabu haalaan guddaadha. Yaada falfakkaatu Asaffaan (1991:137) yemmuu ibsu, “Wal'aansoon sun araaraan (harmony) xumurama. Araarri sun bu'uun bilchina sammusaaf ,si'aayina qaamasaa,boqonnaa qalbiisaaf bu'uura. Afoolli uumama waliin walhammachuun kun immoo miira miidhagaa (aesthetic perception) hawaasichaa calaqqisiisa. Midhaaginnichis (beauty) fedhiisaa, gochasa, hawwiisaa, waliin jireenyasaa...kkf keessatti mul'ata”. Akka yaada kanaatti afoolli sammuu namaa keessatti gaaffii uumuun akka xinxaalan kan taasisuudha. Xinxaala kana keessa bilchina sammuu kan fiduufi ofitti kan nama hawwatu ta'uudha.

Dubbii afaaniitu beekumsaafi muuxannoo waliin ga'uurratti qooda cimaa qaba. Kun humna har'a afoolli hawaasa keenya keessatti qabu mul'isa. Afoolli Oromoo humna ammasii qabu kun garuu ammallee hedduu hin qoratamne. Kanaafuu, afoola Oromoo qorachuun qaaccessuun aadaa, duudhaa, seenaa, jaalalaafi sodaa hawaasichaa hubachuufi eenyummaa isaa baruuf bu'aa guddaa qaba. Akkasumas aartii dubbii hawaasa kanaa waraabanii olkaa'uun guddini har'aa boruuf baayyee barbaachisaafi bu'uura; raacitii eenyummaa isaati.

2.1.2.1 Faayidaa Afoolli Hawaasaaf Qabu

Faayidaalee gurguddoo afoolli hawaasaaf qabu haala armaan gadiin ilaaluun nidanda'ama.

i. Bashannansiisuufi Gammachiisuu

Faayidaa afoolaa inni guddaan tokko, bashannansiisuufi gammachiisuudha. Kana gochuunis mukuu nama baasa; dadhabbi namarraa balleessa; yaadaafi yaaddoo salphisa. Kanaafuu, miidhaa hedduu qaamaafi sammuu keenya irraa qolata. Hojii cimaafi dadhabsiisaa keessatti afoolli bifa sheekkoonis, sirbaanis, geerarsaanis ta'ee, mammaaksaan dadhabbi irraanfachiisee cimina humnaafi hamilee namatti hora; onnee namaas dadammaksa; nama jajjabeessa.

Hojii sodaachisaa tokko keessattis laphee namaa kennee sodaa irraanfachiisa. Karaa kanaan, keessumaa sirbiifi geerarsi iddoo guddaa qabu. Fakkeenyaaf, weedduu durbaa ykn arrabsoon akka dhiirri tarkaanfii cimaa amma wareegama lubbuu kanfaluu geessisu akka fudhatu godha. Garmalee warraaqsuurraan kan ka'e sodaa irraanfachiisa. Geerarsi nama cimaa cimina isaan waa gonfachu mul'isus kanneen birootti onnee hora. Ni jajjabeessas. Beekan (2015) Bu'aa guddaan himafaan Afrikaa hawwaasichaaf laatu sammuu bashannansiisee dadhabbi baasuu isaati.

Hojii yeroo hojjatanis ta'e yeroo xumuran weedduun of bashannansiisuun amala hawaasa Afrikaa keessa jiranuuti. Kanas kan taasisan lafa hojiitti mata matattis haa ta'u galgala maatii ballaa waliin ta'uu danda'a. Haaluma yaada armaan olii irraa hubatamuun yeroo baayyee afoolli hojii cimaatti bobba'anii olaanii yoo galgala galan dadhabii nama dagachiisa. Maatiin tokko dadhabaa oolee yoo galee ibiddatti naanna'ee taa'u ykn qaanqee baatii keessa ala taa'u afoola gosa adda addaa taphachuun hawaasa Afrikaa hunda keessatti baayyee beekamaadha. Keessumaa dargaggoon namoota irraa gareen adda ba'anii fagaatanii deemuun iddoo dhoksaatti, bakka midhaan ykn dallaa eeganitti bashannanuu jaalatu. Iddoo kanatti geerarsa, hiibboo,

sheekkoo, mammaaksa, weedduu, weelluu kkf dhiyaachuu danda'u. Iddoo walitti dhufeenyi akka tasaa ta'e kanneen keessatti, bashannansiisuutti dabalee, gosoonni afoolaa kanneen jajjabeessuuf, gootomsuuf, hubachiisuuf, dadammaksuuf bu'aa cimaa qabu.

ii. Fedhiifi Hubannoo Jabeessuuf

Faayidaan afoolli bal'inaan hawaasaaf qabu inni guddaan biroo ammoo eenyummaa hawaasichaafi walitti dhufeenya hawaasichi qabu ibsuudha. Kun garee adda ba'ee jiruufis ta'ee, lammii biyya tokkoo hundaaf ta'uu danda'a. Kanaafis, akka isaan addunyaa itti hiikkatan ykn hubataniifi isaaniif gaarii ta'een akka ibsan gargaara. Beekan (2015) Waa'ee addunyaa keessa jiratanii kana ilaalcha waliinii akka qabaataniifi eenyummaa ofii akka beekanuuf himafaan gumaachisaa guddaadha. Waa'ee samiis haata'u waa'ee addunyaa kana falaasama qaban mullisuuf hima afaan akka meeshaatti hawwaasa kalaqate sana gargaara. Kanaaf fakkeenya gaarii kan nuuf ta'an kitaabota dhimma amantii ibsaniifi durdurii uummata kuushiidha. Ibsi tajaajila akkanaaf kennamuu danda'u. Akkuma hawaasni guddataafi babal'atee xaxamaa deemeen gareeleen fedhii adda addaa qaban uumamaa dhufu. Tokko tokkoon isaanii kun kan walitti dhufan dandeettii hojiin ykn beekumsa miseensonni kuufama walii galaarraa fudhataniin ta'a. Fedhii garee kana eeguuf (tiksuuf), odeeffannoo afoolaa sirbaanis ta'ee, seenessaan uumuufi walii dabarsuun ni jiraata. Kun ammoo akka guutummaa hawaasaa keessatti nageenya qabaachuun isaanitti dhaga'amu isaan godha.

iii. Naamusaafi Yaada Gaarii Barsiisuu

Dhaabbileen barnootaa sadarkaa adda addaa har'a guutanii jiru. Kun akka namni waa'ee jireenyaafi seeraa, akkasumas, dandeettii adda addaa itti baratuuf gargaara. Haalli kunaadaa hawaasa Afrikaa duraa keessa garuu hinturre. Namoonni tokko tokko dargaggoota gabaa tokko ogummaa/aartii adda addaaf, kan akka seera sagadaafi walaloowwan kana wajjin deeman, ofjalatti leenjisa turan. Garuu akka manneen barnootaa har'aa wanti qindoomina qabu hin turre. Lammiilee hawaasa tokkoof waa'ee mataa isaanii, walii galaa: eenyu isaan, eessaa dhufan, walitti dhufeenya maal qabu, haala jireenyaafi amala akka uummataatti adda isaan taasisuufi kan isaan yeroo dheeraaf akka aadaan isaanii itti fufuuf eeggachuu barbaadan maal... kan jedhaniif odeeffannoo argachuun ykn kuufachuun akkamiin danda'amaaf? Akkuma beekamu odeeffannoowwan akka kanneenii gosoota afoola hawaasichaa kessatti argamu...sirboota, seeneffamoota, mammaaksaalee, hiibboowwaniifi kkf. Kunniin karaa adda

addaa dhiyaatu. Dhuunfaan haati daa'imaaf himuu dandeessi; gareen namni guddaan tokko namoota hedduuf himuu danda'a. Yookaan haati /abbaan namni guddaan gorsuuf dhiyeessuu ykn fayyadamuu danda'a. Karaalee kanneeniin xixiqqaan isaanii gurguddaarraa hubataa deema (Beekan ,2015:25). Bukenya (1994) Akkuma hawaasni tokko jijjiiramuun karaan jiruufi jireenya duraanii tokko tokko wantoota haarawaan bakka bu'aa deema. Afoolli har'a agarsiifamu hedduun, ykn kanneen kitaabarratti barreeffamanii ol taa'anii arginu, jireenya dhaloota durii calaqqisiisu. Cima isaan gargaaraa turanis; har'a garuu dulloomoofi badoo ta'anii fudhatamuu danda'u. Agarsiisaanis daawwataniis qabiyyee wantichaa kan yaaduufi itti boonu yoo ta'ellee, har'i kaleessa miti.

iv. Ta'iinsota Jireenyaa Galmeessuu

Faayidaa afoolaa beekamaan tokko jiruufi jireenya dhala namaa galmeessee ol kaa'uudha. Tasammaa (1994:202) Hawaasni dabaree aadaa sanyii hin nyaanne. Tulus badius dilbii ol kaa'e. Achebe (1976) Nuti immoo bara keenyaa kuusaa isaan olkaa'an finnee sanyiitti dabarsine. Kana malees, raawwiin adda addaa dhugaarratti xiyyeeffachuu danda'u. Geerraraan dhimmi wanta dhugaan raawwatee geeraru danda'a. Hibboo dhugaan amala dhugaa wantootaa hima; akka namni addaan baasus gaafata. Kanneen biroos amaloota wal fakkaatan qabu. Kanneen armaan olitti tarreeffaman hunduu akka walii galaatti faayidaa afoolaati.

2.1.2.2 Faayidaa Afoolli Afaan Baruufti Barsiisuu Keessatti Qabu

Afoolatti gargaaramuun afaan barsiisuun barattooni dandeettii (dhageeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu gabbisuu keessatti bu'aa guddaa qaba. Kana malee, afoolli hiika jechootaa sirriifi haala galuumsaa itti barsiisuun bu'a qabeessummaa isaa ni dabala.

Otto (2006) Jabana durii dargaggooni afaanii kan baratan afoolatti dhimma bahuuni. Kana malees, hubannoo addunyaa kanaa akka horatan kan taasifamaa turan afoolan gargaaramuuni. Gaheen afoolaa inni biroo immoo, haala waliin dubbii keessatti dubbii haalawaa barsiisa. Dubbii haalawaatti fayyadamanii dubbachuu keessatti gahuumsa guddaa itti hora. 'Ninio'fi 'Snow' (1999) akkasumas 'Weiss' (2004) daa'imman afoolatti gargaaraman daree barnootaa keessatti yoo taphatan yookan waliin dubbii gaggeessan dandeettii isaan afaanitti fayyadamuu isaanii haala qabatamaa keessatti gabbifachuu danda'u. Faayidaa afoolli dandeettii afaanii barsiisuu keessatti qabu 'Malimo' (2009: 1) wabeeffachuun 'Shang' (2006) akka kanaa gadiitti ibseera:

The implication is that oral literature can be a vehicle to improving learners' overall language skills. This is because it exposes students to a wide variety of styles and genres. Moreover, it is in literature that the resources of the language are most fully and skillfully used. This collaboration between oral literature and language teaching enable students can learn more about how to express their ideas through language.

Akkuma yaada olii irraa hubachuun danda'amutti afoolatti fayyadamanii afaan barsiisuun barattoonni dandeettii afaanii hunda irratti akka cimina goonfataniif gargaara. Kana malees hirmaannan barattoonni qaban akka dabaluuuf nigargaara. Gama biraatiin immoo dandeettii waliigaltee uumuu cimsuu qofa osoo hintaane, akka qabiyyee barnoota afaanitti dhiyaachuu kan danda'uudha. Afoolatti gargaaramuun afaan yoo barsiisan wantoonni wantoota bu'a qabeessummaa dabalalan ilaalchisee yaadota adda addaatu jiru .

2.1.2.2.1 Gahee Afoolaa Ogummaa Dhageeffachuufi Dubbachuu Keessatti

Afoolli ogummaa dhageeffachuu keessatti gaheen inni qabu guddaadha. Ogummaa dhageeffachuu gabbisuuf barnoota afaanii keessatti iddoo olaanaa qabaachusaa hayyoonni hedduun ibsaniiru. Andrzejewskifi kanneen biroo (1985:38) akka itti aanutti ibsa: "...the prime function of oral literature is to provide aesthetic pleasure and entertainment for the listeners". Akka yaada kanaatti, faayidaan afoolaa inni guddaan dhageeffattoota bashannansiisu akka ta'eedha. Haaluma walfakkaatuun, hawaasni afoolan gargaaramuun yeroo bashannanan dhageeffattoonni itti gammaduun kan dhageeffataniidha. Dabalataanis, afoolli aadaa hawaasaa ofkeessatti hammatee waan jiruuf, qabiyyeewwan barnoota afaaniitiin walitti hidhamiinsa qabachusaa agarsiisa. Yaada kana fakkaatu Lauritzen (1980:787) akka ibsetti, " Since oral literature was transmitted through the medium of story-teller, it reflects the devices that used to retain the story in memory and to capture the attention of the audience". Akka yaada kanaatti hojiilee jireenya dhala namaa keessatti rawwataman afoolatti fayyadamuun kan ibsamaniif, sababa afoolaan gochaawwan adda addaa ibsuun qalbii dhageeffattootaa kan hawwatu ta'uu bira darbee dhimmi afoolaan ibsame sun yeroo dheeraaf akka hinirraaffatamne gochuun kan gargaaru waan ta'eef, kan biroos afoolli jireenya ilmaan namaa wantoota adda addaatiin walbira qabee midhaagina itti uumee waan dhiyeessuuf qalbii dhageeffattootaa haalaan kan ofitti harkisu akka ta'e mul'isa. Haalli kun immoo barnoota Afaan Oromoo keessatti kanaa ol mul'achuu danda'a. Sababni isaas ummanni Oromoo afoolaasaa afaaniin (orally) dhaloota irraa darbaa

dhufeen daran waan badhaadhaa ta'eefi. Faayidaa afoolli ogummaa afaaniif qabu irratti, Peter (1994:10) akka armaan gadiitti ibseera:

In brief communication consists of two basic components: the address and the communicator. The latter requires linguistics and cultural equipment that evokes appropriate responses from the addressed party. Oral literary genres embody this equipment whose effectiveness may only be felt if addressee's five senses are culturally endowed to receive and derive meaning from the address

Akkuma yaada armaan oliirraa hubachuun danda'amutti, ogummaa dubbachuufi faayidaa afoolli afaan keessatti qabu yoo ibsu, afoolli aadaafi muuxannoo barattootaa waan ofkeessatti hammachuun akka hirmaannaa daree keessaa cimsa, kanamlees barattoonni fedhii guutuu horachuun akka ogummaa dubbachuu gabbifataniif karaa kan banuudha. Jechoonni afoolli ittiin dhiyaatu bifa midhaagina qabuun kuulamee waan dhiyaatuuf, qalbiifimiira namaa hawwachuun dhageeffachuun akka dubbataniif nama affeera. Waan kana ta'eef, barattoonni afoolaan ogummaa dhageeffachuufi dubbachuu ittiin kan gabbifatan ta'uusaati.

2.1.2.2.2 Gahee Afoolaa Ogummaa Dubbisuufi Barreessuu Keessatti

Afoolatti gargaaramuun ogummaa dubbisuu barsiisuu ilaalchisee hayyoonni waan hedduu jedhaniiru. Brumfiti Carter (1986:63) akka ibsanitti, "... the process of reading is a process of meaning creation by integrating one's own needs, understanding, and expectations with a written text". Akka yaada hayyoota kanaatti, dubbisuu jechuun fedhii, hubannoofi hawwii ofii qaban dubbisa dhiyaate tokkoon walqabsiisuun hiika kennuufii jchuudha. Waa'ee barbaachisummaa afoolaa ilaalchisee Lauritzen (1980:787) caasaan afoolli hawaasaa ittiin qindaa'u mataan isaa fedhii dubbisuu kan hawwatu ta'uusaati. Yaada walfakkaatu Collie & Stephen (1987) afoolli dhiyaatu ergaa kan dabarsuufi bashannansiisaa yoo ta'e dubbisni sun kan hinnuffisiifneefi kan barattoonni beekumsa aadaatiifi dandeettii xinqooqaas irraa gabbifatan ta'uu akka danda'udha. Faayidaa Afoolli ogummaa afaanii barsiisuu keessatti qabuun walqabsiisuun Lauritzen, (1980:787) akkasitti ibsa:

Stories which have been handed down generation to generation by repeated telling are the stories of oral tradition. In many cultures, these stories are now recorded and can be read rather than heard. Literature in oral tradition can be identified by its special

features. Of these many have to which cultural content of the tales, the type of plot structure, the types of characters and typical themes and motifs.

Yaada oliirraa akkuma hubatamutti, Afoolli seenaa jireenya dhala namaa waliin bara durii jalqabee dhalootaa dhalootatti daddarbaa kan dhufe ta'uun beekkamaadha. Gama biraan, yeroo ammaa afoolaan barreeffaman waan dhiyaataniif dubbifamanii ogummaa dubbisuu ittiin gabbifachuuf mijatoo akka ta'an agarsiisa. Kun immoo afoolaawwan qindeeffamanii barreeffamaan ta'an kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo keessa galchuun ogummaa afaanii gurguddoo afran ittiin gonfachiisuudhaaf kan gargaaru ta'uusaa mul'isa. Hayyichi kun itti dabalun caasaan seenaa afoolaa dhiyaatu, qabiyyeen aadaa hawaasaa calaqqisiisu, fakkaattonni seenichaafi ergaan afseenichaan darbu faayidaa afoolaa adda kan taasisu ta'uusaa ibsa. Qabxiin guddaan yaada armaan olii irraa hubatamu afoolli akkuma ogbarruu hammayyaa jaargocha, fakkaattota, yoomessa, waldiddaafi ergaa qabaachuu akkasuma immoo aadaa saba tokkoo akkuma jirutti kan calaqqisiisu ta'uusaa mul'isa.

Barreessaan tokko mata duree kamirrattuu yoo barreessu ergaa ciminafi gad fageenya qabu dabarsuufmalleen dubbiifi jechoota/jechamoota filatamoo ta'an fayyadamuun baay'ee barbaachisaadha.

Ogummaan barreessuu ogummaalee afaanii gurguddoo afran jiran keessaa xiyyeeffannoo guddaa kan barbaaduudha. Sababiin isaas, akka dubbachuu fuulaa- fuulatti waan dogongora sirreeffachuun rakkisaa ta'eefiidha. Waa'ee ogummaa barreessuu ilaalchisuun McMahanfi kanneen biroo (1986:7) yoo ibsan, "Writing for diverse group about whom you know little is more difficult than writing writing for a specific audience whom you know well". Akka yaada kanaatti, namni waa barreessu tokko namoota seenduubee (background) isaanii sirritti hinbeekneef barreessuurratti baay'ee kan rakkatu akka ta'e ibsa. Sababiin isaas, aadaa, barsiifata, safuufi eenyummaa namoota dhimma wayii itti barreessu sanaa osoo hinhubanne yoo barreesse ergaa karaa sirriin waan hindabarsineefuu dubbistoota biratti rakkoo fiduu kan danda'uudha.

Finnegan (1976:11) waa'ee dhageeffattoota afoolaa yoo ibsitu, namoonni dubbii afoolaan dhiyaatu tokko caluma jedhanii gurratti hinfudhatan. Itti hirmaatu. Yaada isaanii irratti kennu. Kanarraa kan hubatamu afoolli dhiyaatu muuxannoofi mudannoo akkasuma jiruu jireenya

dhageeffattootaa wajjiin waanwalqabatuuf callisanii dhageeffachuu caalaa itti akka hirmaataniidha.

Faayidaa mammaaksaa ibsamu, beekumsi qabiyyeemammaaksaa muuxannoo barattootaaf daran kan dhiyaatu ta'uusaa agarsiisa. Haaluma walfakkaatuun dhimma faayidaa mammaaksaa ilaalchisee Fiqaaduun(2007:31) waraqaa qorannoo isaa keessatti haala itti aanutti yoo ibsu, ogbarruun hunda galeessa, fedhii nama dhuunfaa kan calaqqisiisu, garagarummaa namoota gidduu jiru yaada keessa galchuu, yaada bal'aa jechoota muraasaan kan dhiyeessuufi humna qabeessa waan ta'eef, kutaa barnoota afaanii keessatti itti gargaaramuun filatamaa ta'uusaati. Yemmuu kanas, fedhii dubbachuu isaan keessatti uumuun ogummaa afaanii arfan akka fooyyeffataniif gargaara.

2.1.2.2.3 Gahee Afoolaa Caaslugaafi Hiika Jechootaa Keessatti

Afoolaan gargaaramuun caaslugaafi hiikaa jechootaa barsiisuun nidanda'ama. Tajaajilli afoolaa ogummaalee afaanii bira darbuun caasluga, hiika jechootaafi sagaleessuu kennu ilaalchisuun Rai (2012:71) akka ibsetti, "use of literature as a technique for teaching both basic language skills (i.e. reading, writing, listening and speaking) and language areas (i.e. vocabulary, grammar and pronunciation) is very popular within the field language learning and teaching". Akka yaada kanaatti afoolli ogummaawwan afaaniifi hiika jechootaa, caaslugaafi sagaleessuu ittiin barsiisuuf akka tooftaatti beekamaa akka ta'eedha.

Afoolli osoo afaanonni garaagaraa carraa barreeffamaa hinargatin uunka ofii eeguun afaaniin dubbatatamaa tureera. Afaanonni kunniin yeroo afaan barreeffamaa ta'anitti afoolli yoo barreeffamu uunka isaa duraanii afoolli qabu eeguuniidha. Yaada kana ilaalchisee Malimo (2009) akka ibsetti, "Oral literature therefore refers to traditional forms such as oral narratives, songs, proverbs, riddles and tongue twisters which may be presented in written form or by word of mouth". Akka yaada kanaatti goorowwan afoolaa kanneen akka seeneffamaa, weedduu, mammaaksaa, hibboofi irraa deddebii arrabaafi kkf yeroo barreeffaman uunka isaanii duraanii qabataniin barreeffamuu akka qabaniidha. Kana jechuun afoolli yeroo afaaniin itti dhimma bahamaa turaniirraa jalqabee seera ittin sagaleeffamufi uunka ittin jedhamu kan qabu ta'uudha.

2.1.3 Gooroowwan Afoolaa

Gooroowwan afoolaa hayyoonni wantoota adda addaa irratti hundaa'uun haala qabiyyee fi bifiiyyeetiin qoqqoodaniiru. Kanuma ilaalchisee Beekaan (2015:26) Ogafaan qoqooduurratti rakkoon yeroo dheeraaf tureera. Namoonni hanga tokko “ protagonist” irratti hundaa'anii qoodu. Warra kaan immoo faayidaa irratti hundaa'u. Kanneen biroonis madda durdurii ilaalanii qoodu. Warri hafanis yoomessa durduriin qoodu. Kanaafuu haala walfakkaatuun ogafaan qoqqooduun rakkisaadha. Haata'u malee, hayyoonni afoola unkaafi amala isaan qaban irratti hundaa'un bakka sadiitti qoodanii jiru. Haala qoodinsa kanaa ilaalchisuun, Encyclopedia of Britannica v.19 (1993:308) keessatti gosni afoolaa yoo ibsamu, “The genres of oral literature covers spoken and song expression. Oral literature may be divided into the three larger groupings of folk narrative, Oral Narratives, Oral Poetry and Witicisms” jechuun qooda. Haaluma kanaan, gosoota afoolaa kanneen unkaafi amala dhuunfaan qaban irratti hundaa'uun: afseena, ogwalaloofi unkoota gaggababoo akka ta'aniidha.

Qorataan qorannoo kanaa immoo akka kaayyoo qorannoo isaaf mijatutti qoodinsa armaan olii irratti hundaa'uun fayyadamaniiru.

2.1.3.1. Seeneffamoota

Seeneffamoota bakka sadiitti qoodama. Isaanis: Raagamtaa, afseenaafi durduriidha.

2.1.3.1.1 Gosoota Seeneffamoota

Moggaasni raagamtaa” jedhu jechoota “raagoo” fi “amantaa” jedhaman irraa madde. Jechoota lamatu walitti camadame jechuudha. Asirratti raagamtaa yoo jennu dhimma amantaa yookiin seenessuu yaadamu ofkeessatti akka hammatudha. Raagamtaan adeemsa waliin jireenya hawaasaa keessatti osoo seerri barreeffamaa hin uumamin dura falaasama, aadaafi w.k.f. kan ittiin walii qoodaa turan afaanin ta'uu isaati. Kana kitaaba wirtuu jildii 8^{ffaa} irratti Mulgeetaan (1999:164) yoo ibsu, “Raagamtaan madda odeeffannoo akka ta'etti fudhatama. Aadaan barreeffamaa osoo hindagaagin duras seenaan dhala namaa barreeffamaan osoo hincalqabamiin dura madda ragaa ...” jechuun kaa'a. yaada kanarraa kan hubatamu raagamtaan qabeenya hawaasaa kan hawaasni falaasama ittiin addeeffatu qabeenyaa abbummaa dhuunfaa hinqabne, garuu kan qabeenyaa hawaasaa ta'edha.

Raagamtaan gosoota sadi qaba. Isaanis: Raagamtaa uumamaa (Creation myth), raagamtaa ergamtootaa (Deity myth) fi raagamtaa goobaangaleessaa (Hero myth) jedhamu. Qoodinsa kana ilaalchisee Axel (1992:1) “ Narrative, in the broadest sense of the word, designates a report of an event that is passed along by word of mouth without the informants’ being able to check its origin or its previous authorities” jechuun ibsa. Ragoowwan bifa gabaasuutiin ykn seenessuutiin gochootaafi ta’insootan raawwataman kan afaaniin dabarsu ta’uusaa ibsa.

Raagamtaan uumaamaa kan uumama waan tokkoo ibsuu dha. Kunis wanti tokko akkamitti uumama, eenyutu uuma? Gaaffiiwwan jedhaman deebisuuf ija amantiitiin kan raagamee itti amanamuu dha.

Raagamtaan Ergamtoota gocha ergamtoota waaqaa irratti kan xiyyeeffatuu dha. Ergamtoonni adeemsa jireenya isaanii keessatti jagnummaa agarsiisan, gocha boonsaa raawwatan kan raagaanii dha.

Raagamtaa Goobangaleessaa keessatti seenaa goobaangaleessa hawaasa keessatti adda ta’ee dhalatuutu dhiyaata. Goobangaleessi kun yeroo heddu dhala namaa ta’ee argama. Akkaataan itti uumamu namoota kaan irraa kan adda ta’uufi yeroo dhalatu garmalee xiqqaa yookiin guddaa, jaamaa ta’uun haawasa keessatti dhalate biratti ajaa’iba jedhamee ilaalama. Innis kan dhalatuuf ummanni tokko rakkoon itti hammaatee, jiruun itti hadhaayee, walii galteen dhabamee, guddaan kabajaa dhabee, walitti bu’iinsi finiinee waaqayyo faloo kaayuuf goobangaleessa erga. Goobangaleessi kunis rakkoo uummataa kanaaf fala barbaaduuf ummata irraa addaan bahuun gochaa gootaa raawwachuun furmaata qabatee deebi’uun amala goobaan galeessaa ibsa.

2.1.3.1.2 Afseena

Afseenaan goorowwan Seeneffamaa keessaa isa tokkodha. Afseenaan dhalootarraa dhalootatti darbaa kan dhufe karaa afaaniin. Afseena ilaalchisee Canonici (1996 :85) akka hiikutti "... a fantastic narrative of oral origin based on historical characters or events that lend it credibility. It amplifies these historical elements through the imaginary intervention of supernatural or preternatural beings, also adding folkloristic motifs," jedha. Akka hiikaa kanaattii afseenaan gosa seeneffamaa ta’ee kan madda ka’uumsa bu’uureffatuudha. Kana malees caacculee seenaan tokko qabu kan qabuudha.

Bascom (1965) Afseena yoo hiiku, “...prose narratives which like myths are regarded as true by the narrator and his audience, but they are set in a period considered less remote, when the world was much as it is today”. Akka hiikaa kanaatti afseenaan kan seenaa dhugaa bu’uureffachuun seeneffamu ta’ee yeroon isaa kan tureedha.

2.1.3.1.3 Durdurii

Durduriin damee bal’aa kan qabu ta’ee kan afaaniin seeneffamuufi kan barreeffamaan jiran kan hammachuun dhalootarraa dhalootatti darbaa dhufeedha. Thompson (1946, p. 4), durdurii ilaalchisee akka itti aanutti ibse: “folktales include all forms of prose narrative, written or oral, which have come to be handed down through the years”. Akka yaada kanaattii durduriin bifa hololoo kan seeneffamu ta’ee afaaniin yookan barreeffamaan kan jiruudha. Bascom (1965:4) Durdurii ilaalchisee yoo ibsu, “Folktales are prose narratives which are regarded as fiction. They are not considered as dogma or history, they may or may not have happened, and they are not to be taken seriously”. Akka yaada kanaatti durduriin akkaataa asoosamaa ta’ee seenaa dhugaan raawwate ta’uus, ta’uu dhiisuus kan danda’uudha. Durdurii keessatti eenyu akka kalaqeeffii yoom akka kalaqame waanti beekamu hinjiru. Durduriin umurii dheeraa lakkoofsisuun dhalootarra dhalootattii afaaniin kan darbaa dhufeedha.

Durduriin akkataa dhiyaannaafi tajaajilli inni kennu adda addummaa qabaachu danda’a. Dorson (1972 :60) akka ibsetti, “The folktale embodies the highly polished, artistic story genres that have a relatively consistent, finished form. Their origin, goals and themes, on the other hand, are diverse”. Durduriin bifa miidhagaafi hawataa kan qabuudha. Akkasuumas, madda garaagara, galma adda addaafi garee yookan kutaa hawaasaa garaagaraa irratti xiyyeeffachuun kandhiyaatudha.

2.1.3.2 Af-Walaloo

Af-walaloon hawaasa dubbisuu yookiin barreessuu hindandeenyeen yookiin immoo danda’uun walaloo qindeeffamee afaaniin darbuudha. Af-walaloos akka Finnegan (1970,1990) qoqqooddetti; (poetry& patronage), faaruwwan (panegyric) ,af- walaloo gaddaa ykn du’aa (elegiac poetry),af-walaloo adamsituu (special purpose war and hunting), af-walaloo marartee (lyric), af-walaloo siyaasaa (political poetry)fi urursa daa’immanii (children songs &rhymes) akka ta’aniidha.

2.1.3.3 Unkaawwan Gaggabaaboo

Unkaawwan gaggeebaaboo jechuun gosoota afoolaa keessaa tokko ta'anii warreen haala dhiyaannaa irratti bifa gabaabina qabaniin jiraniidha. Isaanis kanneen armaan gadiiti.

i. Mammaaksa: "Mammaaksi dubbii fida ykn dubbii fixa; ittoon soogidda malee, dubbiin mammaaksa malee, hinmi'aayu; gamnatti nifuulchu, gowwaatti nihimu" jedha Oromoon. Achebe (1962:6) mammaaksa ilaalchisee akka jedhetti "proverbs are the palm oil with which words are eaten." Mammaaksi baay'ee jaalatama. Beekumsa garee tokkoo mul'isa. Gabaabinaafi miidhaginaan beekamu. Jechoota muraasa filachuun fayyadama. Qiyyaafannoofi xiyyeeffannoo dandeettii qooqaa mul'isu fayyadama. Himamsa iddeessaa waan ta'aniif raawwii ykn muuxannoo tokkoon wal qabsiisanii dhugaa mul'isu.

ii. Hibboo: Tapha jechootaan taphatamu ta'ee, kan ruqiileen shaakala dandeettii sammuu fi jechaa sadarkaa adda addaa keessatti walmakate. Hibboon muxannoo bara dheeraa labataa labatatti afaaniin darbaa dhufeedha. Hibboon bilchina sammuu mirkaneessa; maalummaa saba tokkoo hubachiisa; baattuu daddaqaafi mimmiliqaa as gaheedha. Hibboon ilaala qaroomummaati. Hibboon haala gaffiifi deebiin nama lama gidduutti afaaniin taphatama. Haala dhiyaanna hibboo ilaalchise (Nijoroge (1984 : 54) akka itti aanutti ibse:

A riddle is a statement, question, or phrase that has a double meaning. It can also be described as a puzzle to be solved. Riddles can be thought provoking or funny comments that make us laugh. In oral literature, riddle is a genre of the short form; it commonly follows a definite stylistic pattern of riddling it can be rhyming or non-rhyming.

Akka yaada kana irraa hubachuun danda'amutti hima gaaffii ykn gaaleen kandhiyaatu ta'ee hiikaa lama kanqabuudha. Hiibboon uunka gabaabaa qabaatee bashannansiisaa kanbarsiisuudha.

iii. Soorgoofi sookoo: Yaada sammuu keessatti uumamu shaakaluuf garuu carraa namaa kennuun beekamoodha. Akkuma hibboo salphaatti bashannansiisuuf bu'aa qaba. Kunis sagaloota ykn jechootarratti ciminaafi saffisa tokko agarsiisuun.

iv. Geerarsa: Warquun (2001:10) akka ibsetti, geerarsi afoola Oromoo keessaa tokko ta'ee sababa adda addaatiin ifa baha. Yeroo duulaa, hojii gamtaa, bineensota gurguddoo ajjeessanifi mana hidhaa galanii quuqqaan itti dhagahamuufi kkf akka geerramu ibsa.

2.2 Dhiyaannaa

Dhiheenyaa qophii qabiyyeen baarnoota afaan waliin yaada walqabateedha. Qophii qabiyyeen wanta barumsaaf dhihaate sana (Subject matter) kan ibsuudha. Jecha biraatiin haalli dhiheenyaa qabiyyee barnoota afaanii akkamitti qopha'uu qaba? kanjedhurratti yaadaafi ilaalcha dhihaachaa jiru kan ibsuudha. Inni kunis isa afaan barsiisuu keessatti ka'umsa gochawwaniifi qajeelfamootaa tahee kan tajaajiluudha. Yaada kana ilaalchisuun Richardsfi Rodgers (2001:20) akka itti aanutti ibsan: “approach refers to theories about the nature of language and language learning that serve as the source of practices and principles in language teaching”. Akka ibsa oliirraa hubachuun danda'amuutti, dhiyaannaan madda qajeelfamaafi shaakala barnoota afaan barsiisuti. Yaada kanaan walfakkaatu Richardsfi Rodgers (1986:16) yoo ibsan, “an approach is usually understood as the body of linguistic, psychological and pedagogical theories which inspire the teaching practice”. Akka yaada kanaatti dhiyaannaan afaan baratamu, xiinsammuufi yaaxxina afaan barachuu walitti fiduun akkaataa qabiyyeen barnootaa qabatamaan hojiirra itti oolu kankallattii kaa'uudha.

Stern (1983) akka ibsetti, “approach is foundations/theoretical assumptions and to a level interlevel between theory and practice where the educational linguistics theory and research take place”. Akka yaada hayyuu kanaatti immoo dhiyaannaan qorannoo afaan barsiisuu yaaxxinaafi qabatamaa jidduu jiru akka ta'eedha.

2.2.1 Dhiyaannaa Afaan Barsiisuu Yeroo Ammaa Hojiirraa Oolaa Jiran

Dhiyaannaan yeroo garaa garaa qorannoon deegaramuun yeroodhaa gara yerootti fooyaa'aa dhufaniiru. Qorannoon gaggeeffaman kunneenis wantoota adda addaa giddugaleeffachuun bakka garaagaraatti qoodamuu danda'aniiru. Dhiyaannaa yeroo ammaa hojiirraa oolaa jiru ilaalchisuun Yule (2006: 166) akka itti aanutti ibse: “More recent revisions of the language learning experience can best be described as communicative approaches.---. This approaches are likely to be organized around concepts such as ‘asking for things’ in different social settings, rather than ‘the forms of the past tense’ in different sentences”. Akka yaada kana irraa hubachuun danda'amutti, yeroo ammaa afaan itti barsiisuu keessatti kanbaay'ee fudhatama argate dhiyaannaa waliigaltee akka ta'eedha.

Dhiyaannaan kun kan irratti fuulleffate qophiin qabiyyee barnootaa afaanii jiruufi jireenya hawaasaa haala qabatamaan ibsuu irratti malee, uunka afaaniifi caaslugaaf iddoo kan hin

kennineedha. Haala dhiyaannaa waliigaltee ilaalchisuun Richardsfi Rodgers (2001: 2) dhiyaannaan qajeelfama waliigalteen afaan barsiisuun walqabatee kan dhiyaachuu danda’u akkaataa meeshaaleen irratti hunda’uun kan gurmaa’an ta’uu kaasuu. Dhiyaannaa waliigaltee warri jedhamanis:dhiyaannaa afaan barsiisuu gocha bu’uureffate, dhiyaannaa hiika bu’uureffate, dhiyaannaa qabiyyee bu’uureffate, dhiyaannaa heddeefi dhiyaannaa gurmuun barachuu yoo ta’an, tokkoon tokko isaanii haala armaan gadiitin ilaaluun nidanda’ama.

i. Dhiyaannaa Afaan Barsiisuu Gocha Bu’uureffate

Dhiyaannaa afaan barsiisuu gocha bu’uureffate tooftaa waliigalteen afaan barsiisuutiin kan walqabatu yoo ta’uu, gochi shaakala afaan baratamuu sanatu gara kaayyoo afaan barachuutti geessa. Kana jechuun afaan kan baratamu shaakala barattoonni gaggeessan keessatti. Gochoonni dhiyaatan kan ogummaawwan afaaniin walfudhatanii wanta tokko giddugaleefachuun dhiyaatu. Yaada kanaan walfakkaatu Cerezal (1996:183) akka ibsetti, “task-based approach focus how a learner applies his or her communicative competence to undertake a selection of tasks”. Akka yaada kanaatti dhiyaannan gochaa akkaataa waldorgommii barattoonni gocha tokkoon walqabatee gaggeessanii kanqabatuudha. Gama biraatiin shaakala rakkoowwan adda addaafi tartiibessuu, hanqina guutuu, sadarkeessuu, sirreessuufi kanneen biroo kanhammatuudha. Yaada kanaan walfakkaatu Skehan (1998:95)akka ibsetti, “task-based approach involve problem-solving activities with a single or with several solutions closed or open-ended tasks”. Akka yaada kanaatti dhiyaannan gocha bu’uureffatu shaakala rakkoolee furuu, furmaata kennuu yaada daangeffameen yookan bilisaan ibsachuu kan hammatuudha.

ii. Dhiyaannaa Hiika Bu’uureffate

Akka dhiyaannaa hiika bu’uureffatetti, shaakalli gaggeeffamu unkaafi hiika giddugaleeffata. Yaada kanaan walfakkaatu Lewis (1997b: 3) yaada kana ilaalchisee akka ibsetti, “The Lexical Approach can be summarised in a few words: language consists not of traditional grammar and vocabulary but often of multi-word prefabricated chunks”. Akka yaada kanaatti dhiyaannan hiikaa jechoota hedduu uunka sirrii qabataniin walfaana dhufanii akka hiikaman kantaasisuudha malee, akka kan jijjiirraa caaslugaa jechoota jechootan kan hiika itti kennuu miti. Wills(1990) barattoonni si’aayinaan barachuuf kallattumaan dubbisuufi dhaggeefachuutti akka hirmaatan barsiisaan taasisuudha.

iii. Dhiyaannasan Qabiyyee Bu'uureffate

Dhiyaannasanqabiyyee bu'uureffate kan inni xiyyeeffatu odeeffannoo kennuu irratti. Kana jechuun qabiyyeen barnootaa dhiyaate tokko osoo baratamuu adeemsa sana keessa barattoonni gahuumsa afaan isaanii guddifachaa deemu. Yaada kana fakkaatu Briton (1989) akka ibsetti, “content-based language teaching is primary subject matter, and language learning occur incidentally to the content learning”jedha. Akka yaada kanaatti dhiyaannaa qabiyyee bu'uureffate keessatti ogummaaleen afaaniifi qabiyyeewwan afaanii biroo kallattiin hinbarsiifamani. Barattoonni qabiyyee biraa yogguu baratan alkallattiin afaan barachaa kandeeman ta'uudha. Gama biraatiin, dhiyaannaan kunhaala barattoota hawwatuufi sadarkaa isaaniin walmadaaluun ta'uu qaba. yaada kana ilaalchisuunFernández and Sánchez(2001) akka ibsanitti, “Content-based instruction also addresses students’ needs and builds upon the learners’ previous experience, connecting it to the new information they receive”. Akka yaada kanaatti dhiyaannaan qabiyyee bu'uureffate kan giddugaleeffachuu qabu fedhii barattoonni wanta haaraa barachuuf qabaniifi muuxannoo barattoota akka ta'eedha.

iv. Dhiyaannaan Heddee

Dhiyaannaan heddee qabiyyeen afaan ittiin barsiifamu matadureewwan adda addaa gidduu galeeffachuun kan qophaa'uudha. Dhiyaannaa kana irratti Tanner(2001a:40) akka ibsetti,“ Students will feel more activated and drawn into language learning, something which will enhance their motivation, increase their interest, accentuate their otherwise hidden strengths, and augment their willingness to take risks and try out new thinking processes”. Akka yaada kanaatti barattootaaf qabiyyee afaanii gosa adda addaa qopheessuun barattoota keessatti kaka'uumsa uumuun cimina guddaafi fedhii isaan baruumsaa qabana akka dabaluu kantaasisuu ta'uudha.

v. Dhiyaannaan Gurmuun Barachuu

Dhiyaannaangurmuun barachuu yaada haaraa barattoonni walitti qindaa'uun akka barataniif dhiyaatedha. Kun immoo barattoonni gareedhaan gurmaa'uun galma barnootaa bira gahuuf kanwaldeeggaruun barataniidha. Dhiyaannaa kana keessatti barattoonni dhuufaa isaaniin carraaquurraa walta'anii, waldeeggaruun akka barataniif jajjabeessa. Hojiirra oolmaa dhiyaannaa kana ilaalchisee Richardsfi Rodgers (2001:27) akkasumas, Naughton (2004:21) qajeelfamoota shan kaa'aniiru. Isaanis:

1. *Positive interdependence: it occurs when the success or failure of each group member is linked to the success or failure of the entire group.*
2. *Individual accountability: it refers to a situation in which both the group assumes responsibility for achieving set goals and each individual member assumes responsibility for his/her part of the task.*
3. *Interpersonal and social skills: they determine the way in which learners interact with each other in order to attain their objectives and are usually taught explicitly to guarantee successful interaction.*
4. *Group formation or group processing: it involves making decisions as regards the size, make-up, or roles of and within the group and evaluating its success or limitations.*
5. *Structuring and structures: it alludes to the different ways in which student interaction can be organised.*

Akka yaada kanaatti barattoonni gareen akka barataniif qajeelfamoota bu'uureffatamuu qaban keessaa warren murteessoo ta'an shantu jiru. Isaanis:

1. Dhunfaafi waliin milkaa'uu: haalli kun barattoonni gareen barachuu keessatti milkaa'inni argamu kan barattoota dhuunfaafi akka gareetti.
2. Itti gaafatamummaa dhuunfaa: hojii gareen hojjatamu keessatti barattoonni hirmaannaan isaan akka dhuunfatti qaban milkaa'ina gareef murteessaa ta'uudha.
3. Barattoonni garee tokko keessatti hirmaatan hariiroo sirrii qabaachuu: akka yaada kanaattii barattoonni waliin yeroo hirmaatan walkabajuufi walii abbumamuun hirmaachuu akka qabaniidha.
4. Haala mijaa'ina qabuun gurmeessuu: kana keessatti lakkoofsi barattoonni ittin ijaaramaniifi ga'uumsi barattoonni dhuunfaan qaban irrattii hundaa'uun gurmeessu.
5. Caaseffama garee: gareen kan hundaa'u akka dareef mijaa'uun kallattii garaagaraan gurmeessu.

Walumaagalatti akka yaadota kanarraa hubachuun danda'amutti afaan barsiisuuf dhiyaannawwan armaan olitti tarreeffaman kanneenitti dhimma bahuun akka danda'amu kaasu.

2.2.2 Haala Dhiyaannaa afoolaa

Haalli dhiyaannaa afoolaa daree barnootaa keessatti ittiin dhiyaatu irratti hayyoonni yaada gara garaa kaa'aniiru. Jacobs(1966:3) goroo afoolaa tokko yeroo dhiyaatu wantoonni of eegannoon taasifamuu barbaachisu, haala jiruufi jireenya hawaasichi keessatti dhiyaatuun kan walqabatu ta'uu qaba; gama biraatin, afoolli dhiyaatu kan qabatamaan hawaasicha keessatti dhimma itti bahamaa jiru bu'uura gochachuun qophaa'uu; Kana malees, afoolichi dhiyaatu kan sammuu barattootaa sanaan walmadaalu ta'uu akka qabu; yaadonni kundamee gurguddoo sadan xiyyeeffannoon kennamuuf yoo ta'an isaan kana keessatti waantoonni akka ergaa darbuu, faayidaa irraa argamuu, tajaajilaa, gahee qooda fudhattootaa, duudhaa hawaasaa, yeroo kennamee, afoola dhiyaatufi iddoo itti dhiyaatu, eenyummaa hirmaattotaa, wantoota dhimmichaaf barbaachisa ta'aniifi kanneen biroof xiyyeeffannaan kennamuu akka qabu kaa'a .

Gooroowwan afoolaa daree barnootaaf dhiyeessuun tooftaa mataa isaa danda'e qaba. Yaada kanaan wal fakkaatu Ebong (2004:1) akka ibsutti:

songs, role-playing, riddles, proverbs and telling of folktales that are used in most indigenous societies to help children acquire a language or for entertainment ...in language teaching, which involves the combination of the use of textbooks, tape recordings, filmstrips, slides and classroom presentation has been found to be boring, lacking in motivation and enthusiasm and therefore lead to reluctance of students in participating in class activities.

Akka yaada kanaatti gooroowwaan afoolaa akka weedduu, taphaa, mammaaksaafi oduu duriitti dhimma bahuun afaan barsiisuun barattoonni ciminaan akka barachuu kaassatti hirmaatan kan taasisuu yoo ta'uu meeshaaleen akka sagalee waraabduu, fiilmii, agarsiistuu daree barnootaa keessatti itti dhimma bahuun kaka'uumsan barachuu barattootaa kan gad buusu ta'uudha.

2.2.2.1 Wantoota Afoolli Bu'uura Godhachuun Dhiyaatu

Afoolli kitaaba barnoota keessatti dhiyaatu wantoonni bu'uuraffatu keessaa isaa gurguddoon kanneen armaan gadiiti. Isaanis:

2.2.2.1.1 Dhiyaannaa afaan bu'uureffate

Dhiyaannaan kun maal irratti akka xiyyeeffatu afaan irratti gahuumsa horuudha. Adeemsa barumsa keessatti kaayyoo barumsa afaanii galmaan gahuuf haalli dhiheenya hordofuu kan of danda'e jiraachuu isaati. Yaada kana ilaalchisuun Pinar and Jover (1987:2) akka itti aanutti ibsan: "Studying the language of the literary text will help to integrate the language and literature syllabuses more closely. Students are encouraged to draw on their knowledge of familiar grammatical, lexical or discursal categories to make aesthetic judgement of the text." Akka yaada armaan oliirraa hubachuun danda'amutti, afoolaafi afaan wal fudhachiisun qabiyyee barnootaa qopheessuu silabasii barnootaaf keessatti dhiyaannaa mijataa fida. Kun immoo barattoota keessatti kaka'uumsa gaarii uumun beekumsa caaslugaa, hiika jechootaa akka goonfataniif mijataa ta'a.

2.2.2.1.2 Haala dhiyaannaa ogummaa afaanii bu'uureffate

Haalli dhiyaannaa kanaa afoolaan ogummaalee afaanii arfaan ittin barsiisuuf kan tajaajiluudha. Lazar (1993:23) dhimma kana ilaalchisee yemmuu ibsu, malli dhiheenya ogummaa afaanii bu'uureffate afoola fayyadamuun afaan barachuun walitti dhufeenya afaaniifi afoolaa akkasumas ogbarruu kaayyoo barumsa afaaniitiin walitti fiduuf gargaara. Kunis barattoonni beekumsa afaanii barumsaaf dhiyaatee akka gabbifataniif gargaara. Haalli dhiheenya ogummaa afaanii gabbisuu kunxiyyeeffannoon isaa afoola akka dirree qorannootti qorachuu miti. Xiyyeeffannoon isaa inni guddaan afoola kitaaba barnoota afaaniifi barumsa afaanii keessatti akkamitti itti fayyadamuun akka danda'amurrattiidha.

Hojiileen kalaqaa adeemsa itti fayyadama ogummaa afaanii waan si'eessaniif akka madda afaan barsiisuutti akka oolaniif haala kan mijeessaniidha. Dabalataanis, hojiileen kalaqaa marii garee kutaa keessaatiif carraa waan kennaniif, barattoonni ogummaa afaanii hundaanuu keessattuu, dubbachuufi barreessuurratti dammaqinnaan hirmaannaa hoo'aa akka taasisaniif gargaara. Kana hojiirra oolchuuf immoo afoolli afaan barsiisuuf filatamanii kitaaba barnootaa keessatti hammataman ogummaa afaanii dhageeffachuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuuf kan mijaa'an ta'uu qabu (Lazar, 1993:27).

Karaa biraatiin Brumfitifi Carter (1986:110) akka ibsanitti barattoonni yeroo hundumaa gosa afoolaa kitaaba barnootaa keessatti dhiyaateef tokko irratti ibsa gahaa kennuuf qophaa'oo waan hintaaneeff haala qaabatamaarraa ka'uun ibsa kennuu kandandeessisuufi hojiilee

ogummaa afaanii bu'uura godhachuun qophaa'an dursanii barachuu qabu. Yaaddolee armaan olitti dhiyaatanirraa hubachuun akka danda'amutti tokko tokkoon malleen dhiheenya kaayyoo barumsa afaanii kangalmaan gahuu danda'amu yoo ta'e filatama. Kanas gochuun kandanda'amu haala mijataa afoolli kitaaba barnootichaa keessatti hammatameefi qophiifi hordoffii barsiisaan afoolaan ogummaa afaanii barsiisuuf taasisuunidha.

2.2.2.1.3 Afoola akka qabiyyeetti dhiyeessuu

Afoola akka qabiyyeetti dhiyeessuun immoo afoolli daree barnootaaf kandhiyaatu afoolicha akka gosa barnootaatti dhiyeessuun akka baratamu taasisuufi. Yaada kanaan walfakkaatu Pinar and Jover (1987:2) akka itti aanutti ibsan: "In this case literature itself is the content of the course, which concentrates on areas such as the history and characteristic of literary movements; the social, political and historical backgrounds to a text; literary genres and rhetorical devices". Akka yaada oliitti, afoola akka qabiyyeetti dhiyeessu xiyyeffannoon isaa ergaa, gahee hirmaattoota, hawaasaa, siyaasafi seenduubee afoolichaa; gosaafi dhaamsa isaarratti ta'a.

2.2.2.1.4 Dhiyaannaa afoolaa barattoota gahoomsuf

Akka dhiyaannaa kanaatti afoolli daree barnootatiif kan dhiyaatu barattoonni muuxannoo dhuunfaan akka horataniif kan jajjabeessudha. Yaada kanaan walfakkaatu Pinar and Jover (1987:2) akka ibsanitti, "Oral literature encourages students to reflect on their own personal experiences, feelings and opinions. At the same time of learning language, they become more active, both intellectually and emotionally. This method is also an excellent stimulus for groupwork". Akka yaada olirraa hubatamutti afoolli kan dhiyaatu barattoonni muuxannoo qaban akka cimsatan, fedhii ofii akka ibsataniifi yaada qaban akka calaqisiisan yaadameeti. Tooftan kun immoo barattoonni akka gareen hojjatan jajjabeessa.

2.2.2.1.5 Dhiyaannaa afoolaa uunkaan

Haala dhiyaannaa kanaa ilaalchisuun Pinar and Jover (1987:2) yoo ibsan, "Stylistics has two main objectives: firstly, to enable student's to make meaningful interpretations of the text itself; secondly, to expand students' knowledge and awareness of the language in general". Akka yaada oliitti Afoola kaayyoo lama milkeessuuf kandhiyaatu: inni duraa barattoonni waanta baratamu

akka xinxaalanif; inni lammaffaa immoo hubannoofi beekumsa afaanii barattoonni qaban gabbisuufi .

2.2.2.1.6 Dhiyaannaa hawaasaa bu'uureffate

Barnoota afaanii keessatti dhiyaannaa hawaasaa jechuun aadaa hawaasaa ogbarruu waliin bifa waliif firoomuutiin afaan dubbiiif barreeffamaa fayyadamuun kaayyoo barumsa afaanii yaadame galmaan gahuuf mala barumsaa hojiiarra oole jechuudha. Ibsen (1995:147) yaada kana fakkaatu yoo ibsu, barattoonni dandeetti hawaasummaa (social skill) Eenyu? Eenyu wajjiin? Eenyuuf? Yoom?... gaffilee jedhan hubachuun afaan barumsaa sana akka sirni duudhaa hawaasa sanii eeyyamutti akka itti fayyadaman taasisa jedha. Akka yaada kanaatti barattoonni afoolatti gargaaramanii afaan barachuun eenyummaa isaanii barsiisuu irraatti qooda guddaa akka qabuudha.

2.2.2.2 Haala Dhiyaannaa Goorowwan Afoolaa

2.2.2.2.1 Haala Dhiyaannaa Hibboo

Hiboon hiima, gaaffii yookan gaaleen kan dhiyaatu ta'ee hiika lama kan qabuudha. Hibboon gooroowwaan afoolaa keessaa warraa unka gaggabaaboo jalatti ramadama. Unki inni qabu haala walaloo yookan hololoon ta'uu danda'a. Yaada kana fakkatu Nijoroge(1984: 54) akka itti aanutti ibse, "In oral literature, riddle is a genre of the short form; it commonly follows a definite stylistic pattern of riddling it can be rhyming or non- rhyming" . Akka yaada kanaatti hibboon haala dhiyaannaa murta'aa kan qabuuf bifa walaloo yookaan hololoo eegee kan dhiyaatudha.

Hibboon akkaataa sadarkaa ulfaatinaafi uunka qabatuun bakka garaagaraatti qoodama. Akkataa gosa isaan immoo bakka lamatti qoodama. Hibboo hiphifi hibboontariidha. Hibboo hiphin malleen dubbiiitiin kan ibsamu ta'ee deebii argachuuf hubannoofi ofeegannoo kan barbaadudha. Yaada walfakkaatu Oxford Advanced Learner's Dictionary (2006) akka ibsetti, "An enigma is a problem in which the solution is expressed metaphorically, and it requires cleverness and careful thinking for its solution. It is mysterious and difficult to understand". Akka yaada kanaatti deebii isaa argachuun cimina sammuu kan gaafatu ta'ee deebii argachuun rakkisaafi hubannoo guddaa kan gaafatuudha.

Gosti hibboo inni lammaffaan tooftaa sirnaan sagaleessuu kan adda itti baafataniidha. Yaada walfakkaatu, Oxford Advanced Learner's Dictionary (2006) akka ibsutti, "Conundrum is a question, usually involving a trick with words that one asks for fun. Colloquially it is used to refer to a seemingly unanswerable question or the like; it is technically a riddle with a pun for an answer". Akka yaada kanaatti jechoota waliin deeman akka sagaleessan taasisuun gufannaa gidduutti mul'atu kan itti adda baafataniidha.

Hibboon akkataa ulfaatina isaatiin : salphaa, ulfaataafi xaxamaa jechuun qooduun ni danda'ama. Yaada kana fakkaatu Nijoroge (1984: 53) akka ibsetti, "Riddles can also be classified based on their level of difficulty as simple and complex". Akka yaada kanaatti sadarkaa hibboon hubannoo gaafatuun kan agarsiisuudha. Salphaa kan jedhamu yoo deebiin isaa salphaa ta'eedha. Haalli caaseffama isaa hima tokko yookan lamaan ta'ee, deebiin isaa gabaabaa bifa jechaa yookan gaaleen kan deebi'u yoo ta'eedha. Tajaajilli isaas wanta tokko sammuu qabataniidha deebisanii dubbachuuf kanneen gargaaraniidha.

Gosti sadarkaa hibboo biraa immoo hiibboo ulfaatadha. Hibboo xaxamaan hima lamaafi isaa oliin kan dhiyaatu ta'ee, deebiin isaas ibsa kan barbaaduufi hima tokkoo oliin kan deebi'uudha. Yaada walfakkaatuun, Nijoroge (1994: 49) and Finnegan (1970) akka ibsanitti, "a riddle is considered difficulty (1) when it is with more than two sentences, and (2) its answer is an explanation with more than one sentence". Hibboo gosa kanaa haalli dhiyaanna isaa bal'ina kan qabuufi deebiin isaa ibsa barbaada. Deebii isaa ibsuuf hubannoo cimaafi dandeettii ibsuu gaafata.

Gosti hibboo sadaffaan immoo, hibboo xaxamaadha. Gosti hibboo kanaa cimina guddaa barbaada. Gosa hiibboo kanaa ilaalchisee, Tucker (2008: 24) akka itti aanutti ibse: "an interrogative ludic routine incorporating some form of contrived ambiguity". Akka yaada kanaatti gosti hiibboo kanaa bifa gaaffii taphaaf dhiyaatu fakkatee, deebiin isaa tartiibasirrii eeguun kan deebi'uudha. Gosti hibboo kun wanta jalqabamee hafe akka xumuramu kan taasisuudha. Kana malee yaada walmormisiisaa dhiyeessuun akka yaada tokko irratti kan falmisiisudha. Gosti hibboo kun xiinxala guddaa gaafata. Tucker (2008) itti dabaluun akka itti aanutti ibse, "the interrogative routines contain dynamics of power". Kana jechuun gosti hibboo waanta tokko akka xiinxalan taasisuu keessatti gahuumsa cimaa kan qabu ta'uudha.

Hibboowwan kanneen akkaataa sadarkaa barattoota irratti bu'uureffachuun dhiyeessun nidanda'ama. Kanaaf immoo dursanii gosa hibboofi sadarkaa barattoota adda baasuu barbaachisa.

2.2.2.2.2 Haala Dhiyaannaa Durdurii

Durduriin seenaa durii bu'uura godhachuudhan aadaafi muuxannoo jireenya hawaasaa irraa kanijaarameedha. Samuel (2005) durdurii yoo hiiku, "folktales as "rich oral histories grounded in cultural tradition and life experiences" jedha. Kana jechuun durduriin aadaa, haala jireenya hawaasaa ofkeessatti hammatee kan seeneffamuudha. Durduriin kuufama muuxannoo ofkeessaa qaba. Waantoota bara adda addaa hawaasa keessatti raawwatan galmeessaa kan deemudha.

Durduriin hunda wantoonni walfakeessan keessaa tokko qabiyyee fi haala itti seeneffamu qabaachuudha. Zdybiewska (2004) yaada kana akka itti aanutti ibse, "folktales exist in different cultures, they more or less share some common characteristics. Particularly content and diction, among several others". Akka yaada kanaatti durdurii addunyaa kana irra jiran amaloota wal isaan fakkessan qabaachuudha.

Qabiyyeen durdurii ta'iinsota duraa duubummaa isaanitiin kantartiibessuudha. Yaada walfakkaatu Zdybiewska (2004) akka itti aanutti ibse, "Folktales tend to structure events chronologically". Kana jechuun durdurii duraa duubummaa yaadaa hordofuun ta'iinsota kan dhiyeessudha.

Sirnaan seenessuun immoo, seenessoo keessatti ibsa biraa osoo hindaballe seenicha haala jiruun seenessuudha. Yaada kana Zdybiewska (2004) akka itti aanutti ibsa: "Diction Generally, the language used in folktale narration is simple". Kana jechuun afaan durdurii seenessutti dhimma bahe kan ilaallatuudha. Kana jechuun qabiyyee barnoota afaanii keessatti durdurii akka qabiyyee dubbisaatti qopheessuun akka barattoonni afaaniifi ogummaawwan afaanii ittiin baratamu taasisuun akka danda'amuudha.

Durdurii haala itti dhiyaatu ilaalchisuun hayyoonni yaada kaa'an kanneen armaan gadiiti. Haala dhiyaannaa durdurii Abioye (2010:33) ilaalchisee akka itti aanutti ibse, "As the reader approaches the material to be read, he is expected to perform certain tasks before, during or after he has finished reading." Akka yaada kanaatti durduriin akka meeshaa dubbisuutti dhimma yoo

itti bahame adeemsa dubbisuu sadan (shaakala dubbisa duraa, yeroo dubbisaafi dubbisa boodaa) eeguun gochaawwan raawwataman dhiyeessun akka danda'amudha.

Hauck and Donato (1993) haala dhiyaannaa durdurii ilaalchisuun akka itti aanutti ibsan, “ PACE-model, an approach, which is also story-based and participatory and is intended to allow the learner comprehend and experience the functions and purposes of language through integrative discourse”. Akka yaada kanaatti barattoonni bu'uura seenaa durdurii dhiyeessuu irraa ergaafi muuxannoo akka hubatan kan taasisuudha.

Hammer (2001) dhiyaannaa dhiyaannaa kana ilaalchisuun akka itti aanutti ibse: “folktales favours a communicative approach, which lays emphasis on the importance of language functions rather than focusing on grammar and vocabulary”. Akka yaada kanaatti durdurii haala dhiyaannaa waliigaltee keessatti itti gargaaramuun afaan barsiisuun akka danda'amu kan ibsuudha.

2.2.2.2.3 Haala Dhiyaannaa Af walaloo

Afwalaloon ogummaa afaanii barsiisuu keessatti iddoo olaanaa qaba. Akka toorri intarneetii www.ccsenet.org/ies International Education Studies Vol. 7, No. 4; 2014,haala itti aanutti ibsa:

Oral Poetry is a significant genre for teaching and learning language skills. Some benefits of teaching oral poetry for language learning can be counted as follows: (1) Providing learners with different viewpoints towards language applications. (2) Motivating the learners for personal interpretations and explanations. (3) Evoking emotions and ideas in both heart and mind. (4) Making the learner familiar with figures of speech (metaphor, simile, etc.).

Akka yaada kanaattii afwalaloon barnoota afaaniitiif tajaajila heddu kan qabudha. Tajaajilli afwalaloo 1. Barattoonni gochaawwana afaanii adda addaa akka dalagan kan taasisuu, 2.Barattoonni kaka'uumsa horachuun akka hirmaatan godha, 3. Si'aayina sammuu ni dabala. 4.Barataan malleen dubbiin akka walbaru godha.Çubukçu (2001),akka ibsetti: “ Oral poetry is an encouraging and interesting exercise with the elements of rhythm conveying love and appreciation for the sound and power of language” . Akka yaada kanaatti, afwalaloon barattoota akka walaloof jaalala horachuun shaakalan kan jajjabeessuudha. Kunis okla'uufi gadbu'uu sagalee, kissaga sagaleefi kussaga sagalee afwalaloo keessatti adda nibaafatu. Kana malee,

tajajila afwalaloo dhimma adda addaaf akkamitti akka oolu ni hubatama. Khatib (1999:148) haala dhiyaannaa afwalaloo ilaalchisuun akka itti aanutti ibse: “The new approach to teaching Oralpoetry was designed to offer students ample opportunity to react to the poems based on their own experiences, emotions and ideas”. Akka yaada kanaatti ogwalaloo baruumsaaf akka dhiyaatamuuf yoo wixinaa’u akka barattoonni muuxannoo qaban irraa ka’uun hubatan, kaka’uumsaa guddaan keessatti hirmaachuun yaada isaa akka hubatan haala dadadeessisuun ta’uu qaba kan jedhuudha.

Dhiyaannaa afwalaloo hayyoonni bakka lamatti qoodanii dhiyeessan jiru. Isaan keessaaParan (2006) qoodinsa kana akka itti aanutti ibse: “Two main pedagogical approaches to teaching oralpoetry (1) Stylistics, an approach that analyzes the language forms of the text, and (2) Reader-Response, an approach that concerns itself with the reader’s interaction with the text”. Akka yaada kanaatti afawalaloo akkataa itti dhiyaatuufi hubannoo qaamni dubbisu yookan dhaggeeffatuun kan bu’uureffateedha. Kun kan agarsiisu xiyyeeffannaan afwalaloo barsiisuuf dhiyaatee kami? kan jedhuuni.

Afwalaloo daree barnootaa keessatti dhiyeessuun dandeettii yaaduu barattootaa kancimsuudha. Tajaajila afwalaloo ilaalchisee Shirley (1983 :1) akka ibsetti, “Oralpoetry as one stage of the process of sharpening thinking skills that are important in responding to various types of advertising. Oralpoetry, students recognize the function of connotation, denotation, symbolism, and imagery”. Kana jechuun afwalaloo barnootaaf dhiyeessuun dandeettii barattootaa qaruun kallattii garaagaraan akka hubatan isaan taasisa. Keessattuu hiika kallattii, dhokataa, fakkoommiifi yaada akka adda baafatan taasisuu kandanda’uudha. Thomas (2000: 164) yaada walfakkatu akka itti aanutti ibse:

The primary aim of the “new approach” proposed in this study is to stimulate students to read and to encourage their responses. The main focus of attention in this approach is the text itself, not commentary or background information about the text. This approach emphasizes vocabulary expansion, reconstruction, reduction, replacement, matching, reading loud by instructor, silent and oral reading by students, writing poetry and many other techniques. To this end the following research questions were formulated.

Akka yaada olii kanarraa hubachuun danda’amutti, dhiyaannaan haaraa afwalaloo barattoonni akka walaloo dubbisaniif fedhii keessa isaanitti uumuun kan jajjabeessudha. Xiyyeeffannoon

isaa inni guddaan qabiyyeedhuma yeroo sana dhiyaatedha. Qabiyyecha sana keessatti akka hiika ibsan, irra deebi'uun akka ijaaran, gabaabisanii dhiyeessuu, bakka buusuu, firoomsuu, sagalee olkaasuun dubbisuu, callisaafi afaaniffaan dubbisuufi walaloo akka barreessan gochuun kan danda'amu ta'uudha.

2.2.2.2.4 Haala Dhiyaannaa Mammaaksa

Mammaaksi gosoota afoolaa uunka gaggabaaboon dhiyaatu keessaa tokko ta'ee ergaa cimina qabu kan dabarsuudha. Maalummaa mammaaksa ilaalchisee Mieder (2004:4) akka ibsetti:

Proverbs [are] concise traditional statements of apparent truths with currency among the folk. More elaborately stated, proverbs are short, generally known sentences of the folk that contain wisdom, truths, morals, and traditional views in a metaphorical, fixed, and memorizable form and that are handed down from generation to generation.

Akka yaada kanaatti mammaaksa jechuun hima duriin kan ijaarame ta'ee dhugaa amma mul'atu kan qabateedha. Mammaaksi duudhaa, dhugaa, safuu hawaasaa galmeessuun dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha. Mammaaksi akaakuu ogafaanii (oral literature) keessaa warra hundarra gabaabinaafi amala dhaabbataa ta'e qabaachuun beekaman keessatti ramadama. Akaakuu ogafaanii keessaa gosa hedduu jaalatamuudha. Kanarraa kan ka'ee haasaan saba Oromoo mammaaksaan yoo deeggarama jaallatama. Nama dubbiisaa mammaaksaan miidhagssee dubbachuu jaalatuufi danda'uun "abalu haasa beeka" jedhu. Namni dandeettii akkasii qabu ogummaa afaanii qaba jedhama. Oromoon nama mammaaksa danda'uun "dubbii ni danda'a" jechuun barbaachisummaafi walitti dhufeenya ogummaa mammaaksaafi ogummaa afaanii jidduu jiru ni cimisa. Maammaaksi afaaniif baa'yee barbaachisaafi faayida qabeessa akkasumas afaan mammaaksa malee hin mi'aayu (Finnegan, 1976:415). Dabalataanis, aadaa ummata Afrikaa hedduu keessatti fedhiin ogummaa afaanii yaada miira dhokataa (abstract) ta'ee tokkoof waan qabatamaa ta'een bakka buusanii fakkii sammuu (imagery) isaa uumuun akka salphaatti hubatamu gochuuniifi jechoota agarsiisa alkallattii (indirect reference) filachuun mammaaksarraa kan maddu ta'uusaati (Finnegan, 1976:390).

Mammaaksi gabaabaafi ergaa cimaa dabarsuu danda'uu isaa ilaalchisee Melakneh (2006:22) yoo ibsu, "Proverbs are short witty or epigrammatic sayings which embody traditional wit and wisdom. They are spices with which we flavor our speech. It is worth learning some of those proverbs for they are beneficial particularly to students of language and literature". Akka yaada

kanarraa hubachuun danda'amutti, Mammaaksi afwalaloo gabaabaafi hawwataa ta'e kan dubbii bal'aa waa'ee jireenya hawaasaa tokkoo gabaabsee dhiyeessuudha. Mi'eessituu dubbiitisi. Mammaaksonni barattoota afaaniitiif faayidaa guddaa qaba. Mammaaksi daree barnootaa keessatti kallattii gara garaan dhiyaachuu kan danda'uudha. Dhiyaannaa mammaaksaa ilaalchisee wantoota garaagaraa kaasuun nidanda'ama.

i. Gahumsa mammaaksaafi malleen dubbii

Mammaaksa karaan itti dhiyaatu keessaa inni tokko malleen dubbii barattoonni akka gabbifataniifi. Ijaarama himoota maammaaksotaa keessaa malleen dubbii hedduutu jiru. Mammaaksa gargaaramuun malleen dubbii barsiisuun kan danda'amuudha. Mammaaksi malleen dubbii goonfachiisuu ilaalchisee, Gibbs(2001) akka ibsetti, “ The speakers first test whether a proverb's meaning fits the context or not and then infer the figurative meaning; the native speakers directly derive the figurative meaning of proverbs by means of social and linguistic contexts”. Kana jechuun mammaaksi tokko yoo dubbatamu qabiyyee keessatti dubbatame sanaan waaldfhachuutu mirkanaa'a. Dubbataan afaan dhalootaa malleen dubbii akkaataa galumsa inni hawaasaafi xiinqooqaan qabuun salphaatti hiikkachuu danda'u. Yaada walfakkaatuun Littlemore & Low (2006a:57) akka ibsanitti, “figurative thinking that can be achieved through active engagement in these processes for understanding and interpreting metaphorical proverbs can help learners to develop figurative competence and/or metaphorical competence” jedhu. Akka yaada kanaatti, gahumsa malleen dubbii horachuun kan danda'amu yoo mammaaksa keessaa dubbii qolaa adda baafachuun danda'ame akka ta'eedha.

Akka yaada hayyoota armaan oliirraa hubachuun danda'amutti gahumsa malleen dubbii horachuun dursa mammaaksota hubachuun dubbii qolaa achikeessaa adda baafachuun yoo danda'ame ta'uudha.

ii. Mammaaksaafi gahumsa aadaa

Haalli dhiyaannaa mammaaksaa inni biraa immoo mammaaksaan barsiisuun barattoonni aadaa ofii akka gabbifatan gochuudha. Gribkova, and Starkey (2002:6) akka ibsanitti:

to give learners intercultural competence as well as linguistic competence; to prepare them for interaction with people of other cultures; to enable them to understand and

accept people from other cultures as individuals with other distinctive perspectives, values and behaviours; to help them see that such interaction is an enriching experience.

Akka yaada kanaatti barattoonni haala gahumsa qabuun aadaafi xiinqooqaan yoo walfudhatan haala duudhaafi eenyummaa hawaasaa eegeen hawaasicha keessatti hirmaachuu kan isaan dandeessisuudha. Kunis akka hubannoofi yaadrimee akka dhuunfaatti gonfatan hawaasichaan walqabsiisuun gabbifachuun muuxannoo akka gonfachiisa.

Bachman (1990) hariiroo mammaaksaafi aadaa ilaalchisuun yoo ibsu, “ the ability to interpret proverbs as part of cultural references can contribute to building up sociolinguistic competence,” jedha. Akka yaada kanaatti barattoonni hiika mammaaksa hubatanii xiinhawaasa keessatti gahuumsa akka horatan isaan dandeessisa. Mammaaksi aadaafi afaan of keessaatti kan hammatuudha. Yaada kanaan walfakkaatu Kett & Trefil(2002) yoo ibsan, “proverbs are among the items that should be known by native speakers to be culturally literate”. Kana jechuun mammaaksi gosoota afoolaa keessaa dubbattoota afaanichaa biratti sirriitti gama aadaan beekamaa isa taasisa. Hawaasni tokko ta’iinsota yeroo garaagaraa raawwatamaniifi uumaman karaan ittiin galmeessuun dhalootaa dhalootatti ittiin dabarsaa deemu afoola qabutti gargaaramuuni. Yaada kanaan walfakkaatu, Irving (1984:139) yoo ibsu, “part of the universal human experience is the tendency to take our own culture for granted. We live it, we act it, we think it, we do it but usually we are not consciously aware of the influences of our cultural values on our behaviour and attitudes”. Akka yaada kanaatti aadaan eenyummaa namaa kan ibsuudha. Namni akka aadaa ofiitti yaada; waan yaade raawwata haaluma kanaan aadaan amalaafi eenyummaa namaa sirreessaa kan deemu ta’uudha.

Daree barnootaa keessatti mammaaksa dhiyeessuuf wantoota ittiin mammaksichi kan hawasichaa ta’uufi dhiisuu ittiin adda baasan shan hayyuun Richmond (1987:573) akka kanaa gadiitti kaa’era:

proverbs in language classrooms particularly in teaching African languages to develop cultural awareness and communicative competence by proposing a model of target and native language proverb comparison so that teachers can select proverbs to better reflect the similarities and differences among cultures. The model can be used in the analysis of proverbs in the classroom as well. The five categories of the model are: (1) target language proverb similar in meaning and expression to native language proverb; (2)

target language proverb similar in meaning to native language proverb but different in expression; (3) target language proverb similar in expression to native language proverb but different in meaning; (4) proverb not found in native language but meaning is comprehensible to outsider of target culture; (5) proverb not found in native language but meaning is incomprehensible to outsider of target culture.

Akka hayyuun kun kaa'etti mammaaksa daree barnootatti dhiyeessuun dura mammaaksi sun kan hawaasichaa ta'uufi dhiisuun adda baafachuun barbaachisaa akka ta'eedha. Kanumarraa ka'uun mammaaksi filatame sun kan hawaasa sanaa ta'uun beekamuu qaba. kana jechuun mammaaksa dhiyaate sun kan afaanicha sanaan ibsamu taanaan filataniitti barsiisuuf mijataa ta'a. kanaaf immoo kan ka'umsa ta'uu mammaaksichaafi afaanicha jidduu hariiroon itti fayyadama hawaasaa keessatti kan jiru ta'uudha.

iii.Mammaaksaafi gahumsa hiikaa dhokataa

Mammaaksi amala hiikaa dhokataa qabaachuu qaba. Kanaaf mammaaksa namni hundi walqixa hubachuu hin danda'an. Hiika mammaaksaa ilaalchisanii Littlemore & Low, (2006a:112) akka itti aanutti ibsa, "Proverb refers to one's ability to understand the message behind the words that one reads or hears, or to make clear one's own message through careful use of words". Akka yaada kanaatti mammaaksa tokko ergaa isaa hubachuun kan danda'amu ergaa dhokataa mammaaksicha keessatti argamu hubachuun yoo danda'ameedha.

Mammaaksatti fayyadamuun odeeffannoowwan adda addaa dhiyeessuun ni danda'ama. Odeeffannoo mammaaksaa ilaalchisee, Charteris and Black's (1995:259) akka itti aanutti ibsan:

Proverbs can provide a source of data on the following aspects of communication: the use of figurative language, politeness strategies, and the organization of spoken discourse; and hence, they can provide an excellent avenue for the introduction of pragmatics and cross-cultural awareness in the language classroom.

Akka ibsa kanaatti mammaaksi odeeffannoowwan garaagaraa qabaachuun ergaa bal'aa dabarsuu kan danda'uudha. Kanaafuu mammaaksa haala dubbii garaagaraa keessatti dhimma itti bahuun kandanda'amuudha. Mammaaksa keessatti malleen dubbii, erga dhokataafi hubanoo aadaa daree keessatti dhiyeessuun kandanda'amu ta'uudha.

iv. Mammaaksafi gahumsa haala qabatamaa

Jechoota afaan tokko itti fayyadamuuf afaanicha haala waliigaltee hawaasichaatiin ta'uu qaba. Kanaaf hawaasni afaanichatti akkamitti akka dhimma bahu haala qabatamaan walqabsiisuu gaafata. "A language user has available to him a large number of semi-preconstructed phrases that constitute single choices, even though they might appear to be analyzable into segments" (Sinclair, 1991:110) jechuun ibsa. Akka ibsa kanaatti afaanitti dhimma bahuun kallattii sirrii hawaasichi itti dhimma bahuu sirriinaan beekuu kanbarbaadudha. Yaada kanaan walfakkaatu biraa immoo, Sinclair (1987:159) akka ibsetti, "[Language learners] rely on larger, rarer and clumsier words which make their language sound stilted and awkward. This is certainly not their fault nor is it the fault of their teachers, who can only work within the kind of language descriptions that are available." Akka yaada kanaatti barataan afaanii jechoota qindoomina sirrii hin qabneefi dogoggorri yoo uumame dogongora barsiisaa qofa osoo hin taane haala itti fayyadamaatu rakkoo akka qabuudha. Kanaaf itti fayyadamni afaanii haala qabatamaan jiru kan barbaadu ta'uun hubatamuu qaba.

v. Mammaaksaafi gahumsa dandeettii afaanii


Mammaaksan dandeettii afaanii arfan ittiin barsiisuu keessatti gahee guddaa qaba. Gahee mammaaksi dandeettii afaanii barsiisuuf qabu ilaalchisuun Palmer & Brooks, (2004:378) akka ibsanitti, "students who develop the ability to interpret figurative language not only expand their capabilities for creative thought and communication, but also acquire insight to expressive forms of language, allowing them to comprehend both text and speech on a deeper and more meaningful level". Akka yaada kanaatti mammaksaan malleen dubbii qofa ittiin barsiisuuf qofaa osoo hin taane, itti fayyadama dandeettii afaanii sadarkaa olaanaan akka gabbifatan kantaasisuudha. Yaada walfakkaatuun Holt (2005) akka ibsanitti, "Proverbs are powerful rhetorical devices and strategies to be used for effective spoken and written communication". Akka yaada kanaatti mammaaksi ittifayyadama dandeettii afaanii irratti humna cimaa kanqabuufi afaan barreeffamaafi dubbiin waliigaltee uumuu keessatti bal'inaan tajaajila. Gaheen mammaaksaa kan dandeettiiwwan afaanii qofaan daanga'e osoo hinta'in caaslugaafi hiika jechootaa itti barsiisuuf nigargaara. Dhimma kana ilaalchisani akka jedhanitti, "Proverbs are useful expressions in the teaching of language components which are vocabulary, grammar and pronunciation. Proverbs provide opportunities to acquire new and frequently used vocabulary

and to learn other meanings of the known vocabulary” (Holden & Warshaw, 1985). Akka yaada kanaatti mammaksaa caasluga, hiikaa jechootaafi sirna tuqaalee ittiin dhiyaachuu akka danda’uudha.

2.2.2.2.5. Haala Dhiyaannaa Seeneffamoota

Seeneffamni damee afoolaa keessaa isa tokkodha. Seeneffamni dhimmoota hawaasa keessatti raawwatamaa turanii kanhinbarreeffamne afaaniin kan dhiyeessudha. Seeneffama ilaalchisuun Szurmak (2013: 546) akka ibsetti, “A narrative is the representation of an event or a series of events,” jedha. Akka yaada kanaatti seeneffamni ta’iinsota hawaasa keessatti raawwatamaa turan kandhiyeessudha. Seeneffama daree barnootaaf dhiyeessuun dura wantonni xiyyeeffannoon kennamuuf qaban jiru. Seeneffamni tokko jiruufi jireenya hawaasaan kanwalqabatuudha. kanaafuu seeneffamni dhiyaatu tokko kan hawaasa sanaa akka ta’e adda baafachuun barbaachisaadha. Akkaataa dhiyaannaa seeneffamaa ilaalchisuun Szurmak (2013: 548) haala itti aanuun dhiyeesse:

The constructivist schema of learning



Akka yaada armaan oliirraa hubachuun danda’amutti seeneffama daree barnootaaf dhiyeessuu wantoota xiyyeeffannoon kennamuuf qabu kan mul’isuudha. Wantoonni xiyyeeffannoo argachuu qaban keessaa tokko naannoodha. Naannoo seeneffamni sun itti dhiyaatu kan ta’iinsi sun keessatti beekamtii qabu moo hinqabne jedhanii adda baasuudha. Inni biraa immoo muuxannoo barataati. Muuxannoon barattoonni qaban seenaa yookan ta’iinsa sana hubachuuf gahaa ta’uu dursanii addaan baafachuu kangaafatuudha. Walumaagalatti , Barachuu = hubannoo naannoo yookan aadaa hawaasaa + muuxannoo barattootaa+ barnoota dhiyaatu ta’a.

Seeneffama barsiisuun barattoonni akka fedhii barachuu horatan taasisa. Yaada kana fakkaatu, Edelenbosfi namoonni biroo (2006:149) akka itti aanutti ibsaniiru: "...children's natural interest in stories, nor in the undoubted appeal to their imagination, but also because stories embody a narrative structure of discourse which can be useful for learning more generally". Akka yaada armaan olitti seeneffama barattoota barsiisuun barattootatti fedhii barnootaa itti horuu bira darbee akka wanta isaan mormisiisaa ture irratti akka hubannoo argatan taasisa. Haalli dhiyaannaa seeneffamaa bifa waliigalaan dhiyaachuu akka qabuu ibsa. Faayidaa seeneffamni barattootaaf qabuun walqabsiise Brenes (2005) akka ibsetti, "The use of texts such as oral narratives is more significant and appealing for students in order to comprehend how the spoken mode functions in real contexts". Akka yaada kanaattii tajaajilli seenefamoonni barattoota qabu keessaa tokko barattoonni haala qabatamaarratti hundaa'uun dubbi cimina qabu akka dubbataniif kan isaan gargaaru ta'uudha.

2.2.3 Haala Afoolli Kutaa Barnoota Afaaniitiin Filatamuuf Ittiin Dhiyaatu

Afoola akka meeshaa deeggarsa barnoota afaaniitti itti fayyadamuuf, ulaagaalee inni guutuu qabu ilaalchisee waan baay'een jira. Isaan keessaa yaada Mckay (1986), Brumfitfi Carter (1986) McRae (1991), Carteriifi Long (1991)fi Lazar (1993) kaasan gabaabsuun ilaaluun ni danda'ama.

1. Aadaa barattoota kan hin tuqne ta'uu qaba. Kana jechuunis, mana barumsaa tokko keessatti barattoota naannoo adda addarraa dhufan akka naannoo irraa dhufaniitti kan dubbatan, akka hawaasa keessatti guddataniitti dandeettiin ittiin fayyadama afaan isaanii adda adda ta'uu danda'a. Kanaafuu afoolli barumsa afaaniif filatamu barattoota gidduutti siyaasa, hawaasummaa, diinagdee, aadaa, jechoota safuufi kkf garaagarummaa kan hinuumne ta'uu qaba.

2. Dandeettii xinqooqa barattootaatiin kan walmadaalu ta'uu qaba. Barattoonni kanaan dura beekumsa afoolaa qabachuufi dhiisuu isaanii adda baafatee kan dhiyaate ta'uu qaba. Barattoonni kanaan dura muxannoo afoolaan afaan barachuu qabu taanaan afoola filachuufi qopheessuun nama hinrakkisu. Barattoonni kanaan dura afoolaan afaan barachuufi dhiisuu isaanii gaaffii afaaniitiin ta'ee barreeffamaatiin mirkaneeffachuun nidanda'ama. Ulaagaaleen armaan olitti ibsaman yemmuu afoolli tokko kitaaba barnoota afaaniifi barumsa afaaniitiif filatamu dhimmoonni xiyyeeffannoon ittikennamu qaban beekuun murteessaadha.

Ulaagaa afoollii filatamu guutuu qabu ilaalchisee Lazar (1993:28) akka itti aanutti ibse: “The student’s cultural background, the students’ linguistic proficiency, the students’ literary background, availability of texts, length of the text, exploitability of the text, Fit with syllabus”. Akka yaada kanaatti, afoola tokko qabiyyee barnoota afaaniif filachuuf ulaagan barbaachisan: aadaa barattoonni keessaa dhufan hubachuu, jiraachuu qabiyyee afoola sanii, dheerina afoola filatamuu beekuu, hojiirra ooluu danda’u adda baafachuu fi silabasiin kan walsimu ta’u akka qabuudha. Yaadoleen armaan olitti ibsaman kan hubachiisan afoolli yemmuu kitaaba afaanii keessatti qophaa’u ta’ee, yemmuu daree barnoota afaanii keessatti barnootaaf oolu ofeeggannoon godhamuu akka qabuudha. Filannoo afoolaa keessatti waanti xiyyeeffannaa guddaa barbaadu inni biraa yeroodha. Yeroo ilaalchisuun Duke (1984:3) akka itti aanutti ibse “...if we do not also provide equal time for students to enjoy, contemplate, and relive the experience of reading a text, we may be sending a contradictory message about what the purpose of literature study is”. Akka yaada kanaattii Afoola dhiyeessuun walqabatee yeroo gahaa barattoonni akka shaakalaniidhaa kan gaafatuudha. Afoolaan afaan barsiisuu yoo jedhamu waan dubbatamu yookaan waan dubbifamu akka nubarbaachisu beekamaadha. Haa ta’uu malee, afoolli dubbifamu barattoota hunda biratti fudhatamummaa walqixa qabaachuu dhiisuu danda’a. Afoola barattoonni hundi hubataniif isaan kakaasu filachuun barbaachisaadha. Sababnisaa afoolli amaloota akkasii qaban bakka hinjirretti ogummaa dubbisanii hubachuu ta’ee, ogummaalee afaanii biroo gabbifachuun akka hindanda’amnedha (William, 1986:42).

Kanaafuu afoola umrii, sadarkaa barnootaa, aadaa, amantii, siyaasaa, safuufi jireenya hawaasummaa barattootaatiin walsimu fayyadamuun barbaachisaadha. Afoola afaan ittiin barsiisuuf yemmuu filannu dursa kan kennuufii qabnu gahee inni wanta dhiyaatuuf sanaa barsiisuu keessatti qabu malee, qabiyyee kitaabichaatiif qofa ta’uu hinqabu. Afoolli sadarkaa garagaraatti dhiyaatu kaayyoon isaa inni guddaan qabiyyee isaa qofa hubachuun hojitti jijjiiruu qofa osoo hin taane kaayyoo sirna barumsa afaanii keessatti kaa’ame, kandhugoomsanii galmaan gahan yoo ta’e bu’a qabeessa. Fakkeenyaaf, kaayyoon sirna barumsichaa keessatti kaayyeffatame barattoonni afaanichaan dhageeffachuu, dubbachuu, barreessuufi dubbisuu akka danda’aniif yoo ta’e, akkaataa afoolli itti filatamuun kitaaba afaanii keessatti qophaa’u haala kaayyoo barbaadame kana galmaan gahuun ta’uu qaba.

2.2. 4 Amalaafi Tooftaa Gilgaalli Afoola Tokko Keessaatti Ittin Qophaa'uu Danda'u

Gilgaalli afoola tokko yoo dhiyaatu kan giddu galeefachuu qabu kaayyoo barnootaa sana. Kayyoo barnootaa galmaan gahuuf immoo tooftaa itti qopha'u qaba.

Toftaalee afoolli kitaabilee keessatti ittiin dhiyaatan ilaalchisee Pinar (05, 2017: 5) akka itti aanutti ibse:

1. *Analyzing: the centre of attention is the language of the text.*
2. *Comparison and contrast: students have to find similarities and/or differences between two topic-related texts. In this case, the meaning is more relevant.*
3. *Expansion: students have to add certain elements to the text, for instance, what happens after the story finishes?*
4. *Matching: students are given two groups of items, which they must link taking into account both syntax and meaning.*
5. *Media transfer: a text is transformed from one medium to another, for example from poetry to prose or from written to oral.*
6. *Reconstruction: students have to re-establish certain elements in a text which have been omitted, or jumbled.*
7. *Reduction: contrary to 'expansion', students have to remove certain elements from a text so as to make it shorter, though still meaning the same.*
8. *Replacement: some elements of a text must be replaced with others of the same Kind...*

Yaadoliin armaan olii yoo cuunfaman, afoolli gilgaalota keessatti tooftalee garaagaraan dhiyaachuu akka danda'uudha. Isaanis: xiinxaaluu, waldorgomsiiisuu, bal'inaan ibsuu, firoomsuu, uunka tokkorraa uunka biraatti ceesisuu, irra deebin qindeessuu, cuunfuufi bakka buusuun isaan gurguddoo akka ta'aniidha.

Gilgaalonni kitaaba barnoota afaanii keessatti amala itti dhiyaatan niqabu. Amala gilgaalonni qaban ilaachisuun Nuttal (1982) fi Silberstein (1994) yoo ibsan immoo,

a. Gilgaalota Afaaniin Deebii Barbaadan

Gaaffileen akkasii barattoonni gadfageenyaan osoo itti hinyaadin waanuma dubbisan salphaadhumatti afaaniin deebisuu akka danda'aniifiidha. Afoola dhiyaateen deebilee argachuu

qaban kanofkeessatti hammatan ta’u. Barattoonnis afoola dhiyaate irratti hundaa’uun galumsarraa deebii akka kennanitu isaan irraa barbaadama.

b. Gilgaalota Deebii ibsa Dhuunfaa Barbaadan

Gilgaalonni akkasii barattoonni jechaafi ibsa mataa isaanii fayyadamuun deebii akka kennaniif affeeramuudha. Kana gochuufis yaada afoolichaa sirriitti hubachuun isaan barbaachisa. Gama birootiin, barattoonni afoola dubbisan keessatti jecha ulfaataa, yaadaafi fakkoommii hiika isaan dabarsan osoo hinrukutin waan ibsa barbaachisu itti kennuus kandanda’aniidha.

c. Gilgalota Deebii Galumsaa Barbaadan

Gilgaalonni kunneen akkuma maqaan isaanii ibsutti afoola dhiyaate dubbisuun yookaan dhageeffachuun yaada ergaa afoolichaa irratti hundaa’uudhaan haala gaaffichi keessatti gaaffatameen walqabsiisuun kan deebiin itti kennamuudha. Deebii haala galuumsaa hubachuuf qabiyyee gaaffichaafi haala gaaffichi keessatti gaaffatame walitti fiduun hubachuu kan barbaadudha. Kun immoo hubannoo gahaa kan gaafatuudha.

d. Gilgaalota Madaallii Barbaadan

Gilgaalonni akkanaa deebii karaan ittiin argatan madaallii taasisuuni. Gilgaalonni bifa kanaan dhiyaatan xinxaala kan gaafatan yoo ta’uu, barattoonni argannoo haaraa akka argataniif kan karaa banuudha.

e. Gilgaalota Qabatamaan Agarsiisuu Barbaadan

Gilgaloonni akkanaa deebii karaan ittin deebisan, haala qabatamaan hawaasa keessatti gochichi itti raawwatu adda baafachuun haala qabatamaa sanaan agarsiisuu kan barbaadudha. Deebii akkanaa deebisuuf haala qabatamaa raawwii gocha sanaa hubachuu waan barbaaduf ofeeggannoo guddaa barbaada.

2.2.5 Rakkoolee Afoolaan Afaan Barsiisuu Keessatti Mul’atan

Afoolaan afaan barsiisuun faayidaa guddaa akka qabu hayyoonni hedduun ibsaniiru. Haa ta’uu malee, kitaaba afaaniif kutaa barnoota afaanii keessatti itti fayyadamuu irratti hanqinni jiraachuusaa hayyoonni ni ibsu. Bucklede (2002:19) rakkoolee afoolaan afaan barsiisuun walqabataniin mul’atan ilaalchisuun akka ibsetti, “There are several points to ponder. First is the difficulty of the vocabulary and syntax...The other factors that make literature difficult are the

historical, social, and political references that add to the complexity for the language speakers”. Akka yaada kanaatti akka rakkootti wantoonni mul’atan heddu akka ta’aniidha. Isaan keessaa inni tokko ulfaatina hiika jechootaafi caas-himaati. Afoolli dhiyaate jechoota yeroo durii hawaasichi dhimma itti bahaa turan amma dagataman keessattuu durduriifi sirboota, geerarsa fa’a keessatti akka mul’atutti fayyadamuun ni ulfaata. Kana malees rakkoo seenaan walqabatan, hawaasummaafi siyaasaa bu’uura godhachuun waan dhiyaatuuf hubachuufi itti fayyadama irratti rakkisuu ni danda’a. Gama biraatiin, rakkoo mul’atu ilaalchisuun, Hill (1986:9-12) afoolli afaan ittiin barsiisuuf filatame wayitii ramadameen walsimuun dhabuusaa (grading), rakkoolee xinqooqaa qabaachuu (linguistic difficulty) fi qabiyyee waliin deemuu dhabuu (relevance) irraan kan ka’e kutaa keessatti itti fayyadamuurratti rakkoo uumuu danda’a. Afoolli yeroo dheeraaf hawaasichi waan itti fayyadamaa tureef seera afaanii eegee dhiyaachuu dhiisuu danda’a. Kana ilaalchisee Ibson (1995:43) rakkoon fudhatamummaa dhabuu afaanotaa yeroon irra dabran waan ilaallatuuf afaan barattoonni itti fayyadamaniin yeroo walbira qabamu jechootaafi jechamoota barattoonni hubachuu hindandeenye qabachuu danda’u. Kana jechuun barreffamoota osoo seerri afaanotaa qo’atamuu hinjalqabin dura waan ittiddhimma bahamaa turaniif isa kana sirna afaanii ammayyaan walsimsiisuun rakkisaa ta’uu ni danda’a.

2.3 Yaaxxina Dhiyaannaa Afoolaa

Afaan barsiisuu jechuun sagalee, jecha, hima ,hiika kallattiifi haala galumsaa ,itti fayyadama caaslugaa, sirna tuqaaleefi ogummaa dubbachuu, dhageeffachuu, dubbisuufi barreessuu, gahumsa dandeettii walqunnamtii hawaasummaa (communicative proficiency for social pupose) fi kkf of keessatti kan hammatuudha. Waa’ee afaan barsiisuu ilaalchisee Hill (1986:11-12) yemmuu ibsu, “ kaayyoon afaan barsiifamuuf dhaloonni haaraan afaanicha akka meeshaa walii galteetti akka itti fayyadamaniif, saayinsiifi teknooloojii ammayyaatti akka ittiin ofmadaqsan, ogummaa aartiifi bashannanaaf yookaan fedhii dhuunfaa jireenya hojii isaanii keessatti akka ittiin ibsataniif kangargaaru ta’uusatti” jedha.

Yaaxxinni qorannoo tokkoof barbaachisaa akka ta’e hayyoonni ni ibsu. Yaada kanaan walfakkaatu ilaalchisee Finnegan (1992: 23-24) akka ibsitetti “Developing theory is not necessarily the purpose of researchers. Yet, they inevitably use certain theories to design appropriate research strategy, when answering research questions or assessing the work of others” . Kana jechuun yaaxxinni kallattumaan kan qaama qorannoo tokkoo ta’ee tajaajilu osoo

hin taane, kallattii qarannoon ittiin gaggeeffamu kan agarsiisudha. Akkasumas gaaffilee qorannoo tokkoo deebisuufillee kan gargaarudha.

Qorannoon kun yaaxxinaalee (theories) jiran keessaa kan hordofu yaaxxina yookaan dhiyaannaa tajaajilaa(functionalist approach)dha. Sims & Stephens (2005: 174-175) yaaxxina tajaajilaa ilaalchisuun akka itti aanutti barreessan : “The functionalist approach, on the other hand, focuses on the functions of oral arts in upholding the overall social order. In functionalist approach, folklorists attempt to identify how oral literature functions in the community”. Akka yaada kanaatti yaaxxinni tajaajilaa gama tokkoon gahee ogummaa hawaasaa kan agarsiisu yoo ta’uu, gama biraatin immoo afoolli gahee malii hawaasa keessatti qabu kan mul’isuudha.

Yaaxxinni tajaajilaa yaadni inni of keessaa qabu, tajaajilaa afoolli hawaasafi barnoota keessatti qabu kan agarsiisudha. Kanaafuu qorataan qorannoo isaa keessatti kallattii tajaajilaan ilaaluu waan barbaadefuu yaaxxina tajaajilaatti dhimma bahe.

2.4 Xiinxala Barruu Walfakkii

Afoolarratti qo’attoonni adda addaa karaa gara garaa qorannoo gaggeessaa turaniiru. Kanaafis, afoolli sanyiiwwan fookiloorii kaan caala dursaafi bal’inaan kan qoratamedha jedhamee himama. Mataduree qorannoo kanaan walfakkaatanii qorannoo kanaan dura qoratamee jiru tokko Abdurrahmaan Abdulqaadir (2016) “Qaaccessa Afoolaa Ogummaa Afaanii Gurguddoo Afran Barsiisuu Keessatti” mataduree jedhurratti hojjechuun kaayyoolee faayidaa afoolaa ogummaa afaanii gurguddoo afran barsiisuu kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhanaffaa jedhu keessaatti mala qorannoo akkamtaa fayyadamee xiinxaluuf ragaawwan madda jalqabaafi lammaffatti dhimma bahuun argameen rageeffachuun, afoolli ogummalee afaanii barsiisuu keessatti gahee olaanaa akka qabuu ibsameera. Garuu, kitaabicha keessatti gooroowwan afoolaa jiran bal’ina kan hinqabneefi isaan jiran illee waayitii barnootaa taa’een kan walhinsimne ta’uu bira gahuun danda’ameera. Walumaagalatti xiyyeeffannaan qorannoo kanaa inni ijoon faayidaa afoolli ogummaawwan afoolaa gurguddoo arfan keessatti qabu kan agarsiisudha.

Qorannoo armaan oliirraa qorannoo kana kan adda taasisu keessaa muraasni kanneen aramaan gadiiti. Mata dureen qorannoo kanaa, “xiinxala haala dhiyaannaa Afoolaa kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kudhalamaa” jedhu irratti yoo ta’uu . Xiyyeeffannoon qorannoo kanaa inni ijoon haala afoolli kitaaba barnoota afaanii keessatti itti dhiyaachuu danda’u

irratti. Kaayyoon guddaan qorannoo kanaa immoo haala dhiyaannaa afoolaa xinxaaluurratti. Kunis afoolli haala kamiin yoo kitaaba barnoota afaanii keessatti dhiyaate ogummaawwan afaanii, caasluga, hiika jechootaa, qabiyyeefi unka afoolaa ittiin barsiisuuf mijata kanjedhuurrattidha. Akkasumas gilgaalonni bifa kamiin yoo qophaa'an barattoota shaakalsiisuuf mijataa ta'u kan jedhus ofkeessatti kanhammateedha. Gama biraatin hariiroo kitaabileen barnoota afaanii kunniin sirna barnootaa, silabasiifi qajeelcha barsiisaa waliin qaban ilaaluudhaanis qorannoo kanarraa addadha.

Boqonnaa Sadi: Saxaxaafi Mala Qorannoo

3.1. Mala Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuu keessatti kallattiin raawwii qorannichaa maal akka ta'e ibsamuu qaba. Dhimmoonni qorannicha keessatti akka bu'uuraatti qabamuu maal irratti akka xiyyeeffatamuu qaban addaan baasuudhaan beekuun qorannicha haala barbaadameen raawwachuuf gargaarera. Saxaxa qorannoo ilaalchisee, Victor (2009: 203) akkas jechuun ibsa: "The research design is plan of action that allows the researcher to know (to paraphrase) where they came from, where they are and where they are going." Akka yaada kanaatti adeemsi saxaxa qorannoo karoora hojii qoratan beekuu qabu, eessaa akka inni ka'e, eessarra akka jiruufi eessa akka inni ga'u kan murteessudha. Kanummarraa ka'uun gosti qorannoo kanaa gosa qorannoo Madaalliiti. Saxaxni qorannoo kanaa Sakatta'a. Qorannoon kun "Xiinxala dhiyaannaa Afoolaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo keessatti (kutaa kudhatokkoofi kutaa kudhakamaa kan bu'uureffate") waan ta'eef, qorataan qorannoo kana gaggeessuuf mala qorannoo akkamtaatti (qualitative research method) fayyadame. Sababnisaas, qorannoon kun kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo keessatti haala dhiyaannaa afoolaa sakatta'uun jechaan ibsuu irratti waan fuulleffateeffiidha. Dastaan (2013) Marietjiefi Marieta (2001) wabeeffachuun akka itti aanutti ibse, "Qorannoo qulqulleeffataa gaggeessuuf odeeffannoo kan funaannannu daawwannaa, af-gaaffii, dookumantii sakatta'uufi meeshaalee dhag-arguu (audio-visual materials) fayyadamuudha. Akka warra kanaatti meeshaaleen (tools) kunniin arfan odeeffannoo qorannoo qulqulleeffataa gaggeessuuf murteessoodha (p.33)."

Akkuma yaada hayyuu armaan olii kana irraa hubachuun danda'ametti, qorannoo kanaafis mala qorannoo akkamtaa (qulqulleeffataa) ta'ee, karaan odeeffannoon ittin funaaname sakatta'a barruu, af-gaaffiifi daawwannaanidha.

3.2. Madda Odeeffannoo

Qorannoo geggeessuu keessatti maddi odeeffannoo karaa lama argama. Isaanis, madda odeeffannoo jalqabaafi madda odeeffannoo lammaffaati. Qorannoon kun madda odeeffannoo tokkoffaa dawwannaa daree barnootaa gaggeessuufi afaan Oromoo kutaa kudhatokkoofi kudhalamaa barsiisaniifi Barattoota kutaa kudhatokkoofi kudhalamaa waliin

gaggeesseniifi kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutakudhatokkofi kudhalamaasakatta'uun ragaa argameedha. Kana ilaalchisee Addunyaan (2011: 18) madda ragaa tokkoffaa qorataan tokko qaama dhimmi isaa ilaallatu bira dhaquun qorannoo isaa kan gaggeessuudha.

3.3 Meeshaalee Funaansa Ragaa

Qorataan qorannoo kanaaf odeeffannoo quubsaa ta'e argachuudhaaf, meeshaalee odeeffannoo walitti funaanuuf barbaachisan keessaa sakatta'a kitaabilee (kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo Kutaakudhatokkofi kudhalamaa), afgaaffiifi daawwannaa daree barnoota Afaan Oromoo fayyadame.

3.3.1. Sakatta'a Kitaabaa

Qorataan xiinxala dhiyaannaa afoolaa kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kudha-lamaa bara 2005/2012 maxxanfamanii hojiirra oolaa jiran cheeklistiiwwan ka'uumsa qorannichaafi yaada hayyootaairraatti hunda'uun qophaa'an kan sakatta'amaniifi odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu kan walitti qabameedha. Gabatee mirkaneeffannaa keessatti odeeffaannoon barbaadame kan jiru yoota'e mallattoo (✓), yoo kan hin jirre ta'e immoo mallattoo (-)tti fayyadamuun kan mirkaneeffameedha. Mirkaneessituun (check list) itti fayyadamee odeeffannoon funaanames kanneen dabalee 'A' jala jiraniidha.

3.3.2. Afgaaffii

Akkuma jalqabarratti ibsameen kaayyoon guddaan qorannoo kanaaxinxala dhiyaannaa Afoolaa kitaaba barnootaa Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kudhalamaa irratti gaggeessudha. Sababni afgaaffiin barsiisaa wajjin taasisuun filatameefis, akkaataa afoolli kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha tokkoofi kudhalamaa keessatti itti dhiyaaterratti yeroo barsiisan waan akka rakkinaatti isaan quunnamuun hubatanirratti odeeffannoo dabalataa akka kennaniifidha. Afgaaffin barattoota waliin sababni gaggeeffameef, barattooni yommuu qabiyyee afoolaa kitaaba keessatti argaman baratan waan itti dhaga'amuurratti odeeffannoo akka kennaniifidha. Kanaafuu, afgaaffii qorannoo kanaaf barbaachisu barsiisota afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kudhalama barsiisan manneen barumsa qophaa'ina Baantuufi Tajii irraa tooftaa iddatteessuu hunda hirmaachisuu (compressing sampling) iddaattoof kan filataman yoo ta'u, barattoota kutaa kudhatokkofi kudhalamaa qopha'inaa Baantuufi Tajii jalqaba iddattoo safaramaan (quota Sampling) tokko tookko manneen barumsaa irraa barattoota dhi=3fi dub=2

wal=5 kan manneen barumsa lameenii barattoota =10 (barattoota qabxii fooyyee) qaban tooftaa iddattoo itti yaaduutiin filataman irraa afgaaffiin odeeffannoon quubsaa funaannateera.

3.3.3. Daawwannaa Daree

Daawwannaan daree barnootaa waayitii afoolli itti barsiifamu irratti karoofachuun gaggeeffameera. Daawwannaan kanfilatameefis, haalli dhiyaannaa afoola kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kutaa kudhalamaa keessatti argaman qabiyyeewwan kanneen akka ogummaawwan afaanii, hiikaa jechootaafi caasluga ittin barsiisuuf mijachuufi mijachuu dhabuu qabatamaan daree barnoo keessatti argamuun adda baafachuuf. Kunis kan ta'eef, ragaa kallattii garaagaraatin walitti qabachuun odeeffannoo sirrii ta'erra gahuuf. Kana malees, kallattiin yaada barbaadame argachuuf yoomessa uumamaa keessatti mijaawaa akka ta'e Sarantacos (2005) ibseera. Barreessaan kun dabalataaniis qorannoo akkamta keessatti odeeffannoo sirrii argachuuf gosti daawwannaa kun filatamaa akka ta'e ibseera. Kanumarraa ka'uun qorataan dawwannaa daree barnootaa kutaa kudhatokkofi kutaa kudha lamaa karoora waggaa barsiisan barsiisuuf bahe irratti hunda'uun saganteeffatee mana baruumsa qophaa'ina Baantuu kutaa kudhatokko daree 'A' si'a tokko, kutaa kudha lama daree 'B' si'a lama , akkasumas kan mana baruumsa qopha'ina Tajii kutaa kudha tokko 'B' si'a tokko, kutaa kudha lamma 'A' si'a lama walumaagalattii dawwannaa daree si'a jaha gaggeessuun odeeffannoo qorannoofbarbaachisaa ta'eyammuu afoola barsiisanii/ baratan irraa deddeebi'uun daawwachuun walitti qabatera. Dawwannaan kunniinis gabatee mirkaneeffannaa dabalee 'C' jalatti argamutti dhimmaa bahuun kan gaggeeffameedha.

3.4 Mala Iddatteessuu

Iddattoon irraawwatamtoota qorannoo irratti adeemsifamu keessaa odeeffannoo qorannichaaf barbaachisu akka kennaniif kanneen filatamaniidha. Dastan (2013:132) iddattoo yoo ibsu, "Iddattoon adeemsa odeef-kennitoota qorannoodhaaf filannee jamaa keessaa dhufan sana akka bakka bu'an kan ittiin taasisnu" jedha. Kanaaf, iddattoo barsiisotaa, qorataan qorannoo kanaa odeeffannoo barbaachisu argachuuf mala iddattessuu itti yaadee (purposive sampling) fayyadame. Sababni mala kanneen fayyadameef barsiisonni jiran baay'ina hinqaban waan ta'eef, itti yaadee barsiisota kanneen irraa odeeffannoo fudhachuuf. Barattoota mala iddateessuu safaramaatti dhimma bahuun filate. Sababni isaa manneen baruumsa qorataan kunfilate mana

baruumsa qophaa'inaa lama waan ta'aniifuu bifa walfakkaatuun manneen baruumsa kanneen irraa odeeffannoo bal'aa argachuuf jedheeti.

Qorannoon kun kan gaggeefame akkaataa afoolli kitaabilee barnootaa afaanii keessatti itti dhiyaatu xiinxaaluu ta'uu jalqabarratti ibsameera. Kanuma irraa ka'uudhaan kitaabileen barnoota Afaan Oromoo kutaa hundaa sakatta'uun si'a tokkotti waan ulfaataa ta'eef, mala iddattessuu itti yaadeetiin kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kutaa kudha lamaabara 2005 /2012 maxxanfamanii hanga yoonatti hojiirra jiran filatamaniiru. Dabalataan kitaabileen kunniin sirna barnootaa, silabasiifi qajeelcha barsiisaa waliin xinxalamaniiru. Sababni kitaabileen kutaa kanneen filatamaniif sadarkaa kudhatokkofi kutaa kudha lamaatti qabiyyeen afoolaa keessatti argamuu qaban waan ta'aniif mala iddattessuu itti yaadeetiin filamaniiru.

Manni Barumsaa sadarkaa qopha'ina naannoo Oromiyaa godiinaalee garaagaraafi aanolee hedduu keessatti argamu. Godina kanneen keessaa Godina Shawaa Kibba Lixaatti Aanaa Toleefi Aanaa Iluutti kan argaman mana baruumsa qopha'ina Baantuufi Tajii mala iddattessuu bakkaan daangessuun(area cluster sampling) filatamaniiru. Sababin isaa manni barumsaa kunniin naannoo jireenya qorataa kanaatti dhiyoo waan ta'aniif yeroo gahaa argatee qorannicha gaggeessuuf haala mijeessaaf waan ta'aniifidha.

Filannoon daree barnootaa mala iddattessuu safaramaan (quota Sampling) kan filatamaniidha. Baay'inni dareewwan barnootaa kan qophaa'ina Baantuu kutaa kudha tokko daree sadii yoo ta'an, isaanis daree 'A'n kan saayinsii uumamaa barataniidha. Warri daree 'B'fi 'C' immoo saayinsii hawaasaati. Kutaan kudha lama immoo daree lama yoo ta'an 'A'n saayinsii uumamaa; 'B' immoo saayinsii hawaasaati. Dareewwan kanneen keessaa kan kutaa kudha tokko keessaa daree 'A'fi kutaa kudha lama keessaa immoo daree 'B' mala iddattoo safaramaan filachuun dawwannaa daree kan gaggeessera. Kan Qophaa'ina Tajii immoo kan sayinsii uumamaafi saayinsii hawaasaa "A"fi "B" kan qaban yoo ta'uu dareewwan kenneen keessaa kutaa kudha tokko "B" kutaa kudha lama immoo dareen "A" tooftaa iddateessuu safaramaan akka iddattootti qorannoof filatamaniiru.

3.5. Haala Qindaa'inaafi Qaacceessa Ragaalee

Qorannoon qoratamu kun boqonnaa shanitti qoodamee kan dhiyaatedha. Boqonnaa isa jalqabaa keessatti seenduubee, ka'umsa, kaayyoowwan, faayidaa qorannichaa, daangaafi hanqinafi haala

qindaa'inafi qaaccessa ragaalee qorannichaatu dhiyaate. Boqonnaa lamaffaa keessatti sakatta'a barruu yaada hayyoonni yaad rimee afoolaa irratti jiru, yaxxinaafi qorannoo walfakkaatu afoolaa ilaalchisanii ibsantu dhiyaate.Boqonnaa sadaffaan mala, madda ragaalee, meeshaalee funaansa ragaafi mala iddateessuukeessatti dhiyaate.

Boqonnaa arfaaffaa keessatti odeeffannoon qorannichaaf kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo kutaakudhatokkofi kutaa kudha lamaa keessaa afoola funaanaman kutaa kutaan kanneen kitaabilee keessa jiran akkataa meeshaalee funaansa ragaa irratti hundaa'uun haaluma boqonnaa keessatti argamaniin gosa gosaan walitti qabamuun gaggeeffame. Sana booddee, akkaataa odeeffannoo meeshaalee funaansa ragaa irraa argamerratti hundaa'uunmala akkamtaa fayyadamuun qaaccceffamaniiru.

Tooftaa qaaccessa ragaalee qorannoo kanaa keessatti qorataan kanfayyadame mala akkamtaa yoo ta'u, ragaalee sakatta'a dookimentiitiin, afgaaffiifi daawwannaan argaman kana ibsa irratti kennuun kan xinxalameedha. Kunis jalqaba cheeklistiii bu'uura godhachuun kutaarratti hundaa'uun boqonnaa boqonnaan haalli dhiyaannaa jiran adda bahanii jiru. Kanatti aansuun odeeffannoo argame mala akkamtaatti gargaaramuun qaacccefamanii booda kan kutaa kudha tokkoofi kudhalamaa walbiraatti fiduun odeeffannoon argaman kan qindaa'aniidha.

Boqonnaa shan jalatti cuunfaa argannoofi yaboo dhiyeessuun qorataan kun qorannoo isaa goolabe.

Boqonnaa Afur: Qaaccessa Ragaalee

Boqonnaa kana jalatti odeeffannoowwan qaaccessa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaakudha-tokkoofi kutaa kudha-lamaa gabateewwan mirkaneeffannoo garaa garaa irratti hunda'uun kan gaggeeffamanii, afaaffii barsiisotaafi barattoota iddattoon filamaniifi daawwannaa daree barnootaa irraa argamanituttiibaan dhiyaata.

4.1.Qaaccessa Odeeffannoowwan Kitaaba Barnootaa Afaan Oromoo Kutaa kudha tokkoofi Kutaa Kudhalamaa Sakatta'uun Funaanaman

Akka odeeffannoon qaaccessa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkoofi kutaa kudha lamarraa argaman mul'isanitti dhiyaannaa gooroowwan (gosoorni afoolaa kitaabicha keessatti argaman sakatta'amanii akka itti aanutti gabatee mirkaneeffannoon ibsamaniiru.

4.1.1 Gabatee Mirkaneeffannoo Haala dhiyaannaa Afoolaa kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11 Keessatti Argamanii Mul'isu

T/I	Gosoota Afoolaa	Boqonnaafi Mata duree afoolli kun jalatti argamu		Haala dhiyaannaa					Fuu la
		Boqonnaa	Mata duree	afaan bu'uureffate	ogummaa afaanii bu'uureffate	akka qabiyyetti	Unka bu'uur effate	hawaa sa bu'uur effate	
1	Sirba Daboo	1	Afaan akkamitti jalqabame	✓	✓	-	-	-	21-23
2	Geerarsa	2	Garasuu Dhukii	-	-	-	✓	✓	37-38
3	Durdurii	3	Namootaafi Bineensota	-	✓	✓	-	✓	54-56
4	Durdurii	5	Eenyuu Haafuudhu?	-	-	✓	-	-	75
5	Malleen dubbii	“	“	-	-	✓	-	-	81
6	Geerarsa	“	“	-	✓	-	-	✓	84
7	Faaruu Ateetee	8	Baruumsa adda kutuu	-	✓	-	-	✓	122
8	Durdurii	10	Kan mana baasan manaa	-	-	✓	-	-	137

			nama baasa						
9	Mammaaksa	“	“	✓	✓	-	-	-	139
10	Geerarsa	11	Ogwalaloo	-	-	✓	-	-	143
11	Ciigoo	11	“	-	-	✓	-	-	146
12	Hibboo	“	“	-	-	✓	-	✓	146
13	Jechama	“	“	-	✓	-	-	✓	146
15	Afseena	12	Bifa jireenya hawaasaa sirna Gadaa	-	-	✓	-	-	155
16	Jechama	“	“	✓	✓	-	-	-	164
17	Sirba sirna gadaa	“	“	-	-	-	-	✓	164
18	Baacoo	15	Faaya mormaa	-	-	✓	-	✓	198

Kitaabni barnootaa kutaa kudha tokkoo kan maxxanfame bara 2005/2012 yoo ta’uu, fuula 224fi baqonnaa 17 hammateera. Boqonnaalee kanneen keessaa kanafoolli keessattii argamaan boqonnaa 12 yoo ta’an goorowwaniifi haalli dhiyaannaa goorowwan kanneenii gabatee mirkaneeffannaa armaan oliitiin kandhiyaataniidha. Haala odeeffannoon argame mul’isutti gosoonni afoola kitaabicha keessatti argamanii sirba daboo, geerarsa , durdurii, malleen dubbii, geerarsa, faaruu ateetee, mammaaksa, ciigoo ,hibboo, jechama, afseena sirba gadaafi baacoo ofkeessatti kan hammate yoo ta’u, akkuma gabatee kanarraa hubachuun danda’ametti, gosoonni afoolaa kitaaba kana keessatti dhiyaatan muraasa. Kana jechuun gosoonni afoola biroo hammatamuu danda’an osoo hinhammatamin hafanis akka jiran odeeffannoo qaaceffame irraa hubachuun danda’ameera.

Akkuma odeeffannoo gabatee mirkaneeffannaa 4.1.1 kana irraa argame mul’isutti, goorowwan afoolaa kunniin haala dhiyaannaa afaan bu’uureffate, ogummaa afaanii bu’uureffate, akka qabiyyeettii, uunka bu’uureffateefi hawaasa bu’uureffataniin dhiyaachuu keessatti waanata mul’atan adda baafachuun danda’ameera. Haaluma kanaan akka ragaan argame kun mul’isutti qabiyyeewwan barnootaa kitaaba kana keessa jiran ‘ barannoo’ adda bahanii kandhiyaataniidha. Gilgaalonni qabiyyee afoolaan walqabataniin jiran jalattii haala bal’ina hinqabneen darbe darbee afoolan jatatti hiika jechootaa, ogummaawwan afaaniidhiyaataniiru. Afoolli qofaatti “barannoo” dhiyaachuun, afoola akka qabiyyee tokkotti dhiyeessuu bira darbee afaanfi ogummaa afaanii

bifa qinda'een ittidhiyeessuuf kan hinmijoofta ta'uun hubatameera. Kana malees, gooroowwan afoolaa dhiyeessuu keessatti afoola tokko haala dhiyaannaa adda addaatin dhiyeessuun kan danda'amu yoo ta'uu, goorowwan afoolaa haala kanaan kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha tokkoo keessatti osoo hindhiyaatin hafeera. Fakkeenya durdurii dubbisa “kan mana baasan manaa nama baasa” jedhu (fuula 137) dhiyaate keessatti durduriin, akka qabiyyee dubbisaatti dhiyaatera. Haata'u malee dubbisa kana irratti hundaa'uun caacculee afaanii, ogummaa afaaniifi hariiroo durduriin hawaasa waliin qabufi faayidaa durdurii akka xiinxalaan taasisanii dhiyeessuun kan danda'amuudha.

Sababni isaas, qabiyyeen afoolaa kun akka dubbisaatti yoo dhiyaatu dubbisicha irratti hundaa'uun gilgaalota adda addaa jalatti shaakallii afaanii, ogummaawwan afaaniifi afoola dhiyeessuun kan danda'amuudha waan ta'eef. Garuu kitaabicha kana keessatti durduriin walqabsiisuun kanbarsiisuuf dhiyeesse keessatti odeeffannoo dubbisicharraa argamu qofa irratti xiyyeeffate. Haaluma walfakkatuun, kitaaba barnoota afaanii kun kan barnoota afaan tokkoffaa ta'uu isaatin wantoota irra caala xiyyeeffannaa barbaadan: kanneen afaan jalatti ramadaman caaslugaa, hiikaa jechootaa, ogummaalee afaanii keessaa dubbisuufi barreessuu, unkaalee afoolaafi tajaajila afoolli hawaasa kennu bal'inaan kan qabatee qophaa'e miti. Wantoota kana bal'inaan hammachuu dhabuun immoo afaan tokkoffaa keessatti waantoota xiyyeeffannoo caalmatti barbaadanif iddoo guddaa kennuun kan hindhiyeessine ta'uu agarsiisa.

4.1.2 Gabatee Mirkaneeffannoo Haala dhiyaannaa Afoolaa kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Kudhalamaa Keessatti Argamanii Mul'isu

T/1	Gosoota Afoolaa	Boqonnaafi Mata duree afoolli kun jalatti argamu		Haala dhiyaannaa					Fuula
		Boqonnaa	Mataduree	kanafaan bu'uureffate	kanogummaa afaanii bu'uureffate	akka qabiyyetti	Kan uunka bu'uureffate	kanhaw aasaa bu'uureffate	
1	Walaloo Sirbaa	2	Godaansa Uummataa	✓	-	-	-	-	20
2	Mammaaksa	3	Beekumsa	✓	✓	-	-	-	36-37
3	Hiibboo	4	Qaama qaaman bakka buusuu	✓	-	-	-	✓	47-48
4	Afseenaa	5	Aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoo Gujii	-	-	✓	-	-	49
5	Durdurii	7	Harka qullaa kaatu moo?	-	-	✓	-	-	71
6	Mammaaksa	7	“	-	✓	-	-	-	74
7	Ciigoo	9	Ogwalaloo	✓	-	-	-	-	95
8	Malleen dubbii	12	Asoosama	-	✓	-	-	-	112
9	Afseenaa	14	Seenaa Makkoo Bilii	-	-	✓	-	-	132
10	Afseenaa	16	Gumaa	-	-	✓	-	-	153

Kitaabni barataa kutaa kudha lamaa kanmaxxanfame bara 2005/2012fi boqonnaa18fi fuula 172 qaba. Akka odeeffannoon gabatee armaan oliirraa argame mul'isutti, gosoonni afoola kitaabicha keessatti argamanii walaloo sirbaa, mammaaksa, hibboo, afseenaa, durdurii, ciigoofi malleen dubbii ofkeessatti kanhammate yoo ta'u, gosoota afoolaa jiran keessaa muraasa qofa qabateera. Gama biraatin, gosoonni afoola biroo hammatamuu qaban osoo

hinhammatamin hafanis akka jiran odeeffannoo qaaceffame irraa hubachuun danda'ameera. Dhiyaannaan afoolan walqabatee afaan kan bu'ureefate, Ogummaa afaanii kan bu'uureffate, hawasaasa kan bu'uuraffateefi akka qabiyyeetti kan dhiyaatanii bakka tokko tokkotti bifa gabaabaa ta'een qabiyyee 'barannoo' afoola jalatti gilgaalota jiraniin . Kana malee, dhiyaannaa kunniin keessatti kan uunka bu'uuraffate hin dhiyaanne. Gama biraatiin mata dureewwan afoola itti barsiisuuf mijatoo ta'anii, garuu afoolli mataduricha jalatti osoo hindhiyaatin kan jiran jiru. Fakkeenya Mata duree "Aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoo Gujii" jedhu (fuula 49), "Harka qullaa kaatu moo?" jedhu (fuula 71)fi "Gumaa" jedhu (fuula 153) kanneen boqonnaa keessatti mata duree dubbisaa ta'anii dhiyaataniiru. Mata dureen kunniin keessaa "Aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoo Gujii" fi "Gumaan" sirnoota hawaasa keessattii raawwatamaniidha. Waayita sirnoonni kunniin rawwaatamaan afoolli hawaasichi dhimma itti bahu jiru. Afoola sirnoota kana keessatti hawaasti itti fayyadamu mataduree kanneeniin walqabsiisuun dhiyeessun barattootaf afoola kana dhiyeessun nidanda'amaa ture. Garuu, mata dureewwan kanneeniin walqabsiisuun goorowwaan afoolaa heddu haala dhiyaannaa garaagaraan dhiyeessuun kan danda'amu yoo ta'ee illee, kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha lamaa keessatti kan hindhiyaanneedha. Mata dureen " harka qullaa kaatu moo? Jedhu, durduriidha. Mata duree kanaan walqabsiisuun barattoonnidhimma afoolaa irratti, ogummaawwan afaaniifi caasluga bal'inaan akka shaakalan taasisuun kan danda'amu ta'ullee kitaabicha keessatti bifa kanaan hindhiyaanne. Kun immoo afoola barsiisuuf haalli mijataa jiru fayyadamuun kitaabicha keessatti afoola hammachiisuu dhiisuu kan mul'isuudha.

Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kudhalamaa afoola adda addaa fayyadamuun qabiyyeewwan garaagaraa dhiyeessuun bu'a qabeessummaa barnoota afaaniif iddoo olaanaa akka qabu boqonnaa lama jatatti yaada hayyataarraa hubachuun danda'ameera. Barnoota afaaniifi kitaaba barnoota afaanii keessatti afoola yoo akka meeshaa afaan barsiisuutti dhiyaate, barattoonni ofitti amanamummaa kan horataniifi si'aayinaafi kaka'umsa akka qabaatan taasisa. Haaluma walfakkaatuun hirmaannaa barattootaa dabaluu keessattis gahee olaanaa akka qabu kutaalee darban keessatti ibsameera. Barnoonni afaanii si'aayinaafi kaka'umsa gahaa kan barbaaduufi hirmaannaa o'aa barattoonni godhaniin galma gahuu kandanda'uudha. Yaada kanaan walfakkaatu Birhanuun (2009) akka itti aanutti ibseera: " In active learning the involvement and participation of the learners in the interaction is mandatory." Akka yaada kanaatti barnoonni si'aayina qabuuf kan dhufu hirmaannaa oo'aa

barattoota jidduutti taasifamu irrayyu. Akka hirmaannan o'aan uumamuf waantoota filataman keessaa tokko qabiyyee afoolati. Yaada kana Baddiluun (1996:6) akka ibsetti, afoolli barnoota afaanii keessatti hammatamuun barattoonni ogummaa dubbisuu sadarkaa olaanatti, dhageeffachuu, dubbachuufi barreessuun immoo sadarkaa giddugaleessatti akka gabbifataniif gargaara. Kana malees, barattoonni yeroo gosoota afoolaatti gargaaraman ogummaa dubbachuufi dubbisuu isaanii nigabbifatu jedha. Barsiisaan yemmuu sagalee olfuudhee dubbisuuf nidhaageeffatu. Waan dhageeffatan kana irratti hundaa'uun immoo si'aayinaan marii o'aan mari'atu. Sababni isaas afoolli amala hawwachuufi si'eessuu waan qabuuf barattoonni hojii afoolaa irratti hundaa'anii ogummaa isaanii akka gabbifatan taasisa.

Akkuma gabateewwan 4.1.1fi 4.1.2 irraa hubachuun danda'amuttii afoolan qabiyyee afaanii, ogummaawwan afaanii, qabiyyee afoolaafi haala jiruufi jireenya hawaasaa ittin barsiisuuf dhiyeessun akka danda'amu ta'ullee, qabiyyeewwan barnootaa kunniin 'barannoon' kutaa adda addaatti jalatti dhiyaachuun qindoomina isaaniiratti rakkoo akka fide hubachuun danda'ameera.

Akka hayyoonni tokko tokko kaasanitti kayyoon afoolaa kitaaba barnoota afaanii keessatti dhiyaatuuf ogummaa afanii ittiin barsiisuu qofaaf kan jedhan. Yaada kan Wandosen (1994:19) akka ibsetti, afoolli akka meeshaa afaan barsiisuutti fayyadamuun kaayyoon isaa beekumsa afoolaa kuufachuufi waa'ee afoolaa xiinxalluuf osoo hin taane, afoola filatamaniin ogummaa afaanii akka gabbifatan taasisuudha kan jedhuudha. Hayyuun kun yaada armaan olii lafa haakaa'u malee, qorataan qorannoo kanaa akka xinxaalee bira gahetti, barattoonni afoolaan ogummaa afaanii gonfachiisuu cinattis beekumsa afoolaa kuufachuunii, qabiyyee afaanii ittiin barsiisuufi eenyummaa hawaasa tokkoo ittiin barsiisuun kandanda'amu ta'uu agarsiisera.

Xinxaala gabateewwan lamaan olii gabaabinaan akka kanaa gadiitti kaa'uun nidanda'ama. Gosoonni afoolaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kudhalamaakeessatti boqonnaalee hunda keessatti hindhiyaanne. Kan kutaa kudhatokkoo boqonnaa kudha torba jiru keessaa afoolli boqonnaaleekudha lama qofa keessatti dhiyaate. Kan kutaa kudha lamaa immoo boqonnaalee kudha saddeet qabu keessaa afoolli boqonnaalee torba keessatti qofa kandhiyaate yoo ta'u, boqonnaa sadii keessatti akka dubbisaatti kan dhiyaataniidha. Boqonnaalee sadan akka dubbisaatti afoolli itti dhiyaatan jalatti shaakalli barannoon walqabatee dhiyaate hinjirani. Gama biraatiin, afoola tokkon ogummaawwan afaanii, hiika jechootaa, caasluga, qabiyyee afoolaafi uunka afoolaa ittiin dhiyeessuuf haalli kitabileen kunniin 'barannoon' qoqqoodanii dhiyeessan

haala kanaaf mijataa akka hintaane kan godhan ta'uu bira ga'ameera. Akka fakkeeniyatti, kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa kudha lammaffaa keessattii mata dureewwa “Aadaa fuudhaafi heerumaa Oromoo Gujii” (fuula 49), “Harka qullaa kaatu moo?” (fuula 71), “Seenaa Makkoo Bili” (fuula 132) fi “Gumaa” (fuula 153) keessatti boqonnaallee jalatti akka dubbisaatti kanneen dhiyaataniidha. Afoolli kunniin sirnootafi durdurii waan ta'aniifuu mata dureewwan kanneen giddu galeeffachuun haala dhiyaannaa garaagaraan dhiyeessuun nidanda'ama ture. Garuu, haala kanaan kitaabicha keessatti hindhiyaanne. Kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha tokkoffaa keessatti boqonnaalee keessatti afoolli dhiyaatan akkuma kankutaa kudhalammaffaa afoola tokko dhiyaannaa garaagaraan dhiyeessuun barattoonni akka shaakala taasisaan gochuun hindhiyeessine. Akka fakkeeniyatti boqonnaa saddeeti, barannoo afur, gilgaala sagal “shaakala faaruu Ateetee” (fuula 122) jedhu jalatti, gaaffiin lammaffaan gama tokkoon barattoonni faaruu Ateetee gareen gaafatanii yeedaloofi walaloo isaa akka dhiyeessan gaafata. Gama biraan fakkeenya faaruu ateetee dhiyeessee jira. Shaakalli sana guutuu taasisuuf faaruu ateetee dhiyaate akka qaaccessan taasisuun fakkeenya sanaan faaruun ateetee kutaalee Oromiyaa garaagaraa keessatti haala naannoo isaaniitiin akka dhiyeessan taasisuun akka daree keessatti faarfatan yoo taasifame hirmaannaa gochaa waan dabalatuuf caalmaatti hawwataa ta'a ture.

Walumaa galatti, afoolli kitaaba barnoota afaanii keessatti haala garaagaraan dhiyaachuu kan danda'amu ta'uu hubachuun danda'amullee, kitaabilee kanneen keessatti haalli itti dhiyaate hanqina kan qabu ta'uu bira ga'ameera .

4.1.3 Gabatee Mirkaneeffannoo Afoolaan Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Kudhatokkoo Keessatti: Dubbachuu, Dhageeffachuu, Barreessuu, Dubbisuufi Caaslugaafi hiikaa jechootaa Barsiisuuf Dhiyaachuu Agarsiisu

Lakk	Gosoota afoolaa	Ogummaa afaanii				Caaslugaafi hiikaa jechootaa		Boqonnaafi fuula	
		Dubbachuu Barsiisuu	Dhageeffachuu barsiisuu	Barreessuu Barsiisuu	Dubbisu u barsiisuu	Caasluga	Hiika jechaa	Boqonnaa	Fuula
1	Sirba Daboo,	-	-	✓	-	-	✓	1	21-23
2	Geerarsa	✓	-	✓	✓	-	-	2,5	37-38,84
3	Durdurii	✓	✓	✓	✓	✓	✓	3,5,10	54-56,58,75,137
4	Mammaaksa	✓	-	✓	-	-	✓	4,10	69,139
5	Jechama	-	-	✓	-	-	✓	11,12	148,161
6	Malleen dubbii	-	-	-	-	-	-	5	81
7	Faaruu Ateetee	✓	-	-	-	-	-	8	122
8	Af walaloo	-	-	-	✓	-	-	11	143
9	Ciigoo	✓	-	-	-	-	✓	11	146
10	Hiibboo	✓	✓	-	-	-	✓	11	147
11	Afseenaa	-	-	-	✓	-	✓		
12	Sirbasirna Gadaa	-	-	✓	-	-	✓		164
13	Baacoo	✓	✓	-	-	-	-	15	198

Akkuma gabateen 4.1.3 agarsiisuutti, goorowwan afoolaa armaan gadiitti tarreeffama kitaaba kana keessatti ‘barannoon’kan dhiyaataniidha. Gorowwan kunniin keessaa sirba, geerarsa, durdurii, mammaaksa, jechama , faaruu ateetee, afwalaloo, ciigoo, hibboo , afseenaafi baacoo jalatti gilgaalonni dhiyaatan ogummaawwan afaanii haala bal’ina hinqabneen hammataniiru. Sirba, durdurii, mammaaksa, jechama , afwalaloo, ciigoo, hibboofi afseenaan jalatti gilgaalonni dhiyaatan hiikaa jechootaa muraasa kan of keessaa qabaniidha.

Gama biraatiin , Afoolli kitaaba barnootaa kana keessatti ‘ barannoon’ daangeffamee dhiyaachuun ogummawwan dubbisuu, barreessuu, dubbachuufi dhaggeeffachuu akkasuumas caaslugaafi hiika jechootaa bal’inaan ittin dhiyeessuuf haala mijataa akka hinqabne mul’isa.

Afoolan ogummaawwan afaanii arfan, hiika jechootaafi caasluga dhiyeessuun filatamaa akka ta’e hayyoonni kaasaniiru. Sababoota afoola filatamaa taasisan keessaa muraasni: Afoolli barattoota keessatti kaka’uumsa uumuun akka hirmaannaa o’aa taasisan kan godhu waan ta’eefi.

Odeeffannoo sakatta’a kitaaba barnootaa kutaa kudhatokko irraa argame kun kan hubachiisu, goorowwan afoola dhiyaatanirra caalaan kan irratti xiyyeeffatan ogummaa ogummaawwan afaanii keessaa ogummaa dubbachuu yoota’u, itti aansudhan barreessuu ,sadaffaa irratti dubbisuufi dhuma irratti dhaggeeffachuu kandhiyeessan ta’uu isaaniti. Haata’u malee, ogummaaleen afaanii arfan kunneen immoo wal utubanii akka deemaniidha. Kana jechuunis,akkuma beekamu hojii gareen keessatti dubbachuu, dhaggeeffachuufi gareef yoo gabaafamu immoo barreessuufi dubbisuu ofkeessatti qabaachuu danda’a. Kanaafuu shaakala tokko keessatti carraa ogummaawwan afur si’a tokkotti fayyadamuutu jira. Haalli dhiyaannan sirriin kana haa ta’u malee, kitaabicha keessatti haalli ittidiyaate ogummaawwan kenneen walsimsiisuun dhiyeessuu irratti hanqina of keessaa qaba. Fakkeenya kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kuddhatokkoo, boqonnaa lama mataduree “Garasuu dhukii” jedhu jalattii (fuula 37) barannoo 3 shaakala geerarsaa gaaffiin A “geerarsa armaan gadii dubbisuun gaaffiwwan itti aananii dhiyaatan deebisi,” jedhee barattoota gaafata. Gaaffii kana keessatti hanqinni mul’atu: Geerarsa akka dubbisan osoo daree keessatti akka bifa yeedaloo isaa eegeen akka geeraran taasisee faayidaa hedduu qabaachuu danda’a. Isaaniis: 1, miira barattootaa kakaasuu danda’a; 2, haala geerarsi itti geeraramu irratti barattoonni hubannoo nihoratu; 3, dubbisuufi dhaggeeffachuu akka walfaana gabbifatan taasisa; 4, shaakala qabatamaa akka taasisaniif gargaara; 5, miira waldorgommii barattoota jidduutti uumuun gahuumsa akka hiratan gargaarafi k.k.f bu’aa

qabaata. Haata’u malee, akkaataan gaaffin kun itti kitaabicha keessatti itti dhiyaaten bu’aan argamuu danda’u: dandeettii dubbisuu cimsuun hubannoo waa dubbisanii adda baafachuu dabaluu qofaa irratti kan daangeffame agarsiisa.

Gama biraatiin, akkataan Afoolli kitaaba barnootaa kutaa kudhatokkoo keessatti dhiyaate akka mul’isutti, barattoonni gahuumsa dhuunfaafi gareen qaban akka cimsatanii taasisuuf kallattii sirrii qabsiisurratti hanqinni nimul’ata. Akka fakkeeniyatti boqonnaa lama keessatti mataduree “Garasuu Dhukii” jedhu (fuula38) irratti gaaffin ‘B’ akka jedhutti “garee gareetti qoodamuun geerarsa qabiyyee adda addaa qabu dhiyeessuun qaaccessa”. Gaaffii kana keessatti shaakala taasifamu akka gareen raawwatan gaafata. Akkataa gaaffii kanaatti, barattoonni geerarsa eessaa akka fidan, barreefamaan yookan afaaniin akka ta’e, maal giddu galeeffachuun akka qaaccessan, eessatti akka qaaccessaniifi bal’ina isaa daangessuun waanti karaa qabsiise hinjiru. Kanaafuu gaaffichi iftoomina qabaachuun barattoota hirmaachisuurratti hanqina qaba.

4.1.4 Gabatee Mirkaneeffannoo Afoolaan Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa kudhalamaa Keessatti :Dubbachuu, Dhageeffachuu, Barreessuu, Dubbisuufi Caas lugaafi hiikaa jechootaa Barsiisuuf Dhiyaachuu Agarsiisu

Lakk	Gosoota afoolaa	Ogummaa afaanii				Caaslugaafi hiikaa jechootaa		Boqonnaafi fuula	
		Dubbachuu Barsiisuu	Dhageeffachuu barsiisuu	Barreessuu Barsiisuu	Dubbisu barsiisuu	Caasluga	Hiika jechaa	Boqonnaa	Fuula
1	Walaloo Sirbaa	-	-	✓	-	-	✓	2	20
2	Mammaaksa	-	-	✓	-	-	✓	3,71	36-37,74
3	Hiibboo	✓	✓	-	-	-	✓	4	47-48
4	Durdurii	-	-	✓	✓	-	✓	7	71
5	Ciigoo	-	-	-	-	-	✓	9	95
6	Malleen Dubbii	-	-	-	-	-	-	12	112
7	Afseenaa	-	-	-	✓	-	-	14,16	132-133,1

Akka gabatee 4.1.4 agarsiisutti afoolli kitaaba barnoota kana keessatti akka mata duree dubbisaafi ‘barannoon’ kan dhiyaatan jiru. Haaluma kanaan gilgaalota ‘barannoo’ jalatti argaman keessattigoorowwan afoolaa ogummaawwan afaanii muraasa hammatan sirba, mammaaksa, hibboo, durduriifi afseenaa yoo ta’an , kanneen hiika jechootaa qabatan goorowwan afoolaa dhiyaatan immoo sirba, mammaaksa, hibboo, durduriifi ciigoodha. Haala afoolaan fayyadamuun ogummaa afaanii, hiika jechootaafi caasluga akka tooftaatti fayyadamuun barsiisuu walqabsiisuun Rai (2012:71) akka ibsetti, “The use of literature as a technique for teaching both basic language skills (i.e. reading, writing, listening and speaking) and language areas (i.e. vocabulary, grammar and pronunciation) is very popular within the field of language learning and teaching nowadays.” Akka yaada kanaatti afoolan ogummaa afaanii, caaslugaa, hiikaa jechootaafi sagaleessuun itti dhiyeessuun yeroo ammaa akka tooftaa gaaritti kan filatamu ta’uudha.

Kitaaba barnoota kutaa kudhalamaa keessatti afoolli dhiyaatan akka gabatee armaan olii irraa hubachuun danda’amutti gahaa akka hintaane agarsiisa. Gama biraatin, barattooni goorowwan afoolaan dhuunfaniis ta’ee gareen ogummaawwan afaanii arfan, hiika jechootaafi caasluga irratti akka shaakallii gahaa taasisaniif gochurratti hanqinni jira. Kunis afoolli kitaabicha keessatti dhiyaate bal’inaan akka qabiyyee afoola ittiin barsiisuuf kan mijatu malee, qabiyyeewwan biroo ‘barannoon’ kan daanga’an akka ta’uu agarsiisa. Fakkeenyaaf ogummaa dubbachuufi dhageeffachuun boqonnaa sadii hibboon walqabsiisuun (fuula 48) irratti qofa dhiyaatan. Gaama caaslugaan immoo gonkumaa boqonnaalee kudha saddeetan keessattuu hindhiyaanne. Afoolan qabiyyeewwan garaagaraa kitaabicha keessattii bal’inaan dhiyaassuu dhabuun, gama tokkon kaka’uumsi daree barnootaa keessatti akka hinuumamne taasisuu danda’a; gama biraatin tajaajila heddu afoolaan afaan barsiisuu irraa argamuutu hir’ata.

Akka kitaabilee baranoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kutaa kudhalamaa keessatti mul’isaniitti, ogummaawwanii afaanii dubbisuu, barreessuu, dubbachuufi dhageeffachuu, caasluga, hiika jechootaafi afoolli “barannoo” jedhamuun qoqqoodamanii dhuunfaa dhuunfaan kan jiraniidha. Akkatan isaan itti dhiyaatan haala armaan gadiitin ilaaluun nidanda’ama. Isaanis: barannoon dhageeffachuu, dubbachuu, barreessuu, dubbisuu ,jechoota, seerlugafi afoola

jechuun dhiyeessa. Akkataa barannoo kanaa irraa waantoota adda addaa hubachuun nidanda'ama. Tokkoffaa, akkataa dhiyeessaa kunneen “ barannoo” jedhanii kutaa kutaan dhiyeessuun afoolan ogummaawwan afaanii arfan, hiikaa jechootaafi caasaluga dhiyeessuuf kan mijatuu miti. Kutaa kutaan jiraachuun isaanii hariiroo qabiyyeewwan kenneen jidduu jiran nilaaffisa. Kana jechuun ogummaawwan afaanii walitti hidhannaa cimaa qabana nijiru. Ogummaawwan kana gargar baasanii barsiisuu nirakkisa. Fakkeenya barataan afoola hawaasa keessaa sassaabee fide yoo hiriyoota isaa dareetiif dubbisuu, hiriyooni isaa nidhaggeeffatu. Yammuu kana afoolan ogummaawwan lama si'a tokkotti barsiifameera. Lammaffaa, afaan baratamuu kunbarattootaaf afaan dhalootati. Afaan dhalootaa keessatti ogummaawwan dhageeffachuufi dubbachuu bal'inaan maatiifi hawaasa keessa jiraatan keessatti kan itti fayyadamaniidha. Kanaafuu, barattooni ogummaawwan afaanii arfan keessaa kan isaan dandeettii cimaa irratti hinqabneefi caalmaatti xiyyeeffannaa barbaadan (dubbisuufi barreessuu)dha. Kanaafuu haalli dhiyaannaa kana ogummaawwan kanaa caalmatti xiyyeeffannoo kan hinkennine ta'uu mul'isa. Sadaffaa, afaan tokkoffaaf qabiyyeen barnootaa dhiyaatuufi afaan lammaffaaf haalli dhiyaannaa qabiyyee barnootaa walhinfakkaatu. Afaan lammaffaan akkaataan itti dhiyaachuu qabu ilaalchisee haalli dhiyaannaa walii galtee akka jedhutti, dhageeffachuufi dubbachuuf dursa nikenna; dubbisuufi barreessuu itti aansuun dhiyeessa. Kana jechuun barattooni afaan lammaffaa yoo baratan dandeettiin isaan ogummaawwan arfan irratti qaban walfakkaatan waan ta'eef dursa dhageeffachuufi dubbachuuf kenna. Akka afaan tokkoffaatti immoo xiyyeeffannaan kan kennamuuf dubbisuufi barreessudha. Kanaafuu haalli qabiyyeewwan kanneen kitaabilee lamaan kana keessatti itti dhiyaatan adeemsa afaan lammaffaan itti dhiyaachuu qabuun kan dhiyaataniin ta'uu mul'isa.

Gama biraatiin, akkuma seenduubeefi boqonnaa lama jalatti yaada hayyootaarraa hubachuun danda'ametti: dhiyaannaan jalqabarratti maal akka fakkachaa ture; jiddutti haala kamiin akka dhiyaachaa tureefi yeroo ammaa dhiyaannan kam akka hojiirra oolaa ibsanii jiru. Kanurraa ka'uun haala qophii qabiyyee kitaabilee kunnii keessatti dhiyaatan irraa hubachuun danda'mutti dhiyaannan kunhaala dhiyaannaa waliigaltee (communicative approaches)n dhiyaachuurratti hanqini akka jiru mul'isa. Sababni isaa, akka dhiyaannaa kanaatti caaslugniifi hiikan jechootaa qabiyyeewwan biroo keessatti dhiyaatu malee qofaatti hindhiyaatan waan jechuuf.

4.4.5 Gabatee Mirkaneeffannoo haala Afoolli gilgaalotaan dhiyaate Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa Kudhatokkookeessatti agarsiisu

Lakk	Gosoota Afoolaa	Mata duree gilgaalotaa		Fuula	Haala Gigaaloonni itti dhiyaatan							
					Gilgaala afaaniin	Barreeffaman	Gilgaalai dhuunfa.	Gilgaaloota hoiiti garee	Gilgaala madaallii	Gilgaaladeebi i Galuumsa	Gilgaala ibsaa	Gilgala gochaa
1	Sirba Daboo	Gilgaala7, Shaakala sirba daboo	A	23	✓	-	✓	-	-	-	✓	-
			B	23	-	✓	✓	-	-	✓	-	-
			C	24	-	✓	✓	-	✓	-	-	-
			D	25	-	✓	✓	-	✓	-	-	-
			E	25	✓	-	-	✓	-	-	✓	-
			F	25	✓	-	✓	-	-	-	✓	-
2	Geerarsa	Gilgaala9, Shaakala geerarsaa	A	37	✓	-	✓	-	-	-	✓	-
			B	38	✓	-	-	✓	✓	-	-	-
3	Durdurii	Gilgaala10, Shaakala sheekkoo bineensotaa	A	54	✓	-	-	✓	✓	-	-	-
			B	55	✓	-	-	✓	✓	-	-	-
			C	56	-	-	✓	-	-	-	✓	-
			D	56	✓	-	-	✓	-	✓	-	-
			-	58	-	✓	✓	-	-	✓	-	-
4	Malleen dubbii	Gilgaala5, Shaakala Malleen dubbii	A	81	✓	-	✓	-	✓	-	-	-
			B	81	✓	-	✓	-	-	-	✓	-

5	Geerarsa	Gilgaala6, Shaakala Geerarasa Gootaa	-	84	-	✓	✓	-	✓	-	-	-
6	Faaruu Ateetee	Gilgaala9, Shaakala faaruu Ateetee	-	122	✓	-	-	✓	-	-	✓	-
7	Durdurii	Gilgaala5, Shaakala yeroo dubbisaa	A	136	✓	-	✓	-	✓	-	-	-
			B	138	✓	-	✓	-	✓	-	-	-
8	Mammaaks a	Gilgaala7, shaakala mammaak saa	-	139	-	✓	✓	-	-	-	✓	-
9	Geerarsa	Gilgaala2, Shaakala yeroo dubbisaa	-	143	✓	-	✓	-	-	-	✓	-
10	Ciigoo	Gilgaala5, Shaakala Ciigoo	A	146	✓	-	-	✓	-	-	✓	-
			B	146	✓	-	✓	-	-	-	✓	-
11	Hibboo	Gilgaala6, Shaakala Hibboo	A	147	✓	-	-	✓	-	-	✓	-
			B	147	✓	-	-	✓	-	-	-	✓
			C	148	-	✓	-	✓	-	-	✓	-
12	Jechamoota	Gilgaala7, Shaakala jechamoot aa	-	148	-	✓	✓	-	-	✓	-	-
13	Afseena	Gilgaala5, Shaakala yeroo dubbisaa	-	154	-	✓	✓	-	-	-	✓	-
14	Jechama	Gilgaala8, Shaakala jechamaa	-	161	-	✓	✓	-	-	-	✓	-

15	Sirba sirna gadaa	Gilgaala11, Shaakala Sirba Gadaa	-	164	-	✓	-	✓	✓	-	-	-
16	Baacoo	Gilgaala5, Shaakala Baacoo	A	198	✓	-	-	✓	-	-	✓	-
			B	198	-	✓	-	✓	-	-	✓	-

Akka yaada hayyootarra hubachuun danda'ametti, haalli afoolaa gilgaalota keessatti dhiyaatu: gilgaalota afaaniin deebi'an, gilgaalota barreeffamaan deebi'an, gilgaalotadhuunfaan hojjataman, gilgaalota garee hirmaachisan, gigaalota madaallii barbaadan, gilgaalota haala galuumsaan deebi'an, gilgaalota dandeettii ibsa barbaadaniifi gilgaalota gochaati. Dhiyaannaa gilgaalotaa kana adda baasuuf tokkoffaa gaafichi afaaniin deebi'amoo barreeffamaan kan deebi'uudha? lammaffaa haalli hirmaannaa dhuunfadhaan moo gareenidhanii? kan jedhuufi sadaffaa, wanti hojjatamu hojii akkamii akka barbaadu(maal barsiisuuf) akka qindaa'e? kanneen jedhaniidha. Gilgaalli tokko kan dhiyaatu gaaffiilee sadan armaan olii akka deebisaniitti kanqophaa'udha. Akka Nuttal (1982)fi Silberstein (1994) ibsanitti, gilgaalonni afoola tokko keessaa bahan ykn qophaa'an gilgaalota afaaniin deebii barbaadu, gilgaalota ibsa dhuunfaa barbaadu, gilgaalota galumsa irraa deebii barbaadu, gilgaalota madaallii, gilgaalota dandeettii waa yaadachuu barbaadaniifi gilgaalota qabatamaan agarsiisuu akka ta'aniifi isaanis kallattii adda addaatiin gabbisuun akka danda'amuudha. Yaada hayyoonni dhiyeessan kana irratti hundaa'uun akkaataa gilgaalonni kitaaba baranoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkoo itti dhiyaatan akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

Akkataa Gabatee 4.1.5 irraa hubachuun danda'amutti, gilgaalonni afoolaa kitaaba barnoota Afaan Orommoo kutaa kudhatokkoo keessatti dhiyaatan yoo ilaalamanirra caalli deebii afaaniin deebi'an yoo ta'an, kan barreeffamaan akka deebi'aniif qindaa'aniis nijiru. Gilgaalonni tokko tokko immoo afaaniin yookaan barreeffamaan akka deebisan wanti ibsu hinjiru. Fakkeenya boqonnaa shan mata duree "sEenyutu haafuudhu?" jedhu (fuula 81) shaakala malleen dubbii jalatti, gaaffiin "A" "himoota armaan gadii gosa malleen dubbii keessaa isa kam akka bakka bu'uun addaan baasi". Gaaffiin jedhu bifa kamiin akka barattooni deebisan waanti qajeelche hinjiru. Gilgaalonni biroos haaluma kanaan kitaabicha keessa jiru. Gama hirmaannaatiin immoo, kan dhuunfaan hirmaachisutu bal'inaan jira. Kan gareen hirmaachisu baay'ina hinqabu. kana

jechuun gilgaalota afoolaan walqabatanii kitaabicha keessa jiran haala hirmaachisummaan isaaaniin walqabsiisuun bal'inaan kan jiru akka shaakala dhuunfaa gaggeessaniidha. Shaakalli taasifamuu kunniinis bal'inaan 'ibsa' akka taasisan gaafata. Akka madaallii gaggeessaniif shaakalli dhiyaate xiqqaadha. Haala galuumsan akka deebisaniif shaakalli jiru immoo baay'ee muraasa. Shaakalli gochaan yookaan keessatti hirmaachuun akka deebisa gaafataman bakka tokko qofatti hibboo walqabsiise jira. Akkuma beekamu amala afoolli qabu keessaa tokko hurruubummaadha. Hurruubummaan jechaafi gochaan kan agarsiifamuudha. Kunis haala qabatamaa keessatti kanraawwatamuudha. Yaada kanaan walfakkaatu, Finnegan (1970) hurruubummaan amaloota afoolaa keessaa isa bu'uura ta'ee dhimma raawwii afoolichaa gadifageenyaan hubachuuf jechoota (Sagaleen) wanta darbu caalaa akkaataa hirmaattoonni miira isaanii sochoosanii agarsiisan walfaana ilaalamuu qaba jetti. Kana malees, Jaarraafi Wasaneen (2008:16) yoo ibsan, "Hurruubummaan amaloota afoolaa keessa isa bu'uuraaf, afoolichatti kan lubbuu horuudha "jedhu. Yaadoolii armaan oliitti hayyoonni ibsan kanaan walqabsiisuun shaakalliin afoolaan walqabatanii kitaabicha keessatti dhiyaatan kunniin shaakalli hirmaannaa barattootaa gochaan agarsiisuun deebii gaafatu tokko qofa. Kanaafuu, kitaabicha keessatti shaakalliin afoolaa inni bu'uuraa akka dagatame mul'isa. Barattoonni kutaa kudha tokko warra barattoota hubannoo olaanaa qabaniidha. Sadarkaa kanatti barattoonni gahuumsa waa madaaluufi haala gahuumsaan hiikuu nidanda'u. Kanaafuu sadarkaa kana irratti gilgaalli barattootaaf dhiyaachuu qabu caalmaatti akka waa madaalafi haala galuumsaan hiikanii gochuurratti gilgaalota qophaa'an keessatti hanqinni ni mul'ata. Kanumarraa ka'uun, gilgaalonna afoolaa kitaabicha keessatti dhiyaatan bal'inaan akka waa ibsaniif gilgaalli dhiyaatan sadarkaa barattoota kan hingiddu galeeffanne ta'uu mul'isa.

Walumaa galatti, amaloonni gilgaalota afoola kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkoo keessatti argamanii yommuu qaacceffaman irra caalaan isaanii gilgaalota afaaniin deebi'an, ibsa dhuunfaa kanbarbaadan bal'inaan kan qaban yoo ta'uu, gilgaalota hirmaannaa garee ibsa barbaadan kan itti aananii dhiyaatan ta'uu hubachuun danda'ameera.

4.1.6 Gabatee Mirkaneeffannoo haala Afoolli gilgalootan dhiyaate Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa kudhalamaakeessatti agarsiisu

L a k k	Gosoota Afoolaa	Mata duree gilgaalonni afoolaa jalatti argaman		Fuula	Haala Gilgaalonni itti dhiyaatan							
					Gilgaala afaaniin	Barreeffama	Gilgaala hojii dhuunfaa	Gilgaloota hojii garee	Gilgaala madaallii	Gilgaaladeebi i Galuumsa	Gilgaala ibsa	Gilgaala gochaa
1	Walaloo Sirbaa	Gilgaala1, Shaakala Dhageeffachuu	-	20	✓	-	-	✓	-	-	✓	-
2	Mammaaksa	Gilgaala7, Shaakala Mammaaksaa	A	36	✓	-	✓	-	-	-	✓	-
			B	36	-	✓	✓	-	-	-	✓	-
			C	37	-	✓	✓	-	-	✓	-	-
3	Hiibboo	Gilgaala5, Shaakala Hibboo	A	47	✓	-	-	✓	-	-	✓	-
			B	47	✓	-	✓	-	-	-	✓	-
			C	48	-	✓	-	✓	-	✓	-	-
			D	48	✓	-	✓	-	-	-	✓	-
4	Durdurii	Gilgaala2, Shaakala yeroo dubbisaa	A	71	-	✓	✓	-	-	-	✓	-
			B	73	-	✓	✓	-	-	✓	-	-
5	Mammaaksa	Gilgaala4, Mammaksa	-	74	-	✓	✓	-	-	-	✓	-
6	Ciigoo	Gilgaala7, Ciigoo	-	95	-	✓	✓	-	-	-	✓	-
6	Malleen Dubbi	Gilgaal4, Malleen dubbii	-	112	✓	-	✓	-	-	-	✓	-
7	Afseenee	Gilgaala5,	A	131	✓	-	✓	-	-	-	✓	-

	Shaakala yeroo dubbisaa	B	131	-	✓	✓	-	-	-	✓	-
C		136	✓	-	✓	-	-	-	✓	-	
D		136	-	✓	✓	-	-	✓	-	-	

Akka odeeffannoon yaada hayyootaarraa argame mul'isutti, haalli afoolaa gilgaalota keessatti dhiyaatu: gilgaalota afaaniin deebi'an, gilgaalota barreeffaman deebi'an, gigaalotadhuunfaan hojjataman, gilgaalota garee hirmaachisan, gilgaalota madallii barbaadan, gilgaalota haala galuumsaan deebi'an, gilgaalota dandeettii ibsa barbaadaniifi gilgaalota gochaan agarsiisaniidha. Dhiyaannaa gilgaalotaa kana adda baasuuf tokkoffaa gaaffichi kan deebi'u afaaniin deebi'a moo barreeffamaanii, inni lammaffaa haalli hirmaannaa dhuunfaadhaan moo gareeniidhafi kan sadaffaa shaakalli godhamu akkamitti? kanneen jedhaniidha. Gilgaalli tokko kan qophaa'u gaaffilee sadan kana giddugaleeffachuuniidha.

Akkaataa gilgaalonni afoola kitaaba barnootaAfaan Oromoo kutaa kudhalamaa itti qindaa'an gabatee 4.1.6 mul'isutti, gilgaalonni irra caalli deebii afaaniin deebi'an yoo ta'an, kanneen barreeffamaan deebii barbaadaniis nijiru. Gama hirmaannaatiin immoo, kan dhuunfaan hirmatamuutu bal'ina kanqabu yoo ta'uu hirmaannaan garee gad bu'aadha. Amala afoolaa keessaa tokko jamaa qabaachuudha. Jamaa jechuun kan hirmaatuufi kan dhaggeeffatu yookaan kan jalaa qabudha. Gilgaalota kitaaba barnoota kutaa kudha lamaafi amala afoola kana yoo walbira qabame ilaalamu gama hojii gareetiin hanqina akka qabuu ta'uu mul'isa. Shaakala taasifamuun walqabatee kan akka ibsaniin gaafatu hundarra caala. Haalli galuumsa immoo ibsatti aane kan jiruudha. Shaakalli madaalliifi kan gochaan yookaan daree keessatti akka hirmaatan taasisu kanhinjirreedha. Gilgaalonni afoolaa kitaabicha keessatti dhiyaatan baay'inaan kan giddu galeeffatan: deebii afaanii, hirmaannaa dhuunfaafi ibsa akka kennaniidha. Keessattuu, gilgaalonni deebii galumsaa barbaadan bal'inaan kan hinmul'anneedha. Kanneen deebii madaalliifi shaakalli qabatamaan daree keessatti akka dhiyeessan gaafatan kan hinjirre ta'uu sakatta'a kanaan bira ga'ameera.

Walumaa galatti,haallii dhiyaannaa gilgaalota afoola kitaaba Afaan Oromoo kutaa kudhalamaa keessatti argamanii yemmuu qaaceffaman irra caalaan isaanii gilgaalota afaaniin deebi'an, ibsa dhuunfaa barbaadani bal'inaan kan qaban ta'uu hubachuun danda'ameera.

4.2 Qaaccessa Odeeffannoowwan Afgaaffiidhaan Barsiisota Irraa Argame

Odeeffannoowwan afgaaffiidhaan barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsa Qophaa'ina Baantuufi Tajiirraa argamee bifa itti aanu kanaan qaaceffamuun dhiyaate.

Sadarkaa kutaa kudhatokkofi kudhalamaatti gooroowwan afoolaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti haala garaagaraan dhiyaachuu kandanda'aniidha. Haala dhiyaannaa gooroowwan afoolaa kana ilaachisuun barsiisonni mana barumsa qophaa'ina Baantuufi Taji barnoota Afaan Oromoo barsiisan yaada kennaniiru. Barsiisaa “A” kan mana baruumsa qophaa'ina Baantuutti Afaan Oromoo barsiisu yoo ta'uu, Barsiisan “B” immoo barsiisaa mana baruumsa Tajiitti barsiisaa Afaan Oromoo barsiisudha. Haala goorowwan afoolaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha kudhatokkofi kudhalamaa keessatti ittiin dhiyaatanirratti irratti barsiisan “A”n kan jedhe, “Goorowwan Afoolaa kitaabileen Afaan Oromoo kutaa kudhakudhatokkofi kudhalamaa keessatti boqonnaalee jala jalatti ‘barannoon’ kan dhiyaataniidha. Kana malees , kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhalama keessatti jalqaba boqonnaa murasa irratti durduriifi afseenaa dubbisaan dhiyaataniiru” jechuun ibseera. Barsiisaan “B” yaada kanarratti akka ibsetti, “Afoolli kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha kudhatokkofi kudhalamaa keessatti kanneen akka dubbisaatti dhiyaatan ni jiru; kana malees, boqonnaalee garaagaraa keessatti barannoo ofdanda'een dhiyaatera” jechuun yaada walfakkatu kenneera. Dabalataaniis yaada barsiisonni kunniin kennan, barsiisaan “A”n afoolli kitaabilee Afaan Oromoo kutaa kudhatokko keessatti boqonnaalee kitaabichi qabu keessaa garri caalu barannoo of danda'een dhiyaatera. Afoolli dhiyaatan hedduun isaanii gilgaalota shaakala garaagaraa qabuun deeggaramuun kandhiyaatedha. Haata'u malee, kutaa kudha lama keessatti afoolli kan dhiyaate boqonnaalee muraasa keessatti akka ta'eedha. Barsiisaan “B” Afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokko keessatti boqonnaalee hedduu keessatti kannen akka sirbootaa, geerarsaa, faaruu, malleen dubbii durdurii, maammaksa ciigoofi baacoon barannoo ofdanda'aniin akka dhiyaatan ta'uufikitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhalama keessatti boqonnaalee muraasa keessatti barannoo ofdanda'een kanneen akka sirbaa, mammaaksaa, hibboo, oduu duriifi ciigoon akka dhiyaatanibse.

Akka yaada olii kanneen irraa hubachuun danda'amutti kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkoofi kudhalama keessatti goorowwan afoolaa bal'inaan ‘barannoon’kan dhiyaatan yoo ta'uu, darbee darbee immoo akka dubbisaatti dhiyaachuu agarsiisa.

Kitaabni barataa, qajeelcha barsiisaafi silabasiin barnootaa hariiroo qabaachuun tokko kan biraa deeggaruun qophaa’u. Haala hariiroo jarreen kana sadan jidduu jiru ilaalchisuun barsiisaan “A” akkana jechuun ibse, “Hariiroon qajeelcha barsiisaafi kitaabilee barnootaa qabiyyeen isaan ofkeessatti hammataniin walfakkaatu. Haata’umalee, qajeelchi barsiisaa kallattii raawwii ofkeessaa hinqabu. Matadureefi deebii gaggabaabduu qofa kan hammateedha. Gama biraatiin yeroon qajeelcha irratti kenname bal’ina kan qabu yoo ta’uu qabiyyeen kitaabilee keessa jiran yeroo kennamaniin kan walsimanii miti”. Barsiisaan “B” immoo yaaduma kana ilaalchisee akka akka itti aanutti ibse, “Qajeelchiifii kitaabileen barnootaa tartiiba walii eeggataniin kan deemaniidha. Haata’u malee, qajeelchi ibasa gahaa qabiyyeewwan kitaaba barataa keessa jiraniin walqabsiisee kan kennuu miti”.

Yaadoolii lameen kunniin akka ibsaniitti kitaabileenifi qajeelchi barsiisaa akkataa isaanitti qindaa’aniifi qabiyyeewwan isaan lamaanuu qaban kanwalfakkaatu ta’uu mul’isa. Haata’u malee, qajeelchi barsiisaa mataduree kitaaba barataa keessa jiru irratti ibsa bal’aafi kallattii yookan tooftaa raawwii walqabsiisee haalli itti deegaru haqina qabaachuu mul’isa.

Afoolaan gargaaramanii qabiyyee barnootaa dhiyeessuun bu’aa guddaa akka qabu boqonnaa lama jalatti yaada hayyootaniin deegaruun ibsameera. Afoolan qabiyyee garaagaraa dhiyeessuun walqabasiise barsiisaa “A” akka itti aanutti ibseera: “Kitaaba keessatti qabiyyeewwan adda adda barannoon qoodamanii kan dhiyaataniidha. Kunis afoola akka barannoo tokkotti kitaaba keessatti kaa’era. Haala kanaan qophaa’uun kitaabaa walfudhatiinsa afoolaan afaan, ogummaawwan afaaniifi kanneen biroo ittiin barsiisuuf rakkisaa taasiseera”. Barsiisaan “B” akka ibsetti, “Akkataa qophii kitaabaa keessatti afoolli itti dhiyaate bakka akka mata duree dubbisaa ta’ee dhiyaatetti afaaniifi ogummaawwan afaanii barattooni akka baratan kan taasiseedha. Afoolli barannoo of danda’een dhiyaate immoo afaan, ogummaa afaaniifi qabiyyee afoolaa ittiin barsiisuuf darbee darbee gilgaalota keessatti muraasni kan jiraniidha”.

Akka yaada barsiisonni kennan kanarraa hubachuun danda’amutti, kitaabilee keessatti afoolaafi qabiyyeewwan biroo barannoon adda baasuun dhiyeessuun afoolaan ogummaawwan afaanii, caaslugaafi hiika jechootaa ittiin barsiisuuf mijataa kan hin taanedha. Afoolli akka dubbisaatti yoo dhiyaate garuu, ogummaalee kanneen ittiin barsiisuuf kan tolu ta’uu agarsiisa.

Haala dhiyaannaa afoolaa kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo keessatti hanqinni adda adda jirachuu nidanda’a. Hanqinaaleen jiran immoo milkaa’ina barnootatiif gufuu ta’u.

Haaluma kanaan, hanqinaalee dhiyaanna afoolan walqabatanii kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha tokkofi kudhalamaa keessatti mul’atan barsiisaan “A” akka itti aanutti ibsu: “Afoolli kitaabicha keessatti dhiyaatan shaakala gahaan ibsaan deeggaramee hindhiyaanne; qabiyyeen afoolaafi qabiyyeewwan biroo akkaataa waldeeggaruun barsiisuuf mijataa ta’ee hindhiyaanne; afoollifi shaakalli dhiyaate sadarkaa barattoota waliin kan deemuu miti. Kana jechuun, gilgaalota keessatti akka barattoonni waamadaalan, haala galuumsan hiikaniifi qabatamaan agarsiisa kan afeeruu miti”. Yaaduma kana barsiisaan “B” akka ittiaanutti ibseera: “kitaabilee kanneen keessatti afoola akka qabiyyeetti yeroo dhiyeessu shaakalli afoolaa shaakala gochaafi garee hanqina guddaa qabu. Kana malees, akkataa kitaabilee kana keessattii ogummaawwan afaanii itti duraa duuban dhiyaatan haala dhiyaannaa afaan tokkoffaa kan eege osoo hintaane kanafaan lammaffaa hordofuun kan dhiyaataniidha”.

Akka yaada barsiisotaa kanneen irraa hubachuun danda’amutti dhiyaannaa afoolatiin walqabatee kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha tokkofi kudha lamaa keessatti hanqinaaleen mul’atan: afoolli kitaabilee kanneen keessatti dhiyaatan ibsan kan hindeeggaramne ta’uu; shaakalli afoolaan walqabatani jiran gahaa ta’uu dhabuu; qabiyyeewwan kanneen akka dubbisuu, barreessuu, dhaggeeffachuu, dubbachuu, caaslugaafi hiikaan jechootaa barannoon kutaa kutaan waan dhiyaataniifuu afoola waliin hariiroon isaan qaban laafaa ta’uu; kana malee, ogummaawwan afaanii arfan akkataan isaan kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kutaa kudhalamaa keessatti itti dhiyaatan haala dhiyaannaa afaan lammaffaatin akka ta’eedha; shaakalli afoolan walqabatanii gilgaalota keessatti dhiyaatan bal’inaan ‘ibsa’ kan giddugaleeffate waanta’eef sadarkaa barattootan kan wal hinginne ta’uu; gilgaalonni hojii gareefi shaakala gochaan agarsiisuu bal’inaan kan hinhammanee ta’uun bira gahameera.

Yaada furamaataa rakkoolee mul’atan tokkoo eeruun barbaachisaadha. Hanqinaalee dhiyaannaa afoolaan walqabatani jiraniif barsiisaa “A” yaada furmaata nita’a jedhe akka itti aanutti ibseera, “Kitaabichi yoo qophaa’uu barannoon adda adda qoqqoodee dhiyeessuurra afoola dhiyaate tokko irratti hundaa’uun barattoonni caasluga, hiikaa jechootaa, ogummaa afaanii akka shaakalaniif dhiyeessuu; gilgaalonni afoolaan walqabatani dhiyaatan bal’inaan hojii garee, madaallifi haalagaluumsaan xiinxalufi gochaan agarsiisuun osoo dhiyaatani”. Barsiisaan “B” yaada furmaataa ta’a kan jedhan akka itti aanutti eerera: “Afoolli sadarkaa kutaa kudha tokkofi kudhalamaatti barattoota barsiisuu danda’u kanneen akka mammaaksaa, malleen dubbii, ciigoo, hibboo, durdurii, afwalaloofi seenessoo shaakala sadarkaa barattoota jiddu galeeffate wajjin

osoo dhiyaate; afoolan ogummaan afaanii arfan barsiisuu keessatti kan barattoonni hanqina guddaa irratti qaban adda baafachuun barabaachisaadha. Haaluma kanaan, barattoonni dubbisuufi barreessuu irratti bal’inaan hanqina waanqabaniifuu xiyyeeffanna dursaa osoo ogummaawwan kanneeniif kennamee”kanjedhuudha.

Akka yaada armaan oliirraa hubachuun danda’amutti, afoolan qabiyyee barnoota biroo kanneen akka ogummaawwan afaanii, caaslugaa, hiikaa jechootaafi qabiyyee afoolaa barsiisuuf akka mijatutti barannoon qoqqoodurraa afoola tokko dhiyeessuun gilgaalotan adda babbasee qabiyyeewwan kanneen akka barattoonni shaakalan taasisuun kan mijatu ta’uudha. Shaakalli gilgalootan walqatanii dhiyaatan kanneen akka madallii, haalagahuumsaan xinxaallifi gochaan agarsiisii ta’an filatamoo akka ta’an mul’isa. Kana malee, ogummaalee afaanii arfan keessaa dubbisuufi barreessuuf dursi kennamuu akka qabu agarsiisa.

4.3 Qaaccessa Odeeffannoowwan Afgaaffiidhaan Barattoota Afaan Oromoo Mana

Barumsa Qophaa’ina Baantuufi Tajii Irraa Argame

Odeeffannoowwan afgaaffiidhaan barattoota kutaa kudhatokkofi kudhalamaa mana barumsa qophaa’ina Baantuufi Tajiiirraa argamee bifa itti aanu kanaan qaaceffamuun dhiyaate. Afgaaffii gaafatamaniif barattoonni kutaa kudhatokkofi kudhalamaa deebii kennaniiru. “A” barattoota kutaa kudhatokkoo kan bakka bu’u yoo ta’uu “B” immoo barattoota kutaa kudhalamaa bakka bu’a.

Barattoonni afoola barachuurratti fedhii qaban gaafatamanii akka itti aanutti deebisan. Yaada kana ilaalchisuun barattoonni “A”akka itti aanutti ibsan: “ Afoolli kitaaba barnoota afaan Oromoo kutaa kudhatokko keessa jiruun boqonnaalee keessatti argaman fedhii afaan barachuu walqabatee jiru akka dabaluu kantaasisuudha. Kunis bakka qabiyyeen afoolaa jiru hundatti hirmaannaa o’aatu jira. Haata’u malee, afoolonni kunniin ibsa bal’aafi baay’ina kan hinqabneedha”. Barattoonni “B” akka ibsanitti, “ Afoolli kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhalamaa keessatti boqonnaalee muraasa jalatti argama. Bakka afoolli jirutti hirmaannaan nidabala. Haata’u malee, afoola hawaasa keessa jiru waantoota adda addaa dhaloonni ammaa irraa barachuu danda’u bal’inaan kan jiran yoo ta’uu, kitaaba kana keessatti bal’inaan kan hinjirrefi kan jiranis ibsa gahaas of keessaa kan hinqabneedha”.

Akka yaada barattootaa kana irraa hubachuun danda'amuutti afoola barachuutti barattoonni kan fedhii qaban ta'uudha. Kanaaf immoo bifa bal'ina qabuun kitaabilee barnoota afaanii keessatti galuun akka qophaa'u kan barbaadan ta'uu mul'isa. Kana malees, afoola hawaasa keessa jiru walitti qabamee daree barnootaa keessattibarachuu kan barbaadan ta'uu agarsiisa.

Afoolli kitaaba barnoota afaanii keessatti wantoota garaagaraa ittiin barsiisuu/barachuuf akka oolu yaada hayyoonni kaasan irraa hubachuun danda'ameera. Afoola barachuu isaaniitiin faayidaa argatan ilaalchisuun barattoonni "A" akka itti aanutti ibsan: "afoola barachuun safuu, duudhaa hawaasa keessa jiru, eenyummaafi beekkumsa durii hawaasa keessa ture, fedhii kitaaba dubbisuu, hiika jechoota garaagaraafi gosoota afoola adda addaa akka barataniidha". Yaaduma kana ilaalchisuun barattoonni "B" akka ibsaniitti : "kitaaba keessatti dubbisuu, hiika jechootaa, malleen dubbii walaloo weedduu barreessuu afoolan waliqabsiisuun akka tooftaa garaagaraa barachuu kandandeessise akka ta'e".

Yaada olii kanarraa akkuma hubachuun danda'amutti, barattoonni afoola barachuun eenyummaa, duudhaa, safuu, beekumsa durii hawwasicha qabufi ogummaawan afaanii akka gabbifatan kan taasisseef ta'uu mul'isa. Kana malees, malleen dubbii kan itti baratan ta'uu agarsiisa.

Afoolan ogummaawan afaanii arfan, hiika jechootaafi caasluga ittiin barsiisuun fedhii barattoonni qabiyyeewwan kana barachuuf qaban kandabalu ta'uu boqonnaa lama jalatti ilaaluun danda'ameera. Yaada kana ilaalchisuun barattoonni "A" Afoolan barreeffama dhiyaate dubbisuun nama kan hawwatuudha. Mariin afoola irratti yeroo gaggeessa nama hinnuffisiisu. Afoolli jechoota hawaasni durattii irraa jalqabee kutaalee Oromiyaa garaa garaa keessatti itti gargaaramaa ture of keessaa waan qabuufuu hiikaa jechootaa garaagaraa akka baratamuuf haala mijataa qaba. Kana malees ergaa afoolan darbu hubachuuf bilchina sammuu barbaada. Kun immoo barattoonni gahuumsa hiikaa dhokataa ittiin argatan nigoonfachiisa. Caasluga ilaalchisee kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessatti afoolaan walqabsiisee waanti kaasuu kanhinjirre ta'uudha. Barattoota "B" afoolli kunniin ogummaawan afaanii kanneen akka dubbisuu, dhageeffachuu, dubbachuufi barreessuu bakka tokko tokkotti shaakala keessatti nijira. Haata'u malee, mariifi shaakala qabatamaan deeggaree dhiyeessuurratti hanqina kan qabuudha jedhu.

Akka yaada olii kanarraa hubachuun dannda'amutti, afoolan barchuu isaanitti bu'aa qabatamaa kanneen akka ogummaawan afaanii gabbifachuu, hiika jechootaa sirriifi dhokataa akka

hiikatan kan dandeessisu ta'uufi casualuga afoolan barsiisuuf akka tolutti kan hin qophoofne ta'uu mul'isa.

Afooliin walqabatee barnoonni yeroo dhiyaatu waanti hanqina qabu yoo keessa jiraate barnoonni sun waanta yaadameef argamsiisuu hindanda'u. Hanqina afoolan walqabatemu'atu ilaalchisuun barattoonni yaada kennaniin, Barattoonni "A" afoolli kitaaba keessa jiru ibsa deeggaramee kan dhiyaatee miti. Gilgaalonni jiran kan baaye'ee shaakalsiisuuf gargaaranii miti. Gama biraatin ogummaawwan afaanii arfan keessaa kan barattoonni caalmatti hanqina qabaniif xiyyeeffanna addaa hin kennine. Barattoonni ogummaawwan dubbisuufi barreessuu irraatti rakkoo kan qaban yoo ya'uu, kitaabileen kunniin keessatti ogummaalee kanaaf dursa kennuun bal'inaan ofkeessaa hinqaban jedhu. Barattoonni "B" afoolli kitaaba afaanii keessa jiran muraasa. Shaakala keessatti barattoonni akka afoolota hawaasa keessa jiran walitti qaban barreeffamaan akka dhiyeessan afeerurratti hanqinni jira.

Akka yaada oliirraa hubachuun danda'amutti gilgalooni afoolaan walqabatani jiran kan baay'ee hinshaakalsiifne ta'uu bara gahameera. Afoolli kitaabilee barnoota afaanii keessatti dhiyaatan akka ga'aa hintaanedha mul'sa. Kana malees, kitaabileen Afaan Oromoo kutaa kudha tokkofi kudhalamaa ogummaalee arfan keessaa barreessuufi dubbisuuf dursa kennuun kan hindhiyeessine ta'uun hubatameera.

Afoolan ogummaawwan afaanii, hiika jechootaa, caaslugaafi qabiyyeewwan afoolaa garaagaraa barsiisuu irrattii hanqina mul'atuuf yaada furmaataa ta'a jedhani barattoonni kan kaa'an kanneen armaan gadiiti. Yaada kana ilaalchisuun barattoonni "A" afoolli yeroo dhiyaatu baay'ina gosoota afoolaa keessaa kanneen ogummawwaniifi hiika jechootaa, caaslugaa, duudhaa, safuufi sirnoota adda addaa akka barsiisuu danda'aniin wal keessatti hammachiisun shaakala gahaa waliin dhiyaachuu qaba kan jedhaniidha. Barattoonni "B" boqonnaalee kitaabaa tokko tokkoo keessatti barannoon adda addaan osoo gargar hinbanee afoollifi ogummaawwan akkasuumas caaslugniifi hiikaa jechootaa wal keessatti akka baratamuun dhiyeessuu qaba. Kanaafiis, gosoota afoolaa keessaa kanneen akka dubbisaatti galuu danda'aniitti fayyadamuun bifa dubbisaan qopheessun barbaachisaa akka ta'e kaasu.

Yaada oliirraa hubachuun akka danda'amuutti, afoolan qabiyyee biroo barsiisuuf akka mijatuutti afoolli bal'inaan jiraachuu akka qabu; shaakalli gilgaalotaan walqabatani qophaa'an kan barattoota hirmaachisuu ta'uu akka qabuudha mul'isa.

4.4 Gabatee Mirkaneeffannaa Daawwannaa Daree mul'isuufi Qaaccessa Odeeffannoowwan Daawwannaa Dareetiin Argame.

Lak	Qabxiilee Daawwannaa	Safartuu	
		Kutaa 1ffaa	kutaa 2ffaa
1	Afoola fayyadamuu	Kankitaaba keessatti ‘barannoon’ jiran qofa	Kankitaaba keessatti ‘barannoon’ jiran qofa
2	Afoolli fayyadaman ogummaa afaanii, hiika jechoota, caaslugaafi qabiyyee afoolaa barsiisuuf mijataa?	Kan mijatuu miti.	Kan mijatuu miti.
4	Dhiyaannan afoolaa kan barattoota hirmaachisuudhaa?	Ni daangessa	Ni daangessa
5	Qabiyyeen afoolaa gosoota afoolaa walsimsiise dhiyeessaa?	Goorowwan afoolaa muraasa qabate.	Goorowwan afoolaa muraasa qabate.
6	Barsiisaafi barataan afoola yammuu baratan xiyyeeffannaa kennuu?	Kan kitaaba keessatti argamu qofa irratti hundaa’u.	Kan kitaaba keessatti argamu qofa irratti hundaa’u.
7	Barruleen barattootaa yaadannoo afoolaa of keessaa ni qabaa?	Yaadannoon afoolaan walqanatanii jiran gahaa miti.	Yaadannoon afoolaan walqanatanii jiran gahaa miti.

Qorataan xiinxala dhiyaannaa afoola kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kutaa kudhalamaa keessatti argaman qabiyyee wwan kanneen akka ogummaawwan afaanii, hiikaa jechootaafi caasluga ittin barsiisuuf mijachuufi mijachuu dhabuu haala qabatamaa jiru daree barnoo keessatti argamuun adda baafachuuf gabatee mirkaneeffannoo (safartuu) qopheeffate fayyadamuun odeeffannoowwan qorannichaaf barbaachisan walitti qabachuuf wayitii barnoota Afaan Oromoo keessatti yeroo afoolli barsiifamu kutaa kudhatokkofi

kudhalamaa qophaa'ina Baantuufi Tajii filatamanitti deddeebi'uun odeeffannoo dabalataa argachuu danda'eera. Daawwannaa kana keessatti qoratchi kan irratti bal'inaan xiyyeeffate tooftaa baruufi barsiisuu daree keessatti itti kenname osoo hin taane, afoolli kitaaba barnoota keessatti hammatameogummaawwan afaanii, hiikaa jechootaa, caaslugafi qabiyyee afoolaa ittin barsiisuufdhiyaachuufi dhiisuu isaa mirkaneeffachuufi. Dawwannaa manneen barnootaa lamaan irratti gaggeeffamerra qorataan waantoota armaan gadii adda baafateera. Dawwannaa kutaa kudha tokko keessatti gaggeeffame irraa qorataan kan adda baafachuu danda'e: Barsiisaan afoolatti kan gargaaramu bakka kitaabichi isa affeere qofatti akka ta'eedha; Afoolawwan barannoo keessatti dhiyaataniin irratti caala dhimma afoolaa yookin qabiyyee afoolaa irratti xiyyefachuun kanbarsiisaniidha.Kunis, Kitaabilee keessatti afoolli 'barannoon' daangeffamee iddoo muraasatti dhiyaachuun barsiisaan gilgaala jiru bira darbee qabiyyeewwan biraa akka ittiin hinbarsiifne kan daangesse ta'uudha. Barattoonni hirmaannaa kantaasisaniidha. Kun immoo afoolan barsiisuun barattoota keessatti kaka'uumsa guddaa kan uumufi hirmaannaa barattoota cimsuu akka danda'uudha. Gama barattootatiin yaadannoon barattootaafoolan walqabatee ilaaluun akka danda'ametti, gosoota afoolaa muraasa kan ofkeessaa qabuufi gilgaloota afoolan walqabatani jiraniidha. Yaadannoon isaanii kunis irraa mammaksota, hibboo, malleen dubbii fi ciigoo kan qabidha. Dawwanna mana baruumsa qopha'ina Baantuu (Guraandha 21, 2010)fi Mana baruumsa qopha'ina Tajii (Bitootessa 6,2010) gaggeeffame.

Dawwannaa daree barattoota kutaa kudhalamaa irraa ragaan argame akkuma mul'isutti, haalli dhiyaannaa afoolaa kandaangeffame bakkuma kitaaba barnootaa keessatti jiru irratti. Kana jechuun barsiisonni mana barumsa qophaa'ina Baantuufi Tajii kallattiin xiyyeeffannoo isaanii qabiyyee kitaabichaa irratti ta'uu agarsiisa. Bakka Afoolli jirutti hirmaannan barattootaa o'insa akka qabu daawwannaa kana irraa hubatameera.Yaadannoo barattootan walqabatee barattoonni mana baruumsa Baantuu gosoota afoolaa keessaa hibboo, mammaaksa, ciigoofi malleen dubbiin walqabatee yaadannoo isaanirra kan jiru yoo ta'u, yaadannoo barattoota mana baruumsa qophaa'ina Tajiirraa gosti afoolaa jiru ciigoofi malleen dubbii qofa. Daawwannaa mana baruumsa qopha'ina Baantuu (Guraandhala 8,2010)fi mana baruumsa qopha'ina Tajii (Guraandhala 7,2010) gaggeeffame.

4.5 Qaaccessa Odeeffannoo Sirna Barnootaa, Siilabasiifi Qajeelcha Barsiisaarraa Argame.

Akka odeeffannoon sirna barnootaa, silabasii, qajeelcha barsiisafi kitaabileen barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha tokkoofi kudhalamaa hariiroo isaanii jidduu jiru sakatta'uun argame mul'isutti, warreen kun walitti dhufeenyi isaanii qaawwa kanqabuudha. Akka sirna barnootatti waliigalaan kaayyoo barnoota afaanii kan kaa'udha. Kayyaa barnoota Afaanii ilaalchisee Sirni Barnoota Itoophiyaa (2009:9) akka ibetti, "in language the key skills would be speaking, listening, reading and writing". Akka yaada kanaatti, kaayyoon barattoonni afaan barataniin akka hojjachuu danda'aniif ogummaawwan afaanii arfan irratti gahumsa gonfachiisudha. Kaayyoo kana galmaan gahuuf meeshaaleen barnootaa qophaa'an ogummaawwan kanarratti gahumsa gonfachiisuun walqunnamtii, barattootaafi jireenya hawaasummaa garaagaraa keessatti akka itti fayyadamaniif haala kan mijeessu ta'uu akka qabuudha. Kana galmaan gahuuf kitaabni barnoota afaanii qophaa'u duudhaa, safuu, aadaa, seenaafi wantoota naannootti argaman irraa akka ta'an kaa'a. Kunis haalli dhiyaannaa qabiyyee kitaabilee barnootaa keessaa jiranii kaayyoowwan kana galmaan gahuu akka dandeessisutti qophaa'uu akka qaban kaasa. Kanaaf immoo silabasiin barnootaa akkataa qabatamaa afaan sanaan qophaa'uu akka qabuudha (Sirna Barnoota, 2009). Qophii kitaaba barnootaa sirna barnootaa bu'uura taasifachuun odeeffannoofi hubannoo ogummawwan afaaniifi malleen baruufi barsiisuu walsimsiisuun dhiyeessuu, tokkoon tokkoo boqqonaaleemata dureewwan akkamii keessatti akka dhiyaatan eeruufi shaakala akkamiin mata dureewwan kunnin akka raawwatan kallattii agarsiisa. Qajeelchi barsiisaas, kayyoo gooree barnootichaa galmaan gahuuf shaakalaafi gilgaaloota garaagaraa dhiyeessuufi meeshaalee deeggarsaa eeruun hojii barsiisaa tumsa.

Akkuma yaada oliirraa hubachuun danda'amutti akkataa sirna barnootaa keessatti taa'een kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti wantootanaannoorraa argaman, seenaa, sirna, duudhaafi safuu hawaasaa gidduu galeeffachuun boqonnaawwan kitaabilee keessatti kan hammataman yoo ta'ellee, haalli dhiyaannaa qabiyyeewwan kitaaba barnootaa keessatti argaman kaayyoo sirni barnootaatiin taa'e milkeessurratti hanqina kanqabaniidha. Kunis akkaataa qophii kitaabilee barnootaa kunniini keessatti qabiyyeen afoolaa dhiyaate 'barannoon' boqonnaa adda addaa keessatti adda bahee waan dhiyeeteefuu dhimma afoolaa barsiisuurra darbee bu'aan ogummaawwan afaanii barsiisuuf qabu laafaa ta'uu isaati. Kana malees gilgaalli barattoota hubannoo olaana qabaniif dhiyaatu ilaalchise Sirna Barnoota(2009:7)akka itti aanutti

ibse: “Higher-order skills, the curriculum should be taught in a way that engenders and promotes the development of application of knowledge, analysis, synthesis, evaluation and innovation. Students should develop critical thinking and creative thinking skills in the context of solving problems”. Akka sirni barnootaa jedhutti gilgaalonni afoolan walqabatanii kitaabilee barnoota afaanii kanneen keessatti kan hindhiyaanne ta’uu hubachuun danda’ameera.

Silabasii barnootattin walqabatee kutaa kudhatokkofi kudhalamaa qophaa’ee kan hinjirree ta’uu odeeffannoo Biiroo Barnoota Oromiyarraa gaafa (guyyaa 17/07/2010) argameen mirkaneeffachuun danda’amee jira. Gama Qajeelcha barsiisaanis, boqonnaawwan keessatti matadureewwan dhiyaachuu qabaniifi tooftaa akkamiin deeggaramuu akka qaban ni eera. Tooftaawwan eeraman kunniinis mala dimshaashaa, mala argannoo qajeelfamaa, mariigaree, mala agarsiisaa, mala gaaffiifi deebii, mala si’eessuu, mala daawwii, mala jechaafi gochaan dhiyeessuu, hojii gareefi qo’annoo fakkiiti (Qajeelcha Barsiisaa barnoota afaan Oromoo kutaa kudha tokkoofi kudhalamaa, 2012). Akkuma qajeelchi barsiisaa kunneen ibsanitti malleen akka marii garee, hojii garee, gaaffiifi deebii, si’eessituu, jechaa, gochaafi argannoon afoola ittiin barsiisuuf kan mijatan ta’uudha. Haata’u malee, kitaabilee barnootaa kanneen keessatti tooftaalee kanneenitti gargaaramuun afoola dhiyeessuu irratti hanqinni nijira.

Akkuma qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan oromoo kutaa kudha tokkoofi kudhalamaa bara (2005/2012) qopha’anii hanga ammaatti hojiiirra jiran irraa hubachuun danda’ametti, qajeelcha barsiisaa kunniin ibsi isaan afoola irratti kennan gahaa miti. Kana malees, fakkeenya fudhachuun ibsee hinagarsiisu. Fakkeenya qajeelcha barsiisaa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha tokkoffaa (2005/2012, fuula 19) barannoo 5, gilgaala 11, deebii “C” jalatti barattoonni walaloo sirba daboo kitaaba barataa keessaa sarara sararaan akka qaaccessan jedha. Akkuma fakkeenya kana irraa hubachuun danda’amutti, walaloo dhiyaate kana keessatti maaltu akka qaaceffamuufi haala kamiin akka qaaceffamu fakkeeniyifi ibsi kenname hin jiru. Kanaafuu qajeelcha barsiisaa kanneen keessatti afoolan walqabsiisuun ibsiifi fakkeenyi jiran gahaa akka hintaane mul’isa.

Boqonnaa Shan: Cuunfaa Argannoofi Yaboo

Boqonnaan kun kutaa lamattii qoodamee dhiyaate. Inni duraa cuunfaa argannoo yoo ta'uu ,inn lammaffaa immoo yaboodha.

5.1. Cuunfaafi Argannoo

Afoolli kitaaba barnoota afaanii keessatti haala dhiyaannaa garaagaraa hordofuun dhiyaachuu danda'a. Afoolli kitaabilee barnoota afaanii keessatti kaayyoo barnootichaa fiixaan baasuu keessatti gahee olaanaa qaba. Kanarraa ka'uudhaan kitaaba barataa barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kutaa kudhalamaa keessatti haala dhiyaannaa afoolaa irratti qorachuuf sakatta'iinsi kantaasifameedha. Qorataanis kana bu'uura taasifachuun “ xiinxala dhiyaanna afoolaa kitaabilee barataa barnoota Afaan Oromoo keessatti kutaa kudhatokkofi kudhalamaa kan giddugaleefate ” jedhurratti qorannoo gaggeesseera.

Haaluma kanaan odeeffannoowwan meeshaalee funaansa ragaa sadaniin walitti qindeeffamuun erga qaaceffamanii booda mala ibsuutiin hiikamaniiru. Odeeffannoo funaanuufis kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kudhalamaa bara 2005/ 2012 maxxanfamuun hanga ammaa hojiirra jiran qorannoof filatamaniiru. Qorannoo kana keessatti madda ragaalee kan sakatta'a dookimantii kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kudhalamaa, afgaaffii barsiisota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kudhalamaa barsiisan lama, barattoota kutaa kudhatokkofi kudhalamaa kudhanfi daawwannaa daree barnootaa afur ture. Barattoonni mala iddatteessuu kootaafi itti yaadetiin kanfilatamaniifi barsiisonni iddattoof filataman mala iddaattessuu itti yaadeetiini. Odeeffannoon sakatta'a kitaabilee gabatee mirkaneeffannoo dhiyaachuun ibsi itti kennameera. Odeeffannoowwan afgaaffiifi daawwannaa dareetiin argaman immoo jechaan addeeffamaniiru. Karaa biraatiinis, kitaabiileen wabiifi qorannoon namoota gara garaatiin adeemsifaman sakatta'a barruu firoommii qorannichaa keessatti yommuu wabeeffamuun dhiyaatan, boqonnaalee qorannoo shananuu keessatti mata dureewwan gurguddoofi xixiqqoon duraa duubaan galaniiru.

Haaluma kanaanargannoowwan qorannicha kanaa ta'an bifa itti aanu kanaan dhiyaataniiru.

1. Qaaccessa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkoofi kudhalamaa irratti dhiyaannaa afoolaa ilaalchisuun taasifame akka mul'isutti,akkaataan qabiyyeewwan afoola bu'uura godhatan ittiin dhiyaatan duraa duubaan kanqabiyyee bu'uureffatan, kanhawaasa

bu'uureffatan, kan ogummaa afaanii bu'uureffatan, kan afaan bu'uureffataniifi kan uunka bu'uureffatan ta'uun bira gahamee jira.

2. Haala dhiyaannaa gilgaalota afoolan walqabatani jiranirraa hubachuun akka danda'ametti, akka waa madaalan, gochaan akka agarsiisan, galumsaan hiika akka kennan akkasumas, gareen akka keessatti hirmaatanitti walsimsiisee dhiyeessuu osoo qabuu, kankitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkoofi kudha-lamaa keessatti kandhiyaatan garuu kan irratti xiyyeeffate, deebii afaanii kan barbaadan ,shaakala dhuunfaafi ibsa barattoonni akka kennan kangaafatan ta'uun hubatameera.

3. Qajeelchi barsiisaa akka eerutti afoolan ogummaawwan afaanii arfan, hiika jechootaa, caaslugaafi afoola akka qabiyyeetti barsiisuuf malleen filatamoo ta'an kanneen akka agarsiisaa, gaaffiifi deebii, marii, argannoo, sissi'eessuu, gochaan dhiyeessuufi hojii garee akka ta'an ibsamullee, kitaabilee barnootaa keessatti haala kanaan dhiyeessurratti hanqina qabaachuun bira ga'ameera.

4. Qabiyyeen afoolaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkoofi kudha-lamaa keessatti haalli itti dhiyaatan akkataa jijjirraa caaslugaatin hiika jechootaa, caaslugaa, ogummaawwan afaanii arfaniifi afoola adda qoqqodee barannoodhaankandhiyeesse yoo ta'uu, haala dhiyaannaa waliigaltee hordofuun hiika jechootaa, caaslugaafi ogummaawwan afaanii arfan afoolan barsiisuun akka danda'amutti dhiyeessurratti hanqina kan qaban ta'uun bira ga'ameera.

5. Haala dhiyaannaa qabiyyeewwan afaan tokkoffaa keessatti ogummaawwan afaanii arfani ilaalchisee dubbisuufi barreessuun xiyyeeffannoo dursaa kan barbaadaniifi dhaggeefachuufi dubbachuun kanitti aanan yoo ta'an, akkaataan kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudha-tokkofi kudha-lamaa keessatti itti dhiyaatan garuu, dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuufi barreessuu hordofuun kan qophaa'an ta'uu isaanii hubachuun danda'ameera.

5.2. Yaboo

Haala dhiyaannaa afoolaa kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kudhalamaa keessatti wantoonni xiyyeeffannoo barbaadan argannoo qorannichaa bu'uura godhachusun yaadonni furmaata ta'u jedhamanii yaadaman akka itti aanu kanatti dhiyaataniiru.

1. Qophii kitaaba barnoota afaanii keessatti afoolli dhiyaatufi ogummaawwan afaanii , hiika jechootaafi caasluga ‘barannoo’ adda addaa jalatti qooduun osoo hindhiyeessine afoola akka mataduree dubbisaatti yookan gilgaalota afoolan walqabsiisuun dhiyeessuunachikeessatti ogummaawwan afaanii, caaslugaa, hiika jechootaafi unkaalee afoolaa akka baratan osoo taasifamee gaariidha.
2. Yeroo kitaabileen barnoota afaanii qophaa’an caasluga, hiika jechootaafi ogummaawwan afaanii arfan xiyyeeffannoo walfakkaatun akka dhiyeessuuf mijatuuf ogeeyyii xiinqooqaafi fookiloorii keessatti hirmaachisuun osoo qophaa’ee gaariidha.
3. Qabiyyeen barsiifamu/baratamu yeroo dhiyaatu haala dhiyeenya afoolaaf malleen filataman kanneen akka agarsiisaa, gaaffiifi deebii, marii, xiinxala, sissi’eessuu, gochaan dhiyeessuufi hojii garee osoo ta’ee shaakala sadarkaa barattootaan walmadaalu akka madaalan, hiika galuumsaa akka kennaniifi gochaan yookan jechaan akka dhiyeessu danda’aniitti osoo dhiyaatee gaarii ta’a.
4. Qabiyyeewwan afoolaa kitaabilee barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkoofi kudhalamaa keessa jiran, haala dhiyaannaa waliigatee hordofuun qabiyyeewwan biroo wajjin walfudhachiisuun osoo dhiyaatee gaaridha.
5. Qorannoon qorataan mata duree kana irratti gaggeesse qorattoota biroof ka’umsa ta’uu waan danda’uuf, qorattoonni biroolleemataduree kana irratti dabalataan yoo qoratan akkuma “Quunceen walgargaartee Arba hiiti” mammaaksi Oromoo jedhu, bu’aan gama hedduun argamuudanda’a jedhee amana.

Wabilee

- Abarraa Nafaa. (1999). Afoola Oromoo Tuulamaa; Walaloo Geerarsa. Jildii- 8) ,qajeelcha qormaata Afaan Oromoo. Biiroo Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa: ManaMaxxansa Komershaalii.
- Abdurrahmaan Abdulqaadir.(2016). “Qaaccessa Afoolaa Ogummaa Afaanii gurguddoo Arfaanii Keesatti”waraqaa qorannoo digrii lammaffaa, Yuunvarsitii Finfinnee, kan hinmaxxanfamme.
- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa*: Qorannoo Hujoo. Finfinnee: Finfinne : Mega Printing Press.
- Andrzejewski,B.W.S.Plaszewicz,W.Tyloch.(1985).*Literature in African Languages*. Theoretical Issues and Surveys. Cambridge University press.
- Asaffaa Tafarraa.(1991). Wiirtuu.Jildii-4. Barruulee Waaltina Afaan Oromoo. Finfinnee: Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa.
- Bascom, W, R. (1965).*Four Functions of Folklore*. 1995. Inthe study of Foklore, Alan Dundes Englewood cliffs, NJ: prentice, Hall.
- Beekan Gulummaa.(2015).*Koomtoo*:Gooma Afoola Oromoo.Finfinnee,Oromiyaa.
- Ben-Amos, Dan and Kenneth S. Goldstein.(1975). *Folklore: Performance and Communication*. The Hague: Mouton and CO. N. V; Publisher.
- Best,J.W. (1977).*Research in Education*.New Jersey:Printice Hall,Inc .
- Birhanu Mathewos. (1999).*Fundamentals of literature*. Addis Ababa: University press.
- Brenes, N. (2005). *Analyzing an Oral Narrative Using Discourse Analysis Tools: Observing How Spoken Language Works*. Retrieved October 15, 2018 from<http://redalyc.uaemex.mx/pdf/447/4450/04.pdf>.
- Brumfit,J.C.(1986). *Literature and Language Teaching*.Oxford:Oxford University Press.
- Bukenya,R. (eds) .(1994).*Understanding Oral Literature*.Nairobi:Nairobi University Press .
- Canonici, Noverino N.(1996). *Zulu Oral Oral Traditions.Zulu Language and Literature*.Durban:University of Natal.
- Carter,R.(1991).*Language,Literature and Learner*.New York:Addison Wyesley LongMan Ltd.
- Cerezal, F. (1996). “*Foreign language Teaching Methods*”, in McLaren, N. and Madrid, D. (eds.)A Handbook for TEFL.
- Chinua Achebe .(2003). *Things Fall Apart*. A casebook.New York: Oxford University Press.

- Collie, J. and Slater, S. (1987). *Literature in the Language Classroom*. A research Book Ideas and activities. Cambridge: Cambridge University Press.
- Çubukçu, F. (2001). "Use of Poetry for EFL Purposes." (Unpublished Article). İzmir: Dokuz Eylül University.
- Cullen, P. (1994). *A Multimodal Approach in the Classroom for Creative Learning and Teaching*: New Literacies, New Learning. *Pedagogies: An International Journal*, 4(3), 164–195.
- Dastaa Dassaalenyi. (2015). "A Functional Study Of Tulama Oromo Prose Narratives" (unpublished PhD Thesis), Addis Ababa University.
- _____. (2013). *Bu'uura Qorannoo*. Finfinnee: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.
- Dorson, R. (1986). *Folklore and folklife; An Introduction*. Chicago: The University of Chicago
- Duff, A., & Maley, A. (1990). *Resource Book for Teachers: Literature*. Oxford : Oxford University Press.
- Duke, Charles R. (1984). *The Role of Reflection, Problem-solving and Discussion in the Teaching of Literature*. Paper presented at the 3rd Annual Meeting of the National Council of Teachers of English Spring Conference.
- Ebong, B. (2004). *The use of Indigenous Techniques of Communication in Language Learning*, www.qucosa.de/fileadmin/data/qucosa/.../ebong_indigenoustechniques.pdf (2004) (August 30, 2012)
- Eisenhart, C. (1990). *Five Components of Effective Oral Language Instruction*. Professional Development Serves for teacher.
- Elliot, R. (1990). Encouraging reader-response to literature in ESL situations. *ELT Journal*, 4(3), 191-198. <http://dx.doi.org/10.1093/elt/44.3.191>.
- Ethiopia Ministry of Education. (2009). *Curriculum Framework for Ethiopian Education*, (KG – Grade 12). Addis Ababa of Ethiopia.
- Fillion, Bryant. (1981). *Reading as inquiry: An approach to literature learning*. *English Journal*, 70 (1). 39-45.
- Finnegan, R. (1970). *Oral Literature in Africa*. Nairobi: Oxford University Press.
- _____. (1976). *Oral Literature in Africa*. Oxford: Oxford University Press.
- _____. (1992). *Oral traditions and the verbal arts: A guide to research practices*. London and New York: Routledge Publishing Company.
- Fiqaaduu Birruu. (2007). "Qaaccessa Mammaaksaa: Ijoolleefi Ijoollummaa" Waraqaa Qorannoo Digrii Lammaffaa , Yunivarsiitii Addis Ababaa , Kan hinmaxxanfame.
- Gemechu Bekele. (2001). *A Study of Major Themes in Game Selected Songs of Ifinessh*

- Keno*.(Unpublished MA thesis), Addis Abeba University.
- Hill,J.(1986). *Using Literature in Language Teaching*.London : Macmillan Publishers Ltd.
- Ibson,E.(1995). *The Double Role of Fiction in Foreign Language Teaching To Ward a creative*.
- Jaarraa, W.fi Wasanee Bashaa.(2008). *Bantuu Haaraa, seerlugaafi ogbarruu Afaan Oromoo*.
Finfinnee: EMAY Printer.
- Koul,L. (1988).*Methology of Educational Reseach*. Delhi: Vikas Publishing house Pvt.Ltd.
- Lauritzen,Carol.(1980). *Oral Literature and The Teaching of Reading*. International Reading
Association.
- Lazar,G.(1993). *A Literature and Language Teaching: A guide for Teachers and Trainers*.
Cambrigde: Cambrigde University press.
- Lenore, K.L. (1993). *The Creative Classroom A Guide for Using Creative Drama in Classroom*.
U.S.A.: Elsevier, Inc.
- Lewis, M. (1997a): “*Pedagogical Implications of the Lexical Approach*”, (eds.): *Second
Language Vocabulary Acquisition. A Rationale for Pedagogy*.Cambridge:
Cambridge University Press.
- Malimo S .(2009). *An oral literature Course Book*. Nairobi: The National Educational Services.
- Mckay,S.(1986). *Literature in Language Class Room*:In Brumfit, C.J.and R.A.Carter (eds)
- McMahan Elizabeth,Susan Day,Robert Funk.(1986).*Literature and the Writing Process*. New
York: Macmillan Publishing Company.
- McRae, J. (1991). *Literature with a Small ‘l’*. London & Basingstoke: Macmillan
- Melakneh Mengistu.(2006).*Fundamentals of Literature for Colleges*.Addis Ababa:Commercial
Printing Enterprise.
- Ministeera barnoota Itoophiyaa .(2005). *Qajeelcha Barsiisaa*: kutaa 11. Mk: Setting anew
Trend in book Publishing.
- Ministeera barnoota Itoophiyaa.(2005). *Qajeelcha Barsiisaa*: kutaa 12. Mk: Setting anew
Trend in book Publishing.
- Ministeera barnoota Itoophiyaa. (2005). *Barnoota Afaan Oromoo*: Kitaaba Barataa ,
kuta 11. Mk: Setting anewTrend in book Publishing.
- Ministeera barnoota Itoophiyaa.(2005). *Barnoota Afaan Oromoo*: Kitaaba Barataa ,
kuta 12. Mk: Setting anewTrend in book Publishing.
- Mulgeetaa Nagaasaa .(1999). *Wirtuu*.Jildii-8.Barruulee Qormaata Waaltina Afaan Oromoo.
Finfinnee:Biiroo Aadaafi Turizimii Oromiyaa.

- National Council for Curriculum and Assessment (NCCA).(2007). *Assessment in the Primary School Curriculum: Guidelines for Schools*. Dublin, NCCA.
- Naughton, D. (2004) .*The Cooperative Organisation of Strategies for Oral Interaction in the English as a Second Language Classroom*. Unpublished Doctoral Dissertation. University of Granada.
- Nijoroge, H. N. (1994). *The Riddle*. In Austin Bukenya et al. (eds.). Understanding oral literature. Nairobi: Nairobi University Press, 49-63.
- Nuttal,C.(1982).*Teaching Reading Skills in a Foreign Language*.London:Heinemann Educational Books.
- Okpewho,I.(1992). *African Oral Literature: Background Charecter and countinuty*: Bloomington and Indianapolis:Indiana University press.
- Parkinson, B. and Thomas H. R. (2000). *Teaching Literature in a Second Language*. Edinburgh: Edinburgh University Press Ltd.
- Pinar, B. (2017). “Literature in Language Class Room (theory)”in Journal of Education. Torolbo. P p 4-5.
- Pinter, A. (2006). *Teaching Young Language Learners*. Oxford: Oxford University Press.
- Rai,A .(2012).*Use of Literature in Teaching English* .Technocrats Institute of Technology, Bhopal,M.P.,India.
- Richards and Rogders.(1986).*Approaches and Methods in Language Teaching*. Cambridge: Cambrigde University press.
- Rodgers and Richards. (2001).*Approaches and Methods in Language Teaching*. Cambridge: Cambrigde University press.
- Saktihivel,V.and Karidha N.(2010).*Language and Literature*. (from:[http://www.Languageinindia.com/July 2016/karidha.Literature pdf](http://www.Languageinindia.com/July%202016/karidha.Literature%20pdf)) .
- Sanz, M, & Fernández, C. (1997). *Principios Metodológicos de los Enfoques Comunicativos*. Madrid: Fundación Antonio Nebrija.
- Sarıçoban, A. (2004). *Using Drama in Teaching Turkish as a Foreign Language*. Eurasian Journal of Educational Research, 14, 13-32.
- Shang, H .(2006). *Content-based Instruction in the EFL Literature Curriculum*. Retrieved September 15, 2010, from <http://www.isu.edu.tw/english>.
- Shirley, Fehl L. (1983). *Critical reading that makes a difference*. Paper presented at the 50th Annual Meeting of the Claremont Reading Conference.
- Silberstein,S.(1994). *Techniques and Resourses in Teaching Reading*.Oxford: Oxford University

- press.
- Silberman.(1996).*Research Method in Language Learning*. Cambrigde: Cambrigde University press.
- Skehan, P. (1998). *A Cognitive Approach to Language Learning*. Oxford: Oxford University Press.
- Stern, H. (1983).*Fundamental Concepts of Language Teaching*. Oxford: Oxford University Press.
- Tanner, R. (2001a). “Teaching Intelligently”, in *English Teaching professional*.
- Tesema Ta’a. (2002). *Oromo Traditional Songs*. In Catherine Griefenow-Mewis/Tamene Bitima (eds.) *Oromo oral poetry: seen from within*. Kolen: Rudiger Koppe verlag, 13-40.
- Tucker, E. (2008). *Children’s folklore: a handbook*: London. Greenwood Press.
- Victor.D. (2009).*Research Design and Methods for studying Culculture*.NewYork: Altamira
- Wasanee Bashaa. (2008).*Bantuu haaraa caaslugaa fi ogbarruu Afaan Oromoo*: Finfinnee EMAY:printer.
- Willis, J. (1997). *A Framework for Task-based Learning*. Essex: Longman.
- Wright,M.H. (1961) . *Oral Tradition*.Chicago: Aldine Publishing Company
- Yule, G. (2006).*The Study of Language*,(3rd ed).Cambrigde: Cambrigde University press.
- Zdybiewska, M.(2004).*How to use folktales in classroom*.http://elt.britcoun.org.pl/elt/m_howto.htm (August 28, 2012)
- በዲሉ ወቅጅሬ፣ (1996)፣ በስነጽሁፍናንቋንማስተማር፣ ኦሲስከበባ፣ ንግድማተሚያድርጅት።

Dabaleewwan

Dabalee “A”

Yunivarsiitii Finfinnee, Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa Joornaaliziimiifi Sabquunnantiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Gabatee Mirkaneeffannoo (checklist) Faca’iinsa Afoolaa kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11fi 12 Keessatti Argamanii Mul’isu

T/1	Gosoota Afoolaa	Mata duree afoolli kun jalatti argamu	Haala dhiyaannaa				Fuula
			afaan bu’uureffate	ogummaa afaanii bu’uureffate	akka qabiyyetti	hawaasaa bu’uureffate	
1	Sirba gaa’elaa						
2	Tapha Ijoollee						
3	Eebba						
4	Mammaaksa						
5	Jechama						
6	Geerarsa						
7	Weedduu Jaalalaa						
8	Sirba Jaalalaa						
9	Hiibboo						
10	Oduu Durii						
11	Ciigoo						
12	Malleen Dubbii						
13	Mammaaksa						
15	Faruuwwan garaagaraa						
16	Kan biroo yoo jiraatan						

Gabatee Mirkaneeffannoo Afoolaan Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 11fi 12 Keessatti Ogummaa Afaanii, Caas lugaafi hiikaa jechootaa Barsiisuuf Dhiyaachuu Agarsiisu

Lakk	Gosoota afoolaa	Ogummaa afaanii				Caaslugafi Hiika jechaa		Kutaa	
		Dubba chuu Barsiis	Dhagee ffachuu barsiis uu	Barrees suu Barsiis	Dubbis uu barsiis uu	Caaslu ga	Hiika jechaa	11	12
1	Sirba gaa'elaa								
2	Tapha Ijoollee								
3	Eebba								
4	Mammaaksa								
5	Jechama								
6	Geerarsa								
7	Weedduu Jaalalaa								
8	Sirba Jaalalaa								
9	Hiibboo								
10	Oduu Durii								
11	Ciigoo								
12	Malleen Dubbii								
13	Mammaaksa								
15	Faruuwwan garaagaraa								
16	Kan biroo yoo jiraatan								

Gabatee Mirkaneeffannoo haala Afoolli gilgalootan dhiyaate Kitaaba Barnoota Afaan Oromoo Kutaa 11 fi 12 keessatti agarsiisu

Lakk	Gosoota Afoolaa	Mata duree gilgaalonni afoolaa jalatti argaman	Fuula	Haala Gigaloonni itti dhiyaatan						Kutaa	
				Gilgaala afaaniin deebi'an	Gilgaala hojii dhuunfaa	Gilgaloota hojii garee	Gilgaala madaallii	Gilgaaladeebii Galuumsa	Gilgala gochaa	11	12
1	Sirba gaa'elaa										
2	Tapha Ijoollee										
3	Eebba										
4	Mammaaksa										
5	Jechama										
6	Geerarsa										
7	Weedduu Jaalalaa										
8	Sirba Jaalalaa										
9	Hiibboo										
10	Oduu Durii										
11	Ciigoo										
12	Malleen Dubbii										
13	Mammaaksa										
15	Faruuwwan garaagaraa										
16	Kan biroo yoo jiraatan										

Dabalee “B”

Yunivarsiitii Finfinnee, Kolleejjii Namoomaa, Qorannoo Afaanotaa Joornaaliziimiifi Sabquunnantiitti Muummee Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Qaaccessa Odeeffannoowwan Afgaaffiidhaan Barsiisota Afaan Oromoo Mana Barumsa Qophaa'ina Baantuufi Tajiitiif Qophaa'u

1. Afoolli kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti haala kamiin dhiyaatee?
2. Afoolli kitaaba barnoota barataa Afaan Oromoo kutaa 11fi kutaa 12 keessatti dhiyaatan silabasiifi qajeelcha barsiisaa wajjin haalli walsimaannaa isaanii maal fakkaataa?
3. Kitaaba Afaan Oromoo Kutaa 11fi 12keessatti qabiyyeen afoolaa dhiyaatanirraa waan barsiisuuf isin gargaaran hammachuurratti maalfakkaataa?
4. Haalli dhiyaannaa Afoolaa kitaabilee Kutaa 11fi 12 keessatti dhiyaatan hanqina akkamii qabuu?
5. Haalli dhiyaannaa afoolaa kitaabilee barnootaa keessatti akkamitti yoo dhiyaate fooyya'aadhaa?

Yunivarsiitii Finfinnee,Kolleejjii Namoomaa,Qorannoo Afaanotaa Joornaaliziimiifi Sabquunnantiitti Muummee Afaan Oromoo,Ogbarruufi Fookloorii

Qaaccessa Odeeffannoo Afgaaffii Barattoota Kutaa kudhatokkofi Kudhalamaa Baantuufi Tajiitiif Qophaa'e.

1. Afoola kitaaba barnoota Afaan Oromoo kutaa kudhatokkofi kudhalamaa keessaa jiru barachuurratti barattoonni fedhii akkamii qabu?
2. Afoola kitaaba barnoota Afaan Oromoo keessan keessatti argamu barachuu keessaniin haara maal argattan?
3. Kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa keessanii Afoolaan ogummaa afaanii gurguddoo (dubbachuu, dhageeffachuu, barreessuu, dubbisuu, Caaslugaafi hiikaa jechootaa) akka barattaniif haala mijataa akkamii qaba?
4. Afoolan walqabatee kitaabni barnoota Afaan Oromoo kutaa keessanii keessatti hanqina akkamii jira?
5. Afoolli kitaabilee barnoota Afaan Oromoo keessatti haala kamiin osoo jiraatee wayya jittanii yaaddu?

Dabalee “C”

Gabatee Odeeffannoowwan Daawwannaan Daree Ittin Gaggeefamu

Lak	Qabxiilee Daawwanna	Kutaa	
		Kutaa 11	kutaa12
1	Afoola fayyadamuu		
2	Afoolli fayyadaman ogummaa afaanii, hiika jechoota, caaslugaafi qabiyyee afoolaa barsiisuuf mijataa?		
4	Dhiyaannan afoolaa kan barattoota hirmaachisuudhaa?		
5	Qabiyyen afoolaa gosoota afoolaa walsimsiise dhiyeessaa?		
6	Barsiisaafi barataan afoola yammuu baratan xiyyeeffannaa kennuu?		
7	Barruleen barattootaa yaadannoo afoolaa of keessaa ni qabaa?		

Waraqaa Mirkaneeffannaa

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhunfaa kootii ta'u isaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa Qorataa _____

Mallattoo _____

Guyyaa _____